

**QAACCEESSA HARIIROO NYAANNI AADAA SIRNOOTA
WAJJIN QABU: HAALA AANAA HORROOTTI**

FIQAADUU JABBEESSAA

**UNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII**

HAGAYYA 2011

FINFINNEE

QAACCEESSA HARIIROO NYAANNI AADAA SIRNOOTA
WAJJIN QABU: HAALA AANAA HORROOTTI

FIQAADUU JABBEESSAA

GORSAAN: Dr. TAADDASAA JAALLATAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSISUUN GAMISAAN
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKILOORIIF DHIYAATE

UNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII

HAGAYYA 2011

FINFINNEE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

DHAABBATA DIGIIRII DURAATIIN BOODDEE

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Fiqaaduu Jabeessaa Fufaa mataduree: *Qaaccessa Hariioo Nyaanni Aadaa Sirnoota Wajjin Qaban: Haala Aanaa Horrootti* jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yuuniivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koreen Qomaataa

Qoraa Alaa_____	Mallattoo_____	Guyyaa_____
Qoraa keessaa _____	Mallattoo_____	Guyyaa_____
Gorsaa_____	Mallattoo_____	Guyyaa_____

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa

Axareeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa, Hariiroo nyaanni aadaa Godina Horroo Guduruu Wallagaa Aanaa Horroo Sirnoota Wajjin Qaban, qaaccessuudha. Haaluma kanaan, akkaataa qophii nyaata aadaa, hariiroo nyaanni aadaa sirnoota waliin qabu, faayidaa nyaanni aadaa dhala namaatiif qabu, faaruwwaaniifi eebba yeroo sirni tokko gaggeeffamu jedhamu as keessatti ilaaluu ta'a. Qorannoon kun yommu gaggeeffamu, ija yaaxina aadaafi ija yaaxina aadaa bu'uureffate (folk cultural and cross cultural) kanneen jedhamaniin ilaalame. Malli qorannoon kun itti gaggeeffame mala qulqullinaa (qualitative) yoo ta'u, toftaaleen iddatteessuu qorannichaammoo iddatteessuu akkayyooti. Maloonni funaansa ragaalee hojiirra oolan daawwannaafi af-gaaffiidha. Nyaanni aadaa sirna tokko keessatti barbaadamu sirna biroo keessatti hinbarbaadamu ta'a. Nyaanni erga hojjetamee yeroo dheeraaf turuu danda'u akkuma jiru, nyaanni hojjetamee yeroo gabaabaa keessatti hinnyaatamiin yoo hafe, akka baduu danda'us bira ga'ameera. Nyaanni aadaa kan qopheeffamu sirna tokko ykn ayyaana tokko sababeeffachuun malee, callisee hinqopheeffamu. Nyaanni aadaa hedduun isaa yeroo qopheeffamu, dhadhaan biraa kan hinhafne ta'uu qorannoo kana keessatti yaada furmaataa ta'uu danda'a kan jedhame qoratichaan kaahameera. Kunis, nyaanni aadaa uummata Oromoo biratti beekamoon hedduutu jiru..

Galata

Dursa waaqa Kanaan na ga'e galateeffachaa, itti aansuun, gorsaa koo Dr. Taaddasaa Jaallataa dadhabe, nuffe otoo hinjedhiin rakkina na mudatteraan kan ka'e abdi kutadhee akkan duubatti hindeebineef na cinaa bu'anii na gorsuufi na jajjsabeessun deeggarsa ogummaa naaf taasisuun dogoggoroota adda addaa waan naaf sireessaa turaniif, bay'ee guddaan isaan galateeffadha.

Haaluma walfakkaatuun, akkan ani barumsa kana baradhuuf yeroodhaa yerootti nama na onnachiisaa, na jajjabeessaafi hamilee guddaa natti horaa ture B/saa Geetaahuun Nugusaa baay'ee guddaan galateeffadha.

Dhumarrattis, ijoollee koo Leellisee Fiqaaduufi Leensaa Fiqaaduu hiriyyoottan isaanii Mihiret Margaafi Nadhii Ambassoo waliin ta'uun, gadda koofi gammachuu koo na duukaa hirmaachaa waaqaa qorannoo kana dadhabne, nuffine otoo hinjedhiin, hirmaatanii kompiitaraan naaf barreessuu isaaniif, akkasumasimmoo, fiixaan bahinsa hojii kanaaf odeeffannoo adda addaa naaf kennuun warra deeggarsa naaf taasisan hundaaf yoomiyyuu galanni koo guddaadha.

YAADANNOO B/TTUU SIIFAN FIQAADUUF

Jiruufi jireenya koo keessatti qorumsa biyya lafaa hamaa ta'e na mudachaa ture irraan kan ka'een carraa barumsaa kana argadhee barachuun nan xumuradha jedhee otoo hinabdatiin, rakkoo hawwaasummaa adda addaa na mudachaa ture na dandamachiisee keessa na dabarsuun sadarkaa kanarraan nag'auu isaaf Waaqni Uumaan haa ulfaatun jedha. Haata'u malee, anaafi mucaa koo abdiin maatii koo hundaa taate waliin gara yuuniveersiitii isheen barachuuf ramadamteetti otoo deemaa jirruu, balaa konkolaataa gaafa Amajji 04/2011 nurra gaheen, anaan qaama koo bakka adda addaa irra balaan cimaa gahee, lubbuun hafuu danda'us, madaa sammuu hinqoorreefi jiruufi jireenya koo keessatti kan akka abidda doddotaa na gubaa hafe du'a mucaa koo ishee akka hiriyyoottan ishee barattee iddoo hingahin karaatti na duraa hafteetti. Maalingodha, maaliin dubbadha? Anoo ganaan umurii guutuun gubadha. Daawwuun koo akkan baradhee xumuradhu haadha taatee otoo na jajjabeessituu, bakkan deemutti halkaniifi guyyaa waa na duraa ta'a jettee otoo na tiksituu, akka haadhaatti beela koo, dheebuu koo, daara koo, nagaan bahuufi nagana galuu koo otoo na hordoftuu, ofiisheef eenyuun caalaa waaqa ishee amanatee otoo abdattuu, halkaniifi guyyaa jilbeeffatee otoo kadhattuu, na tiksa jettee kitaaba qulqulluu otoo of harkaa hinbuusiin qabatee otoo deemtuu, anaan dhiisee, inni mucaa koo ishee cubbuu hinoolle na irraa adda baase maanni? Gochi suukanneessaan akkasii kan eenyuuti laata? Kan Waaqaamoo kan seexanaa. Yoo Waaqayyo ta'e, maal balleessite laata? Yoo seexana ta'e, humni isaa kan Waaqayyoo caale laataa?

Hiikti kanaa maal akka ta'e yoo naaf galuu baatullee, waanuma argeefiyyuu, Waraqaan Eebbaa koo kun WARAQAA YAADANNOO DAAWWINAAS / SIIFAN naaf haa ta'u jechaa, karaa Waaqa isheen amanatee ammoo akka qulqullina isheetti inni bakka gaarii qulqullooni taa'an akka naaf kaa'u abdiin qaba.

Ah! Maalin jedha, maalin dubbadha?

Umurii koo guutuu an ganaan gubadha

Duuti kee natti ta'ekaa abidda doddotaa

Eessattuu, yoomiyyuu gubee na qaqaammata.

Daawwuu koo ishee qaxalee

Mariin keenyi ni fashale.

Atoo anaaf yaadda

Anoo siifan yaada

Hamaan garuu nutti aada

Kaayyeffatee kaayyoo diinaa.

Haata' uyy malee,

Yoo kaayyoon fashale,

Hawwi at naaf qabdu an galmaan gaheera

Gammachuun eegamus gadda naaf ta'eera,

Akka at caalchistu Waaqa isa jiraataa

Siin fudhachuu baannaan maal abdanna laata?

Akka akkas siif ta'u, Waaqa siif kadhanna

Kan kanaatiin achii, nuti maal abdanna?

Daawwuu koo ishee qaxlee

Kaayyoon keenya fashale.

Waaqxi lubbuu kee naaf haamaaru

Siinan jedha abbaan kee otoon aaruu.

Jibsoo (Hiika jechootaa barreeffama waraqaa qorannoo kana keessatti fayyadan)

Abshiloo – buddeen furdaa akka daabbootti tolfamee farsoo naquuf ykn haraqee baasuuf oolu.

Akaayii koshoo – akaayii gogaa, dhadhaa malee.

Akaayii qorii – dhodhoobboo, akaayii dhadhaa waliin wal makame

Al tokko – si’a tokko, yeroo tokko

Ateetee_ ayyaana dubartootaa

Bacaqii – dhoqqee corroqaan makaa.

Beeddee – gosa eelee ta’ee isa gidduu taa’u.

Boojjitoo – sochoostuu marqaa, meeshaa mana keessaa.

Bulbulaa dammaa – gosa dhugaatii geeshoo malee dammarraa hojjetamu.

Cororsaa – baqsaa dhadhaa.

Cumboo -- nyaata bukoo xaafii kof jedhe irraa akka daabbootti tolfamee baaduu furdaa fi cororsaa waliin dhiyaatu.

Dhalaaye – foolii jijjirrate, faayidaa ala ta’e.

Dhibaayyuu – kabajaa ayyaana tokkoof gosa dhugaatii aadaa irraa dhangalaafamu.

Dhiitoo – gosa dhukkubaa qaama namaarrattii dhullaa caalaa dhiitahudha.

Finxira – waliigalteen tokko erga raawwatamee booda gosa dhugaatii namootaaf dhiyaatu.

Fura – marga gogaa otoo hinhaamamiin bakkee jiru.

Fure – gargaare; aara galfachiise; boqonnaa fudhachiise; rakkina qise

Gufuufi gufaata – rakkina, danqaa.

Harka qullaa – otoo waan tokko hinqabatiin

Hunkuroo – daakuu barseessamee eelerratti hammacamuufi farsoo naquuf tajaajilu.

Jikita—farsoo furdaa, bishaaniin qal’suu kan barbaachisu

Kittii – wayyaa yeroo mara hinuffatamne.

Maasharoo – meeshaa mana keessaa kan dhadhaan keessatti baqfamu.

Qola – uwwisa miidhaanii, firii waan tokkoo kan haguugee jiru

Qiraacii – suphee cabaa.

Qufaa – utaalloo gogaa nama qufaasisu, qakkee.

Raacatii – Bukoo bukaahee (walnyaatinsa gaggeessee) fixate.

Ramacii—barbadaa abiddaa

Sataattee – gosa distii ta’ee meeshaa guddina qabu.

Taaboree—ayyana ijoollee

Ulama – aarri itti aarsama.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axareeraa	i
Galata	ii
Jibsoo (Hiika jechootaa barreeffama waraqaa qorannoo kana keessatti fayyadan).....	v
Baafata Suurawwanii	x
Boqonnaa Tokko: Seensa.....	1
1.1 Seen-duubee	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa	4
1.3 Kaayyoo Qorannichaa	5
1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa	5
1.3.2 Kaayyoowwaan Gooree.....	5
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa	5
1.5 Daangaa Qorannichaa.....	6
1.6 Hanqina Qorannichaa	6
1.7 Haala Qabatamaa Aanichaa.....	6
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu	9
2.1. Nyaata Aadaafi Sirna.....	9
2.1.1 Gosoota Nyaata Aadaa Oromoo	15
2.1.2 Sirnoota.....	19
2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii	19
2.3. Yaaxina Qorannichaa	22
2.3.1. Yaaxina Aadaa (Folk Cultural Theory)	22
2.3.2. Yaaxina Aadaa Bu'uureffatee (Crooss Cultural Theory)	23

Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa	27
3.1. Mala Qorannichaa (Akkamta/Qualitative Research)	27
3.2. Madda Ragaa Qorannichaa.....	27
3.3. Iddattoofi maloota Iddaatteessuu	28
3.3.1. Iddattoo akkayyoo	28
3.3.2. Iddattoo Darbaa Dabarsaa.....	28
3.4. Mala funaansa odeeffannoo.....	28
3.4.1. Af-gaaffii	28
3.4.2. Daawwannaa.....	29
3.5. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo	30
3.6. Namuusa Ogummaa	30
3.7. Mala Qaacceessa Ragaa.....	31
Boqonnaa Afur: Qaacceessa Ragaalee	32
4.1. Qaacceessa Gosoota Nyaata Aadaa Oromoo Aanaa Horroo.....	32
4.1.1. Cumboo	32
4.1.2. Cuukkoo.....	33
4.1.3 Marqaa.....	35
4.1.4 Caccabsaa	36
4.1.5 Akaayii.....	37
4.1.5.1 Akaayii Koshoo.....	37
4.1.5.2 Qorii	38
4.1.6 Daabboo.....	40
4.1.6.1 Daabboo Ukkaamsaa.....	40
4.1.6.2 Daabboo Mulmulii	41
4.1.6.3 Daabboo Cuuphaa	42

4.1.6.4 Daabboo Daaraa Masqalaa	43
4.1.7 Tumaa Nuugii	45
4.1.7.1 Akkaataa Hojii Tumaa Nuugii	46
4.1.7.2 Weedduu Tumaa Nuugii	46
4.1.7.3 Tumaa Nuugii Kabaja Sirna Jaarii Kosiif	48
4.2 Qaaccessa Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirnoota Waliin Qabu	49
4.2.1. Hariiroo Nyaanni Aadaa Oromoo Sirna Fuudhaafi Heerumaa Waaliin Qabu.....	50
4.2.2. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Masqalaa Waliin Qabu.....	56
4.2.3. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Shananii Dubartootaa Waliin Qabu	60
4.2.4. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Taaboree Waliin Qabu	63
4.2.5. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Ateetee Waliin Qabu.....	67
4.2.6. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Faasikaa Waliin Qabu	73
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo (Yaada Furmaataa).....	77
5.1. Cuunfaa.....	77
5.2. Argannoo	78
5.3. Yaada furmaataa (Yaboo).....	80
Wabilee	82
Dabaleewwan	85

Baafata Suurawwanii

Suura (1) Kaartaa Aanaa Horroo	8
Suur (2) Akaayii Koshoofi Tumaa Nuugii argisiisu	48
Suura (3) yommuu ibsaan Masqalaa gubamu agarsiis.....	59
Suura (4) Cororsaa guyyaa ayyaana Taaboree.....	67

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1 Seen-duubee

Boqonnaan kun haalduree qorannoo kana irratti kan xiyyeeffatu yommu ta'u, innis kan of jalatti ammateeru ka'umsa, xiyyeeffannoo, kayyoo, barbachisummaa, daangaa, hanqinoota mudataniifi bu'aa eegamu ta'a. Seenduubee qorannichaa yoo ilaallu, Uummanni Oromoo aadaafi afoola isaa afaaniin dhaloota irraa dhalootatti dabarsaa ture, har'as dabarsaa jira. Mallattoon eenyummaa, aadaan jiruufi jireenyaafi beekumsa hawaasni bu'uuraan qabu keessaa inni tokko fokiloorii isaati. Fokiloorii isaatiin, beekumsa, dandeettii, falaasamaa fi qaroomina aadaa isaa dabarffachaa, jiruufi jireenyaafi, dhaloota qajeelchaa jaarraa lakkaa'aa dhufeera. Fokilooriitiin sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seera, fallaasama, hooda, beekumsa, safuufi duudhaa isaa, dimshaashumatti, ilaalcha ardiilee addunyaa keessa jiran kanaaf qabu barreeffamaan otoo hintaane, afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan ittiin dabarsuuf gargaaramu dame aadaa saba tokkooti. Akkasumas, eenyummaa, aadaa, jiruufi jireenya, qaroominaafi beekumsa uummanni bu'uuraan qabu keessaa inni tokko afoola isaati. Afoolatti fayyadamee, sabni tokko eenyummaa, amantaa, haala jiruufi jireenyaa, falaasama, duudhaafi safuu isaa afaan isaatiin dhaloota irraa dhalootatti kan ittiin dabarsuuf gargaamu keessaa tokkodha. Afoolli hawaasa Oromoo haala jiruufi jireenyaa, haala uffannaa, haala nyaataafi akkaataa jireenya hundaa dabalata.

Haaluma wal fakkaatuun, nyaanni aadaa adda addaa kan uummata Oromoo sirnoota aadaa Oromoo waliin walitti hidhatiinsa ykn hariiroo guddaa qaba. Kan kana jedhameef maaliifi? otoo jedhamee, sirni kamiyyuu ummaticha keesaatti ummatichaan yommu raawwatamu, dhangaa ykn nyaata aadaa malee hingaggeeffamu. Uummanni Oromoo yeroodhaa yerootti aadaa isaa kessatti sirnoota adda addaa gaggeessu ni qaba. Isaan kunis bakka adda addaatti iddootti wal fakkaataniifi bakkatti addaa addummaa qabaatanis jiraachuu ni mala. Haata'utii, ummanni Oromoo aadaafi afoola isaanii barreeffamaan otoo hintaane, afaaniin dhalootarraa dhalootatti dabarsaa dhufaniiru. Hawaasni tokko immoo kan ittin beekamu fookiiloorii isaatiin akka ta'e ifaadha. Kana jechuunis, hawaasni tokko aadaa isaatiin, haala jiruufi jireenya isaatiin, beekumsa isaa ganamaatiin, dandeettii isaatiin, falaasamaafi qaroomina aadaa isaatiin adda bahee beekama. Fookilooriin saba tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seera, falaasama, hooda, beekumsa, safuufi duudhaa isaa,

walumaa gala, ilaalcha ardiilee addunyaa keessa jirru kanaaf qabu barreeffamaan otoo hintaane, afaanin dhaloota irraa dhalootatti kan itti dabarsuuf gargaaramu damee aadaa saba tokkooti. Dabalataanis, eenyummaa, aadaa, jiruufi jireenya, qaroominaafi beekumsa uummanni bu'uraan qabu keessaa inni tokko afoola isaati. Sabni tokko afoolatti fayyadamee eenyummaa, amantii haala jiruu fi jireenyaa, falasama, duudhaafi safuu isaa afaan isaatiin fayyadamee dhalootarraa dhalootatti kan ittiin dabarsuuf fayyadamu keessaa isa tokkodha. Haaluma walfakkatuun Uummanni Oromoos jiruufi jireenya isaanii keessatti sirnoota adda adda ni qabu.

Jiruufi jireenya ummata Oromoo keessatti sirnoonni adda adda yommu gaggeeffaman, nyaanni aadaa gosa gosaan sirnoota sana waliin hiriiru. Uummanni Oromoo akaakuuwwan aadaa hedduu qaba. Isaan keessaa muraasa maqaa dhahuun yoo barbaachise, aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa uuffannaa, aadaa wal-kabajuu, aadaa sirna nyaataa, aadaa wal- dandahuu, aadaa hojii, aadaa wal jaallachuufi kkf eeruun ni danda'ama. Aada Oromoon qabu dhalootaa dhalootatti achii as darbaa kan dhufee fi har'as darbaa kan jirudha. Haalli ittiin darbaa jirus haala tokkoon otoo hintaane, karaa garaa garaatiini.

Akka *Dorson (1972: 183)* jedhutti fookilooriin iddoo afuritti qoodama. Isaanis, wantoota aadaa (*material lore*), duudhaa hawaasaa (*folk custom*), afoola (*oral literature*), sochii hawaasaa (*folk art*)dha. Kanneen keessaa afoola jalatti warri ramadaman durdurii, hibboo, geerarsa abaarsa, eebbaafi k.k.f yoo ta'an, kanneen meeshaaleedhaan daddarban ammoo ijaarsa manaa, haala uffannaa meeshaalee nyaataa, akkaataa uffannaan ittiin hoojjetamu ta'uu danda'u. Kanneen aartii sochii hawaasaatiin daddarban ammoo, shubbisa, shaggooyyee, ragada, dhiichisa, haala waaqeffannaa, kabaja ayyaanaa, haala fuudhaafi heerumaa, kabaja guyyaa dhalootaa, sirna awwaalchaafi .k.k.f ta'uu malu. Hawaasni Oromoo aadaa isaa kana durii kaasee hanga har'aatti dhalootaaf yommuu dabarsu, haalli raawwii isaa bakka tokko tokkotti yoo wal fakkaatellee, iddoo baay'eetti garaa garummaa qaba.

Uummata Oromoo biratti aadaan bakka guddaa qaba. Aadaa kana keessatti haalli kabaja ayyaana tokkoo guutummaa guutuutti ayyaana biraa waliin tokkodha yoo jedhamuu baatullee, bakka tokkoo tokkotti walfakkeenya qabu. Karaa biraa ammoo, bakka adda addaatti garaa garummaa qabaachuu malu. Fakkeenyaaf, haala Gubaa Masqalaa yoo fudhannee ilaalle, Hawaasni Oromoo hedduun haala wal-fakkaatuun Ibsaa Masqalaa

qabsiifatanii gara dirreetti bahanii waaqa isaanii bacaqii gannaa irraa gara booqaa birraatti isaan ceesise galateeffachaafi ibsaa gubuun Ayyaana Masqalaa isaanii kabajatu. Hawaasni Oromoo aadaafi duudhaa isaa dhaloota dhufuuf ni dabarsa. Akkaataa hawaasni kun aadaa isaafi duudhaa isaa dhaloota dhufuuf dabarsus adeemsa mataa isaa ni qaba. Haalli raawwii sirnootaa ykn ayyanotaa Oromoo kun yeroo hedduu waggaa waggaan kan dhufu yommu ta'u, haalli raawwii sirna gaa'elaafi haalli raawwii sirna Gadaa garuu haala raawwii ayyaanota biroo irraa addadha. Kunis, haalli raawwii sirna gaa'ila fudhannee yoo ilaalle, sirni kun kan raawwatamu yeroo baay'ee yommuu hojiin oomishaa xumuramuufi yommu dhangaan adda addaa sirna gaa'ila sanaaf qopheessuuf midhaan gahaan argamudha. Kunis immoo baay'inaan kan raawwatamu yeroo bonaati. Karaa biraaammoo, sirni Gadaa kun kan raawwatamu akkuma ayyanota biroo waggaa waggaan otoo hintaane, waggaa saddeet-saddeetiin nannahee dhufa.

Oring (1986:136) "Folklore as oral tradition and belief handed down from generation to generation without the use of writing," jechuun kaa'a. Akka yaada kanarraa hubatamuun danda'amutti, fookilooriin akka qaama aadaa, barsiifataafi amantaa hawaasaatti kan jalqaba uumama dhala namaatii eegalee beekamu, beekumsaafi bu'aa beekumsa hawaasichi eeggatee karaa barreeffamaa otoo hintaane, afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufedha. Kanarraa kan ka'een, bu'aa fookilooriin qabu keessaa mirkaneeffannaa hawaasa tokkootiif madda ragaa ta'uun nama tajaajiluu danda'a. Kana ilaalchisee Alan Dundes akkas jedha.

Alan Dundes (2007: 53) "It was considered a master of teacher as well as a scholar. His study of folklore insight into instruction, since folklore is an essential way that cultural knowledge and wisdom is passed down from generation to generation and from peer to peer."

Akka yaada kanatti, Alan Dundes barsiisaafi nama beekumsa guddaa, akkasumas ammoo, nama dandeettii qo'annaa barnootaa guddaa qabudha. Qo'annaan fookiloorii isaas kan ilaallatu qajeelfamadha; sababni isaas, fookilooriin beekumsa karaa aadaa argamuufi oogummaa dhalootarraa dhalootatti, hiriya irraa hiriyyaatti dabarsuuf barbaachisaadha. *Alan Dundes. (2007:55), "Folklore as a mirror of culture frequently revues the area of especial concern."*

Akka yaada kanaatti, fookilooriin akka calaqqee addaatti dhimma barbaadamu tokko irra deddeebiin ibsa.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kun qacceessa hariiroo nyaanni aadaa sirnoota kanneen akka sirna Gaa'elaa, sirna Shanan Dubartii deessee, sirna Taaboree, sirna Ateetee, Ayyaana Masqalaa, ayyaana Faasikaafaa wajjin qaban irratti xiyyeeffata. Qorannoo kana akkan gaggeessu kan na kakaase, aadaan uummata Oromoo hedduun isaa waan hinqortamneefidha. Kana kan ta'eefis immoo, hacuuccaa cimaan sirnoota mootummoota darbanii keessa uummata Oromoo irra gahaa waan tureef, akkasumas immoo, aadaafi amantiin biyyootii alaa ummaticha irratti fe'amuun akka uummatichi aadaa isaafi duudhaa isaa gadhiisuu waan gochaa turaniif, aadaa fi duudhaa boonsaa uummatichi qabu kun dhiibbaa karaa adda addaa irra jiruun akka hinbanne gochuuf waanan barbaadeefidha. Kanatti dabalees, qorannoon adda addaa biyyattii keessatti yoo gaggeeffamellee, waa'een qacceessa hariiroo nyaanni aadaa sirnoota wajjin qaban irratti kan xiyyeeffate akka Aanaa Horrootti waan hinjirreefi. Kana irraa kan ka'e, hariiroo nyaata aadaafi sirnoota gidduu jiru akka Aanaa Horrootti gadi fageenyaan akkan qoradhu na kakaseera.

Qorannoon kunis, hariiroo nyaanni aadaa sirnoota waliin qaban qofaa irratti kan xiyyeeffatu otoo hintaane, nyaatawwan aadaa adda addaa akkaataa itti hojjetamaniifi waa'ee hawaasichaa nyaata aadaa hojjechuun sirnoota adda addaa ykn ayyaanota adda addaa kabajatanis hubannoon gadi fageenyaa akka irraa argatamu taasisa. Kanaafuu, ka'umsi qorannoo kanaas, waa'ee nyaatawwan aadaa uummata Oromoo Aanaa Horroo biratti beekamoon ta'aniif gaaffilee armaan gadiif deebii barbaaduu ta'a.

Gaaffileen dhiyaatan kunneenis wal duraa duubaan deebii kan argatan ta'u.

- Nyaanni aadaa uummata Oromoo Aanaa Horroo isaan kami?
- Nyaatawwaan aadaa uummataa Oromoo Aanaa Horroo kunneen maal maal irraa hojjetamu?
- Walitti dhufeenyi nyaatawwan aadaa kunneeniifi sirnootaa maal fakkaata?
- Faaruwwan ykn eebbi yeroo sirna tokkoo jedhaman maalfa'i?
- Gosootni dhugaatii Nyaata Aadaa waliin dhiyaatanii sirnoota waliin hiriiran isaan kami?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa hariiroo nyaatni aadaa sirnoota wajjin qaban qaaccessuudha.

1.3.2 Kaayyoowwaan Gooree

- Nyaatawwan aadaa ummata Oromoo Aanaa Horroo isaan kam akka ta'an ibsuu;
- Nyaatawwan aadaa uummata Oromoo Aanaa Horroo kunnneen maal maal irraa akka hojjetaman tarreessuu;
- Walitti dhufeenyi nyaatawwan aadaa uummataa Oromoo aanaa kanaafi sirnootaa maal akka fakkaatu addeessuu;
- Faaruwwaan ykn eebbi yeroo sirna tokkoo jedhaman maalfaa akka ta'an ibsuu;
- Gosoota dhugaatii aadaafi nyaata aadaa uummata Aanaa Horroo ta'uun sirnoota waliin hiriiran isaan kam akka ta'an tarreessuu;

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo tokkoo barbaachisummaa mat-dureen qorannichi irratti gaggeeffamuufi qabatammummaa qorannichaarratti hundaa'a. Qorannoon kunis, akkaataatti nyaatawwan aadaa uummata Aanaa Horroo biratti beekamoo ta'an sirnoota adda addaa waliin deemuu isaaniifi namoota odeeffannoo barbaadaniif madda odeeffannoo, akkasumas, namoota gara fuula duraatti qorannoo gaggeessuu barbaadaniifis madda ragaa ta'uun akka ka'umsaatti ni gargaara.

Kanatti dabalees, qorannoon kun aadaa Oromoo Aanaa kanaa isa afaaniifi gochaan dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufe kana gara barreeffamaatti ol guddisuuf gahee guddaa qaba. Kanaafuu, qorannoon kun qabxiilee armaan gadii of jalatti ammata.

- Namoota qorannoo akkasii gaggeessaniif ka'umsa ta'ee gargaara.
- Waa'ee nyaatawwan aadaa Aanaa Horroo sirnoota waliin deemanii namoota hubannoo hinqabneef odeeffannoo kenna.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Fookilooriin baay'eetti bal'ina qaba. Isaan keessaas kanneen akka meeshaalee aadaa (material lore), duudhaa hawaasaa (folk custom), aartii sochii qaamaa (folk art), afoola (oral literature) maqaa dhahuun yoo danda'amellee, al-tokkotti gosoota fookiloorii mara kana qorachuun waan hindanda'amneef, isaan keessaa meeshaa aadaa jalatti kan ramadamu mataduree 'Qacceessa Hariiroo Nyaaanni Aadaa Yeroo Sirnoonni Kan Akka Fuudhaafi Heeumaa, Masqalaa, Shanan Dubartii Deessee, Taaboree, AteeteeFi Faasikaa Kabajaman Waliin Qaban: Akka Aanaa Horrootti' kan jedhu irratti qorannichi kan gaggeeffame ta'a.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Yommu qorannoon kun adeemsifame, hanqinoonni tokko tokko na mudatanii turan. Isaan keessaa tokko hanqina yerooti. Innis, otoon hojii idilee koo hojjechaa jiruu qorannoo kana waanan hojjedheefi, akasumas, balaa konkolaataa anaafi maatii koorra ga'e irraan kan ka'e, mana yaalaa adda addaatti yaalamaafi gadda guddaarra waanan tureef hanqinni yeroo baay'isee na mudaera. Hanqinni sadaffaa immoo, qorannoo kanaaf odeeffannoo sirrii ta'e argachuuf namoota waa'ee dhimmichaa gadifageenyaan beekan barbaadee argachuu irratti rakkoon na mudateera. Dabalataanis, barreeffamoota waa'ee kanaarratti barreeffaman argachuunis rakkoo kan biraa ture. Rakkoon inni shanaffaa ammoo, bara baranaa kana humni ibsaa addaan ciccituurra darbee, dabaree ta'uun sa'a 24:00 keessatti sa'a 8:00 qofaa ta'uun isaa akkan qorannoo kana dafee barreessee hinfixanneef rakkoo cimaa natti ta'ee ture. Haata'u malee, rakkoolee kana hundaa dandamachuun qorannicha xumuruu danda'eera.

1.7 Haala Qabatamaa Aanichaa

Akka odeeffannoo Aadaafi Turiizimii Go/Ho/Gu/Wallaggaa irraa argametti, Aanaan Horroo aanolee Go/Ho/Gu/Wallaggaa keessatti argaman keessaa tokko ta'ee, haalli qilleensa isaa badda-daree yommu ta'u, gosti midhaanii achi keessatti omishamu xaafii, garbuu, baaqelaa, atara, boqqolloo, nuugii, talbaa, qamadii, mosee, matajaboofi bunafaati.

Aanaan kun karaa bahaa Aanaa Coomman Guduruutiin, karaa lixaa Aanaa Abee Dongoorootiin, karaa kaabaa Aanaa Horroo Bulluqiitiin, karaa kibbaa Aanaa Jimmaa Gannatiitiin daangeffama. Magaalli guddoon Aanaa Horroo Magaala Shaambuu yommu taatu, haalli moggaasa magaala guddoo aanaa kanaas, yeroo durii keessa namoonni daldalaaf


yommu deeman, bakka magaalaa kun itti hundeeffamtetti muka guddaa tokko jala taa'uudhaan meeshaa buqqee hadhaa irraa tolfamee farsoo ittiin dhuguuf tajaajilu, kan maqaan isaa Shaambooo jedhamee waamamuutiin farsoo bitatanii erga dhuganii booda, inni gara daldalaa deemu gara daldala isaa, inni daldalatee galu ammoo, gara mana isaatti deema ture. Kanarraa ka'uudhaan, maqaan magaalaa kanaa maqaa meeshaa farsoon ittiin dhugamu, Shaambootiin waamamuu eegale. Erga yeroo sanaa eegalee, maqaan magaala guddoo Aanaa Horroo Shaambuu jedhamee hafe. Magaalaa kun magaalaa guddoo Aanaa Horroo qofaa otoo hintaane, yeroo ammaa keessa magaalaa guddoo Godina Ho/Gu/ Wallaggaa ta'uun tajaajilaa jirti. Magaalaa Shaambooo magaalaa guddittii Finfinnee irraa 315km fagaattee argamti.

Haalli amantaa uummata aanicha keessa jiraatuus amaantaa Ortodooksii, amantaa Musiliimaa, amantaa Waaqeffannaafi amantaa Pirooteestantii ti. Haalli teessuma lafa aanaa kana bu'aa bahiifi gaarreewwan kan itti heddummatu yoo ta'u, aanaan kun albuuda adda addaas qaba jedhamee dubbatama. Haroon Finca'aa humna ibsaa maddisiisuufi warshaan shukkaara Finca'aas Godinuma Ho/Gu/Wallaggaa keessatti argamu. Haalli qilleensa Godina Ho/Gu/ Wallaggaa hedduminaan badda daree waan ta'eef, jirreenya namaatiifis ta'e omishaaf baay'isee mijataadha. Godinni kun horii aannanii akka biyyaattiitti beekamanis ni qaba. Dhadhaafi dammis hedduminaan godinuma kana keessatti omishamu.

Bosoni Caatoo akka biyyaatti beekamus aanuma kana keessatti argama. Bineensotni adda adda kanneen akka, warabboo, gadamsa, borofa, booyyee, xaddee, weennii, karkarroo, bosonuu, waraabeessa, xirinyii, sooyyombiisa, qamalee, jaldeessa, gafarsa, qeerransa, kuruphee, allaattotaafi simbiroota adda addaafaatu bosona kana keessatti argamu.

Bu'uuraaleen misoomaa kan godinichaa kan yeroo duriirra, yeroo ammaa kana keessa haala nama gammachisuun jijjiirama arrgisiisaa jiru. Fakkeenyaaf, bishan dhugaatii qulqulluu, karaa konkolaataa sadarkaa asfaaltiitti guddate, neetwoorkii bilbilaafi, humna ibsaafaati. Gootichi Abishee Garbaa bakki inni itti dhalateefi bulchaa ture godinuma kana keessa. Dabalataanis, bakki seena qabeessa ta'e Aanaa Imbaaboo Guduruutti argamu, bakki 'Kokor' jedhamee beekamu, bakka Abisheen diinota waliin lola cimaa gaggessaa tures godinuma kana keessatti argama. Bakki kun bakka seena qabeessa haata'uyyuu malee, hanga ammaatti qaamni ilaallatu xiyyeeffannoo itti kennee waan irratti hinhojjenneef, bakkichi hawwata turiizimiif otoo hinooliin dagatamee hafeera. Hawaasni godina kanaa gosoota aadaa boonsaa

ta'an kan mataa isaa qaba. Kanneen keessaa, aadaa fuudhaafi heeumaa, adaa nyaataa, aadaa uffannaa, aadaa walgargaarsaafi kkf ni jiru. Akkasumas, nyaatni aadaa garaa garaa kabaja sirnoota adda addaa irratti dhiyaatanis ni jiru. (Aadaafi Turizimii Go/Ho/Gu/Wallaggaa)



Suura (1) Kaartaa Aanaa Horroo

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana jalatti qabxiilee bu'uuraa sakatta'a barruuwwan qorannoo kan cimsan jedhaman tokko tokkoon kan keessatti kaafaman maalummaa nyaataa fi sirnaa, qophii nyaataa, gosoota nyaataa, hariiroo nyaanni aadaa sirna waliin qabu, nyaata aadaafi kan gabaarraa/Traditional and market food/, sirnootaafi ayyaana, sakatta'a barruufi yaaxina qorannichaati.

2.1. Nyaata Aadaafi Sirna

Nyaanni aadaafi sirni maal akka ta'an barreeffama armaan gadii irraa haa ilaallu:

A cuisine refers to any style of cooking, including its practice, traditions, and recipes. A cuisine is usually associated with a specific culture. It is mainly influenced by ingredients that are available to that culture. Cooking methods, customs and ingredients together form meals that are unique to a particular region. When people talk about Italian cuisine, they are referring to the food that Italians are famous for. A cuisine is a specific set of cooking traditions and practices, often associated with a specific culture or region.

(From Wikipedia the free encyclopedia.)

Barreeffamni kun nyaanni aadaa haala aadaa hawaasa tokkoofi haala qabatamaa naannoo irratti hundaa'ee akka qopheeffamu ibsa. Nyaata aadaa jechuun akkaataa hawaasni tokko haala qabatamaa naannoo isaaniitti, nyaata aadaa eenyummaa isaanii ykn aadaa isaanii ibsu qopheeffatanidha. Nyaanni aadaa hawaasichaas kan yeroo mara qopheeffamu otoo hintaane, kan yeroo tokko tokko kabaja ayyaanaafi sirna waliin walqabachuun qophaa'udha. Hawaasni naannoo tokko waliin jiraatu haala aadaa isaatiin walqabsiisee, akkaataa itti nyaata aadaa eenyummaa isaa, aadaa isaa, duudhaa isaa claqqisiisuufi waantota nyaata aadaa isaa irraa hojjetuun wal walqabsiisee, nyaata aadaa hawaasa naannoo tokkoo kan isa kaanii irraa adda akka isa taasisu ibsa. Kana yommu jedhamus, hawaasni kamiyyuu nyaata aadaa eenyummaa isaa ykn aadaa isaa ibsu kan mata-mataa isaa qaba jechuudha. Kunis immoo kan agarsiisu, karaa itti hawaasni naannoo tokkoo hawaasa naannoo biraa irraa adda bahee ittiin beekamu keessaa tokkdha. Yaada kana dabalataan kan deeggaru barreeffama armaan gadiis haa ilaallu.

Dabalataanis, kana ilaalchisee Barillaa (2009:9) irratti Anderson wabeeffachuun akkas jedha:

As Anderson notes, a number of rituals, ceremonies and religious rites inevitably include a relationship with food. As a basic, universal aspect of human existence, Food is central to religion as a symbol, subject of prayer, sign of sharing and non-sharing, as an element of communion. It is hard to over estimate the symbolic value of food in the world's major religions.

Akka (Barilla. 2009:9) Anderson wabeeffachuun ibsetti, sirnoonni, kabajniifi amanannaan hariiroo cimaa nyaata waliin qabu. Akka bu'uuratti, akka jireenya waliigalaa dhala namaatti nyaanni kan qophaa'u, hariiroo cimaa amanannaa waliin kan qabu ta'ee, mallattoo ittiin waaqeeffatamudha. Nyaanni kun bakkaatii bakkatti adda adda waan ta'eef, akka waliigala addunyaatti mallattoo isa kana bakka bu'a jedhanii murteessuun ni ulfaata.

Dhimma kana ilaalchisee kana ilaalchisee mee barreeffama armaan gadiis haa ilaallu.

Holy Eating—Many food and cultural traditions are rooted in religious practices that date back thousands of years; these practices are governed by religious laws that define what food are ‘Unclean’, what food can be worshipped, how they are to be processed, the times of the year when they can be eaten.

(<https://centerfordiscovery.com> > blog >)

Akka barreeffama kanaatti:

Nyaata Eebbaa --- Nyaanniifi aadaan hojiiwwan amantii waggootii kumaatama lakkoofsisanii keessatti akka bu'uureffamaniifi seera amantiitiin akka bulan ibsa. Nyaanniifi aadaan kunis, nyaatawwan isaan kamtu “qulqulluu” akka ta'an, nyaatawwan isaan kamtu sagadaaf akka oolan, akkamitti akka nyaatawwan kun akka hojjetamaniifi waggaaatti yoom akka yoom akka nyaatamanis ni ibsa.

Kanatti dabalees, barreeffamni armaan gadiis akkas jechuun ibsa.

How food is related to culture?

Food is an important part of cultural heritage and national identity. It can connect us to people and places, bringing friends and families to get..her, and food habits, such as where you should eat all of the food on your plate vary across the glob. ...These are links between food and society.

(<https://freely magazine.com>>2017/01/07>what-food-tells-us-about-culture)

Barreeffamni kunis kan jedhu:

“Walitti dhufeenyi nyaataafi aadaa maalii?” jechuun eegala.

Nyaanni dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan dhufeeffii eenyummaa saba tokkoo adda baasuuf qama barbaachisudha. Nyaanni kun hiriyyootaafi maatii walitti fiduun namootaafi baakkeewwan adda addaa waliin walqunnamsiisa. Dabalataanis, yommu nyaanni nyaatamu barsiifata hambaa maaddii irraa nyaatan irratti hambisuufi hambisuu dhiisuun bakkatii iddootii iddootti adda addummaa akka qabu dubbata.

Yaada kana irraa waanti hubatamunyaanni aadaafi aadaan hariiroo cimaa qabachuu isaaniiti.

A food security assessment may become necessary when conditions in a country, region or local area change, leading to increased vulnerability within communities. As a result, people may not longer be able to meet their nutritional needs. This can be due to either a sudden on set hazard or a slow but consistent deterioration in the local situation. A number of factors may trigger food insecurity, such as drought, floods, landslides, locust infestations, outbreaks of conflict, influx of refugees or internally displaced people

(IDPs), and the HIV/AIDS pandemic. (Global Food security assessment guide lines 2007:5).

Akka barreeffamni armaan olii kaa’utti, yommuu wabii nyaataa akka biyyaatti, akka naannoottii fi akka gandaatti gadi bu’aa deemuu, sababa hir’ina wabii nyaataa kana qorachuun barbaachisaa ta’a. Hir’inni wabii nyaataa kun jiraatee jennaan, uummanni fedhii nyaata madaalawaa guuttachuu isa hindandeessisu jechuudha. Kunis rakkoo akka tasaatti uumamuun mudachuu danda’a. Kana malees, dagannaan qophii barbaachisaa ta’e gochuu dhiisuutiin dhufuu danda’a. Rakkooleen adda addaa yommuu jiraatan, dhibamuu wabii nyaataatiif sababa ta’uu danda’u. Dhibamuu midhaan nyaataatiif sababa kanneen ta’an keessaa warren gurguddoon balaa lolaa, sigigaachuu lafaa, hawwaannisa, geergii, waraana, bakkaa buqqa’uu uummataafi dhibee HIV/AIDS iifaa akka ta’e ibsa.

Akka yaada barreeffama kana irraa hubatamutti, sirna tokko kabajuuf nyaata aadaatu barbaachisa; nyaanni aadaa argamuuf immoo midhaan nyaanni aadaa irraa qopheessamu jiraachuu qaba; midhaan kun argamuuf immoo nageenyi isaa balaa adda addaa irraa eegamuu qaba jechuudha.

Dabalataanis, barreeffama armaan gadii haa ilaallu.

How food brings cultures together/Huffpost

Cooking as a family or with friends and loved ones bring us together because we are able to share our culture and heritage through food and give each other nourishment. Coming together and sharing a meal is the most communal and binding things in almost in every place in the world. Being able to make a dish and share that with people you love is one of the most universal concepts because it is at the root of our survival. We all have to eat, and being able to learn how to make a recipe from your mother is one of the oldest traditions of mankind. It feels really good to learn and hone a technique from your parents and pass down to your kids. This ideas of carrying on the legacy and sharing recipes that have been in our family for generations is something that is also incredibly special. My first memories of food are with my Abuela and Mom in the kitchen, learning about our family traditions through dishes that have been passed down and I am so excited to share these with my son.

(<https://www.huffpost.com/entry/how-food-brings-cultures-together-b-5>)

Akkaataatti nyaanni aadaalee garaagaraa walitti fidu

Yaada barreeffama armaan olii kana irraa waanti hubatamu, akka maatiitti ykn akka hiriyootaniifi jaalalleewwaniitti waliin nyaata hojjetanii qopheessuun walitti nama fida. Kunis kan ta'uu danda'es, nuti aadaafi achii dhuftee keenya wajjin nyaachuufi nyaata waliif kennuun akka waliigalaatti kan walitti nu hidhedha. Nyaata hojjechuu danda'uufi nyaata hojjetame ammoo namoota jaallatan nyaachuun yaada akka waliigalaatti fudhatama qabudha. Sababni kana jedhameefis, bu'uura jiruufi jireenya keenyaa waan ta'eefidha. Nuti hunduu nyaachuutu nuuf mala. Akkasumas, akkamitti akka nyaanni hojjetamu haadha irraa barachuu danda'uu jechuun adaa nama duriiti. Akkamitti akka nyaanni hojjetamu warra irraa baratani dhala ofii barsiisuu jechuun waan gaariidha. Beekumsa nyaata aadaa hojjechuu akkasiifi waliin qooddachuu akkanaa kana warra irraa dhaaluun dhaloota haaraa barsiisuun waan addatti ilaalamuufi amanuuf kan nama dhibsiisudha. Nyaata aadaa ilaalchisee yaadannoo ani qabu, mana nyaanni hojjetamu (kushiinaa) keessatti, maatiin koo akkamitti akka nyaanni adaa hojjetamu wal irraa barachaa jirachuu isaanii arguudhaan anis akkuma isaan irraa argee baradhe sana mucaa koo isa dhiira akkamitti nyaanni aadaa hojjetamee waliin akka nyaatamu barsiifachuuf na gammachiiseera, barreeffamni kun ibsa.

Kana irraa waanti hubatamuu qabu, nyaanni aadaa aadaalee garaa garaa walitti hidhatinsa qabaachuufi nyaanni aadaa kun aadaalee adda addaa witti akka fidudha. Kanaafuu, nyaanni aadaa hariiroo cimaa sirnoota wajjin qaba jechuu nama dandeessisa.

Ittuma fufee barreeffamichi armaan olii ammos akkas jedha:

“Food is an important part of any **celebration** in all nations of the world, regardless of culture or religion. It can unite and strengthen community bonds and helps to maintain a common identity among a group of **people**.”

(<https://freelymagazine.com/2017/01/07/what-food-tells-us-about-culture>)

Akka yaada barreeffama kanaatti, addunnyaa mara irratti nyaanni aadaa kabaja sirna aadaa tokkoof ykn kabaja sirna amantaa tokkoof baay’ee barbaachisaadha. Nyaanni aadaa tokkummaafi eenyummaa hawaasa tokkoo cimaa, jechuun barreeffamni kun yaada isaa ibsa.

Kana irraa waanti hubatamuu qabu, kabajni sirna tokkoo irratti, nyaanni aadaa yoo jiraate malee, sirni kabajamu sun tokkummaa hawaasichaa cimsuufis ta’e eenyummaa isaa ibsuuf gahumsa hinqabu jechuudha. Kanaafuu, nyaanni aadaa hawaasa tokkoo hariiroo cimaa sirna kabajamu tokko waliin qaba jechuu nama dandeessisa. Kanatti aanee waa’ee hariiroo nyaanni aadaafi aadaan qaban barreeffama armaan gaditti argamu mee haa ilaallu.

Food: An important part of most cultures

Food can also be symbolic. The [Jewish passover](#) comes to mind when I think of symbolic foods. Almost everything eaten during the Seder meal has specific meaning. The symbolism of the Seder meal is rather pronounced, and designed to help the partakers remember certain events and concepts. Other cultures have symbolic foods as well, which are eaten for specific reasons during special occasions and holidays. For a weekly symbolic food, consider the Eucharist. Holy Communion is the very essence of taking food, combining it with ritual and special occasion, and turning it into a symbol.

(<https://en.wikipedia.org/wiki/Passover.seder>)

Nyaata Aadaa: Qaamota aadaa jiran keessaa isa baay’ee barbachisaa ta’e dha.

Akka barreeffama kanaatti, nyaanni mallattoodha. Barreessaa kun waa'ee yommu waa'ee mallattummaa nyaata aadaa warra Jiwish waa'ee kabaja ayyaana isaanii Passover jehamuutu akka dhufu dubbata. Nyaanni aadaa kabaja ayyaana Jiwishiif nyaatamus hiika addaa akka qabutti dubbata. Mallattoon nyaata aadaa ayyana kanaa kun hirmaattonni ayyaanichaa taatee dabarsan tokko akka ittiin yaadataniif ergaa dabarsuu isaa dubbata. Gosoonni nyaata aadaa kanneen biroonis nyaata aadaa mallttoo ta'e kana sababa waan tokkoo irraan kan ka'e waqtii adda ta'e tokkotti ykn yeroo ayyaanonni kabajaman nyaatamu jechuun ibsa.

Yaada barreeffama kana irraa waanti hubatamuu danda'u, kabaja sirna tokkoof ykn ayyaana tokkoof nyaanni aadaa baay'eetti barbaachisaafi murteessaa waan ta'eef sirnoota wajjin hariiroo cimaaa qabaachuu isaaniiti.

Mee akkaataa qophii nyaata qincee ilaalchisee barreeffama armaan gadii haa ilaallu.

Kinche (qinch'e) is a very common Ethiopian breakfast; it is equivalent to oatmeal. It's incredibly simple, inexpensive, and nutritious. It is made from cracked wheat. It can be boiled in either milk or water. The flavor of the kinche comes from nit'ir qibe, which is a spiced butter (<https://Wikipedia.org/w/index>).

Yaada barreeffama armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, nyaanni aadaa qincee jedhamu gosa nyaata aadaa cireedhaaf ganama ganama qophaa'ee uummata Itoophiyaa biratti nyaatamuun beekamudha. Nyaanni kunis kaakkoo matajaboofi kaakkoo qamadiirraati qophaa'a. Haalli hojii nyaata aadaa kanaas salphaadha. Mi'eessituun adda addaa itti dabalamuun bishaaniin ykn aannanniin affeelamee, mi'eeffamee baqsaa dhadhaa waliin nyaataaf dhiyaata, jechuun barreeffamni kun ibsa.

Food is fundamental to human survival, in more than just one way. First, food is basic for averting hunger and maintaining health for every human being. Secondly, food satisfies our palate and makes us happy and emotionally and socially content. Third, food constitutes a form of cultural expression. The food we eat should be safe, palatable, affordable, and of the quality that can maintain mental, emotional, physiologic and physical health.

(PK Onian'O JM Mutuku and SJ Malaba 2003:331).

Akka barreeffama armaan oliitti, lubbuun jiraachuu dhala namaatiif nyaanni bu'uura. Tokkoffaarratti, nyaanni beela nama baasuufi fayyaa namaa eeguufis bu'uura kan ta'edha.

Lammaffaa irratti, nyaanni nu gammachiisa; jireenya hawaasummaa gaarii akka jirraannu nu taasisa; akkasumas, ynaanni nagaan ta'uu isaaf mala; kan beela nama baasu ta'uu mala; kan fayyaa namaafi xinsammuu gaarii akka qabaatan kan nama taasisu, haala salphaaa ta'een kan argamu, kan afaanitti mi'aawu ykn kan fudhatama qabu ta'uu qaba. Sadaffaarratti, nyaanni ibsituu aadaati. Nyaanni nuti nyaannu kan nama eegu ta'uu qaba.

Better nutrition and healthy living require an understanding of factors that influence what we eat. Food habits are among the oldest and most entrenched aspect of many cultures that exert deep influence on the behavior of people. The cultural background determines what is eaten as well as when and how. A people's culture has a lot of influence on kind of foods people eat in each community. In every part of the society, people have diverse feeling habits that have been inherited from generation to generation. (PK Onian'O JM Mutuku and SJ Molaba 2003:331);

Nyaatni fooyyaa'aafi jireenyi nagaan jiraachuuf kan danda'an waantota nuti nyaannutu akka haal-dureetti murteessa. Aadaan nyaata nyaachuu hawaasa tokkoo duriirraa kaasee dhufe otoo hin fooyyaa'iin kan itti fufe yoo ta'e, jiruufi jireenya hawaasichaa irratti miidhaa mataa isaa ni qaba. Seenduubeen aadaa hawaasa sanaa maaltu akka nyaatamu, yoom akka nyaatamuufi akkamitti akka nyaanni nyaatamu murteessa. Hawaasa tokko keessatti aadaan namootaa gosa nyaataa isa kam akka nyaataniifi isa kam akka hin nyaanne ilaalchisee dhiibbaa mataa isaa qaba. Hawaasa tokko keessatti namoonni barsiifata/aadaa nyaata nyaachuu kan warra isaaniiirraa fudhatanii dhufan ni qabu jedha.

2.1.1 Gosoota Nyaata Aadaa Oromoo

Gosoonni nyaata Aadaa Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa xiyyeeffannoon Aanaa Horroo keessatti beekamoo ta'an danuudha. Akkataan qophilee gosoota nyaataa kanneeniis garaagaradha. Gosti midhaanii tokkoon-tokkoo nyaataa irraa hojjetamus bakkatti gosa tokkorraa ta'u ni jira, bakkatti gosa adda addaarraa hojjetamus ni jira. Kana ilaalchisee gosootni nyaataa akkamitti akka qopheeffamaniif maal irraa akka qopheeffaman, yoom akka qopheeffaman, hariiroo ayyaanota ykn sirnoota waliin qaban barreeffama armaan gadii keessatti ibsamaniiru.

In most Africa countries, people rely on one or two staple crops. Most crops are maize, teff, cassava yam, sweet potato, plantain and inset. These crops provide the bulk of energy intake of house hold members. To balance their diet, consumers complement staple foods with legumes of foods from animal sources that are rich in proteins and fats oil.

(PK onion O' JM Mutuku and Molaba 2003)

Akka yaada armaan olii kanaatti, biyyoota Afrikaa hedduu keessatti namoonni gosoota midhaan nyaataa tokko ykn immoo lama qofaa irratti murtaa'u. Isaan keessaa warri gurguddoo boqqolloo, xaafii, buqqee (dabaaqula), moseefi warqeefaa. Gosoonni midhaanii kunneenis baay'inaan humna kennuuf fayyadu. Kanarraa kan ka'e, namoonni nyaata isaanii madaalawaa taasisuuf gosoota nyaataa beelladarraa argaman, keessumayyuu kanneen pirootinii hedduu of keessatti ammatan dabalataan soorachuu akka qaban dubbata.

Barreeffama kana irraa waanti hubatamuu danda'u, uummattoonni ardii Afrikaa keessatti argaman nyaata aadaa isaanii gosa midhaanii tokko ykn lama irraa haa hojjetaniyyuu malee, bakka gosoota nyaata hafanii immoo pirootinii beelladoota irraa argamu, kan akka fooniifi bu'aa aannaniitiin waan itti guuttataniif, nyaata aadaa baay'eesaa biraa foon, aannaniifi bu'aan aannanii biraa akka hinhafne nutti mul'isa.

Kanatti aanee barreeffama jiru haa ilaallu:

Positive Deviance /Hearthy manul (2002:129). A Country's National Dishes or cuisines are often naturally balanced. The preparations may be difficult or time consuming and therefore, no longer prepared as frequently. Ask village elders about possible food option from the " old days". In most countries, there are indigenous leaves that have lost their former acceptance in favor of other vegetables such as cabbage and eggplant. These indigenous leaves, often rich in iron, calcium folic acid protein and vitamin A can be introduced into the standard diet through the health.

Akka biyyaatti nyaannii aadaa nyaata madaalamaadha. Haalli qophii isaa garuu ulfaataa ykn yeroo dheeraa kan fudhatuufi kan yeroo mara hin qophoofnedha. Waa'ee nyaata aadaa biyyaa kan durii kana namoota raagoo naannoo jiran gaafadhu. Biyyoota hedduu keessatti nyaanni aadaa kan durii kanneen nyaata ammayyaa ta'aniin bakka buufamuudhaan hafaadhuufaniiru. Isaan kunis warreen akka raafuufi fuduraadha. Nyaata aadaa ta'anii warreen

dhabaman immoo aayireeniidhaan, vitaaminiidhaan, kaalsiyeemiidhaan kanneen badhadhaniifi sunsumarratti kanneen qopheeffamanidha, jechuun ibsa.

Teff (Eragrotis teff (zucc). Trotter teff is an old and locally important crop of the Ethiopian communities. Injera (product from Teff) is the staple food of some communities especially in the north-western, central and southern Ethiopia. In Kenya, it is mainly eaten by the Oromo groups including the Borana. The flour is used in preparation of Ethiopian bread known as injera (Ethiopia) or anjera (Borana), porridge and cakes. Injera is served with meat stew (often spiced) or vegetables on large shallow plates. (PK Onian O'.JM Mutuku and SJ Malaba Nairobi, Kenya, June 2003:334).

Akka yaada barreeffama armaan olitti, gosti midhaanii Xaafii jedhamu bara durii irraa kaasee kan nyaanni Itoophiyyaa keessatti irraa hojjetamuun beekamudha. Buddeenni biyya Itoophiyyaa keessatti karaa Kaaba-dhihaa, Giduugaleessaafi Kibba biyyatti keessatti nyaata beekamaadha. Uummata Orommoo Booranaafi Oromoonni biyya keenya keessa jiraatanis nyaata Xaafii irraa hojjetamu nyaachuudhaan beekamu. Daakuun Xaafii buuddeena, marqaafi keekii ta'ee hojjetamuun beekama, jechuun ibseera.

Haaluma walfakkatuun, hawaasni Oromoo Aanaa Horros nyaata isaa guyya-guyyatti nyaatuufis ta'e kabaja sirnoota adda addaaf gosoota nyaata aadaa xaafii irraa hojjetamanitti fayyadamu. Gosoonni nyaata aadaa xaafii irraa hojjetamanis kanneen akka cumboofi marqaadha. Cumboon kabaja sirna fuudhaafi heerumaa irratti, ayyaana Masqalaa irratti, Taaboree irrattiifi kkf irratti yommu dhiyaatu, nyaanni aadaa marqaa irraa qopheeffamu ammoo, kabaja ayyaana ateeteefi kabaja sirna sirna dubartii deesseefaa irratti dhiyaata.

Karaa biraa ammoo, cuukkoon nyaata aadaa Oromoo keessaa tokko ta'ee nyaata (dhangaa) baa'ee barbaadamuufi jaallatamudha. Erga hojjetamee boodaa, otoo yeroon itti hindarbiin yeroo dheeraaf turuu ni danda'a.

Cuukkoon gosa midhaanii inni irraa hojjetamu garbuu ta'ee, gosa garbuu keessaa akka filannootti garbuu adiirrati. Garbuun kunis dura soramuun erga qulleffamee booda, mooyyeetti naqamee hanga qollisaafi firiinsaa irraa adda bahutti tumama. Itti ansuun qollifi firiin isaa akka addaan bahaniif qodaarratti diriirsanii afuun deebisaniis soru. Kana booda abiddarratti, eeleetti naqanii akaahu. Isa akaahame ammoo, deebisaniis mooyyeetti naquun sheffu. Kanaan booda, akaayichi soramee daakama. Inni daakamees sirritti erga gingishamee

booda, dhadhaan mi'eessituu adda addaatiin urgeessamee baqsame sun itti dabalamuun sochoostuudhaan hamma dhadhichi cuukkoo sana laaffisutti walnyaachifama. Cuukkoon dhadhaan baay'inaan waan itti naqamuuf, yommu namaaf laatamu fal'aanaan kutameeti laatama.

Chuko barely conserved with butter, is traditional food of Oromia region in Ethiopia. It is traditionally made by women from barely powder mixed with sufficient amount of distilled butter, along with ginger, onion, salt and spices. Chuko is to prepare in a short time, and is full of protein because of its barley content. To make it, first barley is husked and then roasted over a fire. It is then pounded into powder. Over this powder, a sufficient amount of butter and spices is added and is mixed to create the finished, piquant product. Individual portions of chuko vary between 2 and 5kg. Chuko can be stored for up to a year without spoiling (<http://en.wikipedia.org>).

Akka yaada barreeffama armaan olitti, cuukkoon nyaata guyyaa guyyaatti nyaatamuufi nyaata guyyaa addaa tokko nyaatamudha. Nyaanni cuukkoo akka galaatti fudhatamee karaa dheeraa deemuufi barumsaaf yunivarsiitii fudhatanii deemuuf tajaajila. Kunis kan ta'uu danda'eef sababa cuukkoon erga hojjetamee booda yeroo dheeraaf turuufidha. Cuukkoon gaa'ela irratti nyaata misirrootaaf dhiyaatudha. Gosti nyaata kanaa manaafi gabaarraa argamuu akka danda'u barreeffamichi ibseera. Nyaatuma aadaa Uummata Oromoo ilaalchisee, barreeffamni armaan gadiis akkas jechuun ibsa.

The people call themselves Oromo, and prefer to be called so---with itto, cumboo, kashii, caccabsa, marqaa, mooqaa, Bunaqalaa, cuukkoo, mulluu or shuummoo, baassoo or bacho from (Facts about the Oromo of East Africa- the Africa (center www.africa.upenn.edu> Articles-Gen).

Akkaa yaada barreeffama kanaatti hawaasni Oromoo, Oromoo ta'uu isaanii filachuun, Oromummaa isaaniitti boonu; akkasumas Oromoodh jedhamanii waamamuus barbaadu. Hawaasni kun Oromummaa isaanii kan ittin beeksifachuu barbaadan immoo, nyaata aadaa adda addaa qabaniinidha. Isaanis ittoo, cumboo, kashii, caccabsaa, marqaa, mooqa, buna qalaa, cuukkoo, mulluu ykn shuummoo, bassoo ykn bachoodhaani, jechuun barreeffamni kun ibsa. Kanaafuu, cumboon nyaata aadaa uummata Oromoo ta'anii kanneen beekaman keessaa tokko ta'ee, nyaata aadaa sirnoota adda addaafi ayyaanota adda addaa irratti dhiyaatudha.

2.1.2 Sirnoota

Sirnoota jechuun adeemsa kabaja ayyaana tokkoo ykn adeemsa kabaja gammachuu ykn gadda tokkooti. Kana ilaalchisee, mee barreeffama armaan gadii haa ilaallu.

Rituals, according to Oxford Dictionaries, refer to a religious or solemn ceremony consisting of a series of actions performed according to a prescribed order....

Rituals tend to be carefully associated and are ceremonies that are resistant to change (Rook, 1984) and passed down from generation to generation.

(<https://www.vocabulary.com/dictionary/rituals>)

Akka hiika guuboo jechootaa “Oxford Dictionaries” jedhutti, sirnoota jechuun adeemsa kabaja ayyaana ykn amantaa tokkooti.

Sirnoonni of eeggannoon qindeessamanii kan kabajaman, kan hinjijjiiramnefi akka jirutti dhalootaa dhalootatti kan darbanidha, jechuun ibsa.

Haaluma walfakkaatuun, hawaasni Oromoo aanaa Horroos kan mataa isaa kann ta’e sirnoota garaagaraa qaba. Kanneen keessaa, kabaja sirna fuudhaafi heerumaa, kabaja sirna Masqalaa, kabaja sirna dubartii deessee, kabaja Ateeteefi kabaja Taaboreefaa maqaa dhahuun ni danda’ama. Kabajni sirnoota kanaas barreeffama malee dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufeera.

2.2. Sakatta’a Barruu Walfakkii

Sakkatta’a barruu wal fakkii keessatti waanti ilaalamuu qabu mata duree qorannichaa ilaalchisee yaadni namoota biroo barreeffama isaanii keessatti maal akka jedhuufi yaada qoratichaa qorannoo gaggeessu sanaa kan deeggaru ykn kan mormu ta’uu isaa bakkatti ibsamudha. Yaadicha qorataa kan deeggaru yoo ta’e, akka ragaatti yaada qoratichaa waliin deggarsiiisuudhaan kaa’uudha; garuu, yaada qoratichaa waliin yaadni sakatta’a barruu sun hin deemu yoo ta’e, sababa isaa ibsuun lafa kaa’uudha.

Anis qorannoo “Qacceessaa Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirnoota Waliin Qabu: Haala Aanaa Horrootti” jedhu kana keessatti sakatta’a barruu jedhee kanan fudhadhe keessaa qorannoowwan garaagaraa namoota sadiitiin qoratamanidha. Isaanis:

Abebe (2003). *The Construction of Ethiopian National Food Cuisine* Yuunivarsiitii Jimmaatti qorannoo gaggeeffamedha. Qorannoon kunis kan of jalatti ammatu haala qophii nyaata aadaa sabaafi sab-lammootaa adda addaa Itiyoophiyaa keessa jiraatan akka walii galaatti fudhachuudhaan kaasuuf yaaleera. Nyaanni aadaa Oromoo tokko tokkos qorannicha keessatti eeramaniiru. Isaanis kanneen akka Cuukoo, Qiincee, Caccabsaafaati.

Qorataan kun nyaata aadaa uummata adda addaa kan biyyitti keessa jiranii qorannoo isaa keessaatti bakka tokkotti walitti qabee yommu qoratu, akka qorannoo hawaasa aanaa tokkoorratti hojjetamuu, haala bilchinaafi gahumsa qabuun gadi fageenyaan waan hin qoranneef, hanqina mataa isaa qaba. Ani garuu, yommuun qorannoo koo kana gaggeessu kan saba mara biyyitti keessa jiranii ykn kan saba naannoo tokkoorratti otoo hintaane, kan saba Oromoo ta’ee xiyyeeffannoon kan Aanaa Horroo irratti waan ta’eef, garaa garummaa bilchinaafi gadi fageenyaan qorannoo kana gaggeessuu irratti wal caalmaa qaba. Dabalataanis, qorannichi kan sabaafi sab-lammii adda addaa ammate kun nyaanni aadaa saba adda addaa kunneen gosa midhaanii ykn oomisha maal maal irraa akka qopheeffaman malee yeroo kam akka qopheeffamaniifi haala akkamii keessatti akka qopheeffaman hinibsine. Walumaagala, qorannoon kun haala qophii nyaata aadaa irra darbee, hariiroo nyaanni aadaa kun sirnoota waliin qaban irratti waan hintaaneef, qorannoo koo irraa adda isa taasisa. Kanatti aansee, mee sakatta’a barruu lammaffaa haa ilaallu.

Mezaa (2014) *The Glycemic Index of Some Traditional Ethiopian Foods in Mice* jedhu qorannoo ishee keessatti nyaanni aadaa hundi isaayyuu fayyaa namaatiif gaarii akka hintaane ibsiteetti. Qorannoo ishee keessatti akka ibsiteetti, nyaanni aadaa ruqoota nyaataa kanneen akka pirootiinii, kaarboohaayidireetii, coomaafi kanneen biroo baay’inaan waan of keessatti qabaniif fayyaa namaatiif gaarii akka hin taane lafa keessi. Qorattuun kun qorannoo ishee keessatti akkas haa jettuyyuu malee, nyaanni aadaa qirimoota nyaataa hedduu of keessatti qabatanii, kan isaan haala akkasiitiin baay’atanii dhiyaatan guyyoota hundaa osoo hin taane, ayyaanota waggaan naanna’anii dhufaniifi yeroo sirnoonni tokko tokko fkn yeroo sirni gaa’elaaffaa raawwatamu irrattidha. Waan kana ta’eef, nyaanni aadaa qirimoota nyaata adda

addaa baay'inaan of keesstti qaban akka gosoota nyaata guyya-guyyaatti ganama, guyyaa fi galgala namaaf dhiyaataniitti namaaf kan dhiyaatu otoo hintaane, nyaanni aadaa akkasii kun kabaja sirnoota adda addaaf dhiyaatu waan ta'eef, irra darbaa ta'ee miidhaa geessisuu hinqabu. Dhibee kanaan miidhamee, uummanni lafarraa dhume ykn dhukkubsatanii kanneen mana yaalaa galan hinjiran. Dabalataanis, nyaanni aadaa kun kan qopheeffamu nannoo magaalaa irra, caalmaan naannoo badiyaattidha. Namoonni baadiyaa ammoo baay'een isaanii qonnaan buloota wanan ta'aniif, hojiin qonnaa ammoo hojii humna barbaadu waan ta'eef, humna hojii guddaa hojjetuuf ammoo nyaata qiriimota adda addaa qaban yoo fayyadaman dafee gubatee hojii adda addaa hojjechuuf oola waan ta'eef, akka qorannoon Ma'azaa jedhutti miidhaa geessisa otoo hintaane, kan caalu humna namaa cimsee akka namni hojii humnaa gurguddoo ta'an hojjetuuf gargaarsa ta'a. Dabalataanis, qorannoon kun waa'ee nyaata aadaa saboota adda addaa of keessatti haa ammatuuyyuu malee, nyaata aadaa isa kamtu kabaja sirna kamii wajjin akka deemtu waan ibseeru hinqabu. Qorannoon ani gaggeessu garuu, nyaanni aadaa qiriimoota hammamii of keessaa akka qabuufi miidhaa qiriimoonni geessisan irratti otoo hintaane, nyaanni aadaa Uummata Oromoo Aanaa Horroo keessatti argaman, hariiroo isaan kabaja sirnoota aadaa Oromoo waliin qaban irratti waan ta'eef, qorannoo Ma'aazaan gaggeessite irraa adda isa taasisa.

Deesaa Abdiisaa (2010) *Xiinxala Sirna Kabaja Ayyaana Taaboree* jedhu Yuunivarsiitii Finfiinneetti qorannoo digirii tokkoffaa irratti gaggeeffamedha. Qorannoon kun mataduree kana jalatti kan inni ammatee jiru adeemasa sirna kabaja Taaboree, afoola Taaboree, namoota kabaja sirnichaa irratti hirmaatan, nyaata aadaafi dhugaatii aadaa sirna kabaja ayyana kanarratti dhiyaatanfaati. Qorannoon qorataa kanaa kabaja sirna Taaboree, nyaata aadaa sirna Taaboree waliin hiriiru, afoolli isaafi hirmaattota qabaachhuun isaa hanga tokko qorannoon ani gaggeesse waliin wal haa fakkaatuuyyuu malee, bakkatti garaagarummaa qabu ni jira. Innis:

- Qorannichi kabaja sirna Taaboree qofaa irratti xiyyeeffachuufi akka qoranno koo sirnoota adda addaa ammachuu dhiisuun isaa
- Nyaanni aadaa Cumboo jedhamu hariiroo inni qabu kabaja sirna Taaboree irra darbee hariiroo sirnoota biroo walinis qabachuun isaa eeramuu dhiisuun

- Dhugaatiin aadaa sirna kanaaf dhiyaatu buqqurii malee dhugaatiin aadaa kan akka aannanii achi keessaa dhibuun isaa
- Qorannichi kan gaggeeffame Aanaa J/ Gannatii keessatti yommu ta’u, aanaa kana keessa ammoo sabaafi sab-lammii adda addaatu jiraata waan ta’eef, ayyaanni kun namoota saba kamiin akka kabajamu ibsamuu dhiisuun isaafi ibsa bal’aa dhabuun isaa qorannoo koo irraa adda isa taasisa.

2.3. Yaaxina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu yaaxinni qorannoo sana deeggaru jiraachuun baay’ee barbaachisaadha. Yaaxinni immoo adeemsa qorannoon ittiin xiinxalamudha.

2.3.1. Yaaxina Aadaa (Folk Cultural Theory)

Yaaxinni aadaa kan qoratu aadaa hawaasaa ta’ee, dablataanis, al-oolattis fayyadamee aadaa hawaasichaa qorachuun barbaachisaa akka ta’e ibsa. Qorataanis qorannoo isaa yeroo gaggeessu ija yaaxina aadaatiin ilaalee qorannicha geggeesseera.

Richard M Dorson. (1972:40). “Henry Glasie (1969:16). Wabeeffachuun akka armaan gadiitti barreesseera.

“Folk culture is both field worker and theorist and modern study of material culture might include the detailed description and ordering of field data, the historic, geographic connection of types, constructions and use, as well as functional and psychological speculations,” jedha.

Akka barreeffama kanaatti qorannoon aadaa ammayyaa ta’e tokko (folk culture) kan inni irratti xiyyeeffatu yaaxina qofaa irratti otoo hintaane, waan ammayyaa ta’een hariiroo yaaxinaa fi al-oolaan waliin qaban, dabalataanis hariiroo xiinsamuu dhala namaa waliin qaban duubatti deebi’ee seenaa duraanii ilaaluun murteessaa ta’uu ibsa.

A basis for theory is laid in a nine-hundred-page doctoral description by Michael O. Jones at Indian University (1970), “Chairmaking in Appalachia, a case study of style in American Folk Art” Jones elaborates a complex theoretical model for the study of handmade items of material culture intended for utilitarian purposes. The model considers the local economics of production and distribution, the psychological types of the artists, external

influence of the taste and demand affecting the folk community, the ecological factors controlling the raw materials, and the traditional techniques manipulated by artist. Jones seeks to take into account every element – historical, individual, cultural, traditional, aesthetic, economic, environmental – entering into the folk art process.

Kana malees, Richard Dorson (1972:41) Michael O. Jones (1970) wabeeffachuun ogummaa harkaatiin mesholeen adda addaa miidhaganii hojjetamuun tajaajila adda addaaf oolan ilaalchisee qorannoo hojiirraa kan waantota aadaa (folk cultural) irratti gaggeeffameen moodela yaaxinaa walxaxaa ta'e qindeessee qopheesse. Moodelli omishichaas kan inni irratti xiyyeeffatu omisha qabeenya naannootti argamu irraa hojjetamee kan gabaaf dhiyaatu irratti, biyya keessatti tamsa'ina meesholee kanaa irratti, xinsammuu ogeeyyii (artistootaa) irratti, meesholeen aada kun gaaffiifi fudhatama akka hinarganne qaama dhiibbaa geesisu irratti, qaama qabeenya naannoo sana to'atuufi ogummaa artistootaafaa irratti akka ta'e Dorson barreeffama isaa keessatti ibsa. Dabalataanis, waantota kamiyyuu kan akka – wanta seena-qabeessa ta'e tokkoo, waa'ee nama dhuunfaa tokkoo, waa'ee aadaa, waa'ee barmaatilee uummataa, fayaa uummataa, haala gabaa, haala naannoo yaada keessa galchuu akka qabu barreeffama yaaxina aadaa kana irraa hubachuun danda'ama.

2.3.2. Yaaxina Aadaa Bu'uureffatee (Cross Cultural Theory)

Akka yaaxina kanaatti hawaasni kamiyyuu garee hawaasotaa keessa jiraatu qaba. Gareesaa keessattis aadaa isaa calaqqisiisa. Hawaasa garaa garaa gidduu garaa garummaan aadaa waan jiruuf, tokkoon tokkoon hawaasaa aadaa mataa isaa calaqqisiisa. Aadaan kun immoo kan hawaasichi kallattumaan ofitti fudhatuufi irraa goruudha. Qorannoon qoratamus ija yaaxina aadaa bu'uureffateen ilaaluun, hawaasni naannoo tokkoo nyaata aadaa mataa isaa kan aadaa isaa calaqqisiisu akka qabu ilaallerra. Kunis ammoo, nyaatawwan aadaa hawaasa tokkoo hariiroo isaan sirnoota waliin qaban nyaatawwan aadaa hawaasa biroo hariiroo isaan sirnoota waliin qaban irraa kannen adda baasan keessaa isa tokkodha.

Richard M Dorson (19972:39) Alan Lomax wabeeffachuun waa'ee yaaxina aadaa (Cross cultural theory) bu'uureffate jedhu irratti barreeffama isaa akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Through the measurement of qualities in folk songs he believed he had found correlations with other parts of the culture, such as relationships between the sexes, the level of economic productivity, and motor behavior. Those in the Sudan, where the chastity of the girls is protected by sealing of a vagina, and dire punishment, even death is, meted for transgression, the muzzein crying prayers to Allah and the thrill – voiced café singers express in their piercing, quivering tones, “the erotic hysteria” of Sudanese women. This musical style restrictive sexuality accompanies the relatively complex irrigation cultures of the Far East.

Barreeffama kana irraa waanti hubatamuu danda’u, sirboonni ykn weedduuwwan ykn faarfannaawwan aadaa uummataa tokko keessaa jiran sadarkaa safara qulqullina isaaniitiin kan aadolee uummata biroo waliin walbira qabnee ilaaluun hariiroo isaan qabaniifi adda addummaa isaan qaban ilaaluun ni danda’ama. Kana ilaalchisee, haala walqunnamtii saalaa kan uummata tokkoofi kan uummata biroo, haala omishaafi omishtummaa isaanii, akkasumas, haala amala isaanii walcinaa qabee ilaaluun hariiroo isaan gidduu jiru ibsa. Akka fakkeenyaatti fudhatee kan inni ilaale keessaa tokko, ijoolleen durbaa sudaan keessa jiraatan hanga gaafa heerumaniitti akka walqunnamtii saala hinraawwanneef qaamni hormaataa isaanii hodhamuu isaati. Akka tasaa ta’ee, mucayyoon durbaa tokko dagattee aadaa hawaasichaa cabsuun durbummaa ishee yoo gatte, adabbii cimaa hanga sadarkaa du’aatti kan ishee adabsiisu ta’uu isaa irraa hubatama. Dubartoonni Sudaan kun fedhii saal-qunnamtii guddaa otoo qabani, karaa aadaa hawaasa isaanii waan daangeffamaniif, namoonni bakka waaqeffannaa isaaniitti bohani otoo waaqa kadhatanii, cinaatiin dhiibbaa isaan irra jiru ibsachuu isaanii, sirbitoonni mana kaaffee keessatti sagalee miidhagaafi hawwataa ta’een yommu sirban, waa’ee dhimma biraaf kan sirban fakkeessanii waa’ee dangeffamuu saal-qunnamtii dubartoota Sudaan kanaa sirbaan quuqqaa qaban ibsachuu isaanii barreeffamicha irraa hubachuun ni danda’ama. Toftaan muuziqaatti fayyadamanii ergaa dabarffachuu sirbitoota Sudaan irraa waanti hubatamu dangeffamuun saal-qunnamtii dubartoota Sudaanii kan warra biyyootan Baha Fagoo (Far East) jedhamanii waliin walbira qabamee yommu ilaalamu garaagarummaa akka qabu yaaxinni kun ni ibsa. Mee aadaa warra Sudaaniin faallaa kan ta’e aadaa warra biyyootan Baha Fagoo (Far East) ta’anii barreeffama Richard M. Dorson fuuluma sana irraa akka armaan gadii haa ilaallu.

“Conversely, in those gardening and peasant societies where women labour along with men and sexual relations are freer, the singing style is manifested in wide, relaxed voices....”

Akka yaada barreeffama kanaatti, karaa aadaa dubartoota Sudaan irraan faallaa ta'een, dubartoonni warra Baha Fagoo (Far East) yommu dallaa manaa keessa waa qotanii biqilchan, yommu hojii qonnaa warra dhiiraa waliin hojjetan, fedhiifi jaalala warra dhiiraaf qaban haasahanii, weeddisanii sirbanii yaada isaanii ibsachuu irraatti karaa aadaa issanii dhiibbaan isaan irra gahee isaan daangessu akka hinjirre barreeffama kana irraa hubachuun ni danda'ama. Kana irraa waanti nuti hubachuu dandeenyu, aadaan uummata tokkoo aadaa uummata biroo irraa adda ta'uu isaati. Kanatti dabalees, barreefamuma Dorson (1972) fuulumaa sana irra jiru akka armaan gadiitti haa ilaallu.

“African Pygmy hunter societies rank lowest in the scale of affluent societies, but they rank highest in the synchrony of their song and dance, and this achievement reflects their total sharing of material goods and emotional stresses.”

Akka barreeffama armaan olii kanaatti, gareen hawaasaa Piigimii jedhamee beekamu, bakki jireenya isaanii Afriikaa keessa ta'ee, jiruufi jireenya isaanii bineensota adamsuun akka jiraataniifi gareen hawaasaa kun garee hawaasaa naannoo sana keessaa warra jireenyi isaanii fooyya'aa ta'e biratti akka dakeetti akka ilaalaman nu hubachiisa. Karaa biraa ammoo, gareen hawaasaa Piigimii jedhaman kun sirbaafi dhiichisa isaaniitiin sirbaafi dhiichisa hawaasa biroo naannoo isaaniitti argamaniin olitti ta'ani argamuu isaaniis barreeffamicha irraa hubachuun ni danda'ama. Kun akka waliigalaatti kan namatti argisiisu, hawaasni garaagaraa aadaa garaagaraa qabu kun bakkatti aadaafi duudhaa waliin qooddatan akkuma qaban, bakkatti adda addummaa qabanis akka jiru barreeffama kana irraa hubachuun ni danda'ama.

Egaa erga kan hawaasota naannoo biroo hamma kanaa jedhamee, kan hawaasa Oromoo aanaa Horrootti argamaniimmoo maal fakkaata jennee yoo ilaalle, jiraataa aanaa sanaa kan ta'an Ob/ Tashoomaa Rumichaaf af-gaaffii qorataan gaafa guyyaa 10/06/2011 taasiseen ibsa isaan laatan qorataan walitti qabee akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

Yeroo durii keessa Uummanni Oromoo tokkummaa qaba; wal jaallata; wal amana; ragaa namaa malee arraa-du'iidhaan halkan waliif liqeessee halkan waliif deebisa ture; wal ganuun,

wal haaluun hinjiru ture; Uummanni Oromoo kan ittiin bulu amantii kan mataa isaa qaba ture; nyaata aadaa haala walfakkaatuun hojjetanii sirnootaafi ayyaanota isaanii tokkummaan kabajatu turan, jechuun yaada isaanii qorataaf laataniiru.

Karaa biraas immoo yeroo ammaa kana keessa haala nyaata aadaa uummatichaafi haala kabja sirnoota isaa ilaalchisees manguddoon kun akka armaan gadiitti yaada isaanii dabalataan qorataaf laataniiru.

Haata’u malee, yeroo ammaa kana keessa daafii mootummoota biyyaattii duraaniifi daafii amantiilee adda addaa biyyootii alaatiin gara biyya keessaatti galan irraan kan ka’e Uummanni Oromoo amantiilee adda addaatti qoodamuun aadaa kan mataa isaa dhiisee aadaa kan biyyootii halagaa faanaa fiiguun kansaa dagachaa deemuu isaa, nyaata aadaa isaatiin kabaja sirnootaa adda addaa qabu kabajachuu dhiisee, nyaata aadaa kan halagaa ofitti fudhachuun uummata Oromoo kun dagannaa guddaa akka ta’e manguddoon kun dubbatu. Kanaafuu, uummatichi amantiilee adda addaatti qoqqoodamee waan jiruuf, akka durii haala wal fakkaatuun nyaata aadaa walfakkaataa ta’e qopheeffatee kabaja sirnoota isaaf dhiyeessuun aadaa isaa gabbifachuu irra, yerootti aadaafi duudhaan hawaasichaa qaqqal’acha dhufetu mul’ata, jechuun yaada isaanii qorataaf karaa af-gaaffii laataniiru.

Akka yaada manguddoo aanaa kana irraa argameetti, hariiroo nyaanni aadaa uummata Oromoo Aanaa Horroo sirnoota uummatichaa waliin qaban gabbachuu irra haphachaafi qal’achaa akka dhufan irraa hubanna. Nyaanni aadaa sirnoota garaagaraaf qopheeffaman dhiibbaa karaa amantiilee adda addaa irra gahaa dhufe irraan kan ka’e, gartokkoon uummataa aadaafi duudhaa isaa dagatee aadaafi duudhaa uummata biroo waliin bahaa jira. Aadaafi duudhaan hawaasa tokkoo diigamnaan immoo, nyaata aadaa ofii qopheessanii sirnoota adda addaa kabajachuun hindanda’amu jechuudha. Aadaafi duudhaan uummatichaa badnaan immoo, eenyummaan hawaasichaa bade jechuudha. Kanaafuu, akka kana hintaaneef immoo, Aadaafi Turiizimii Naannoo Oromiyaa dabalatee qamni ilaallatu hunduu aadaafi duudhaan uummatichaa akka hinbanne irratti hojjechuun isaaf mala.

Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

Boqonnaan kun kan of keessatti hammatu mala qorannoon jalqabaa hanga dhumaatti ittin gaggeeffamudha. Innis haala waliigala qorannichaa, filannoo iddatto qorannichaa, filannoo hirmaattota qorannichaafi tooftaalee meeshaalee odeeffannoon ittiin funaaname wal duraa dubaan dhiyaateera.

3.1. Mala Qorannichaa (Akkamtaa/Qualitative Research)

Malleen qorannoo adda addaa akka jiran hayyoonni ni ibsu. Malli qorannoo akkamtaa (Qualitative Research) malleewwan qorannoo jiran keessaa tokko yoo ta'u, giraafii garaa garaatti gargaaramee otoo hintaane, bifa bargaaffii, af-gaaffiifi daawwanaatti gargaaramee gadi fageenyaan kan ibsu waan ta'eef, mata duree qorannoo koo waliinis kan deemu kana waan ta'eef, anis mala qorannoo akkamtaa kanatti gargaaramuun qorannoo koo gaggeesseera.

Dastaa (2002:30) “Qorannoon aadaa hawaasarratti xiyyeeffatu aadaa hawaasa murtaa'ee bakkuma jirutti ibsuudha,” jedha. “Qoraataanis hawaasa keessa kallattidhaan deemee dhimma irratti kaayyeffate sana gadi fageenyaan qorata,” jechuun kaa'eera.

Haaluma walfakkaatuun qorataan qorannoo kana gaggeesse kun aadaa hawaasa Oromoo Aanaa Horroo irratti xiyyeeffachuun, hawaasichi bakkuma jirutti qorataan kallattiidhaan keessa deemee, hariiroo nyaanni aadaa uummatichaaa sirnoota waliin qaban ragaa funaannate irratti hundaa'ee qaaccessseera.

3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Odeeffattoonni qorannichaa haadholii, maanguddoota waltajjii sirnichaa, maatii qoratichaa, hawaasa naannoo sanaafi, Waajjira Aadaafi Turiizimii Godina Hor/ Gud/ Wallagaa Aanaa Horrootti argamuuti. Namoota beekumsa gahaafi hubannoo gadi fageenyaa waa'ee hariiroo nyaanni aadaa sirnoota wajjin qaban haala Aanaa Horrootti hiyyaaffachuun, yommu sirni fuudhaafi heerumaa gaggeeffamuu, yommu kabajni Ayyaana Masqalaafaa raawwatamu qaamaan biratti argamuun ragaa quubsa ta'e funaaneera.

3.3. Iddattoofi maloota Iddaatteessuu

Iddattoo jechuun lafa qorataan odeeffannoo walitti qabatudha. Qorataan yommuu qorannoo isaa gaggeessu, maallaqa, humnaafi kkf qusachuuf akka isa gargaaru iddoo filachuun isa barbaachisa. Mala iddattoo qorataan itti gargaaramus iddattoo miti carraa (*Non probability Sampling*) dha.

3.3.1. Iddattoo akkayyoo

Qorannoo qulqullinaa (qualitative) gaggeessuu keessatti mala iddaatteessuu akkayyoo fayyadamuun barbaachisaadha. Mala iddaatteessuu kana keessatti odeeffannoo kennitoonni itti yaadamaniiu filatamu. Kanas kan ta'uu danda'eef qorataan dhimmicharratti warra beekumsa qaban namoota odeeffannoo quubsaa naa kennuu danda'u jedhee murteesse kallattumaan bira dhaqee raga funaannateera. Kana ilaalchisee Berg (2001). "When developing a purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population," jechuun ibsa. Akka yaada barreeffama kanaatti qorataan odeeffannoo kennitoota isaa kan filate, kaayyoo qorannoo isaa bu'uureffachuuni.

3.3.2. Iddattoo Darbaa Dabarsaa

Malli iddattoo darbaa dabarsaa gosoota iddattoo miticarraa keessaa isa tokko ta'ee, odeeff-kennitoota namni eeruudhaan kan filatamanidha. Malli kun kan fayyadu odeeffkennitoota argachuun rakkisaa yeroo ta'uttidha. Qorataanis mala kanatti fayyadamuun dubartoota lama mala kanaan gaafateera.

3.4. Mala funaansa odeeffannoo

Odeeffannoon tokko yeroo funaanamu, mala af-gaaffii, daawwannaa, dokumentii sakatta'uu, marii garetiin funaanamuu ni danda'a. Haata'u malee, qorannoo kana keessatti qorataan mala af-gaaffiifi daawwannaatti dhimma ba'uun odeeffannoo funaannachuu danda'eera.

3.4.1. Af-gaaffii

Af-gaaffiin kan qorataan odeeffannoo kennitoota kallattiin gaafatee odeeffannoo funaanudha. Gaaffilee qorataan kun gaafatu, gaaffilee banaatti gargaarame. Gaaffilee banaan odeeffannoo

kennitoonni otoo hindhiphatiin waan gaafataman sana hanga beekan kan deebisanidha. Deebiin gaaffii banaa daangaa hinqabu. Qorataan sirna cidhaa, sirna shananiidubartii deessee, kabaja Ayyaana Masqalaa irratti argamuun dhangaan sirnichaa akkamitti akka qopheeffamu, maal maal irraa akka qopheeffamu haadholii ogummaa isaa qaban gaafateera. Qorataan af-gaaffiitiin dubartoota toorba (7) dhiira sadii (3), waliigala namoota ogummaa dhimmicha irratti qaban kudhan (10) dubbisuun odeeffannoo walitti qabateera. Sirna cidhaarratti tokko, sirna shananiiratti dubartii ogeettii tokko, sirna Ayyaana Masqalaarratti dubartii tokko, sirnaan alatti dubartoota afur gaafachuun odeeffannoo fudhateera. Af-gaaffii kanarraas, nyaanni aadaa sirnoota garaagaraaf qopheeffaman maal maal akka ta'an, sirni tokko yeroo jiraatu nyaanni aadaa adda adda sababni barbaachisaniif maal akka ta'e bira ga'ameera.

3.4.2. Daawwannaa

Daawwannaan mala qorataan dirree qorannoon gaggeeffamu irratti qaamaan argamee irratti hirmaachuun raga isaa funaannatudha. Xahaa, (2014:35). Dawson (2009) wabeeffachuun hirmaattota daawwachuu yoo ibsu, "Toftaa hirmaattota daawwachuu yoo qoratichi hawaasa qorannoo keessatti dalagu sanaan dhiyeenya ykn haala mijaa'aa hinqabaatiin, akka toftaa qorannooti hin fayyadamnu. Yoo aadaa qorannoo irratti gaggeessinuufi hawaasni qorannoon keessatti gaggeeffamuun dhiyeenya (familiarity) qabaanna ta'e, tooftaa qorannoo salphaa ta'e arganna. Yoo kana ta'uu baate, toftaa qorannoo kanaa fayyadamuun ni ulfaata," jedha. Kana irratti hundaa'uudhaan qorataanis bakka sirnichi gaggeeffamutti qaamaan argamuun itti hirmaachaa daawwannaa isaa otoo gaggeessuu raga qorannoo isaa funaannateera.

Qorataan bakka sirnichi itti gaggeeffamutti argamuun adeemsa sirnichaafi nyaatawwan aadaa sirnichaa irratti dhiyaatan, faaruu ykn eebba yommu sirnichi gaggeeffamu jedhamu daawwachaa ragaa quubsa ta'e funaannateera. Nyaata aadaa sirnicha irratti dhiyaatus hanga danda'ame suura kaaseera. Qorataan gaafa guyyaa 12/082011 bakka sirni cidhaa gaggeeffamutti argamuun daawwannaa gaggeessee odeeffannoo qabatamaa walitti qabateera. Gaafa guyyaa 01/04/2011 sirna shanan dubartii deessee irratti argamuudhaan adeemsa sirnichaafi nyaata aadaa achirratti dhiyaatu daawwachuu odeeffannoo funaannateera. Haaluma walfakkaatuun, sirna kabaja Ayyaana Masqalaa gaafa Fulbaana 17/2011 kabajame irratti argamee haala kabaja isaafi nyaatawwan aadaa kabaja ayyaana kanaarratti dhiyaatan

daawwachuun odeeffannoo walitti qabateera. Daawwannaa kanarrattis qorataan gosoonni nyaata aadaa sirna fuudhaa fi heerumaa irratti dhiyaatan, yeroo sirni shananii dubartootaa kabajamu dhiyaatan, kan kabaja Ayyaana Taaboree irratti dhiyaatan Aadaafi Turiizimii Go/Ho/Guduruu Wallaggaa irraa, kan kabaja ayyaana Masqalaa irratti dhiyaataniifi nyaata aadaa ayyaana Faasikaa irratti dhiyaatan daawwachuun ragaa funaannateera.

3.5. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf jecha odeeffannoon meeshaalee garaagaraatiin funaanama. Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa qorataan meeshaa suur-sagaleetti fayyadamee hariiroo nyaanni aadaa sirnoota waliin qaban hanga danda'ame suura kaasuufi sagalee waraabuun odeeffannoo sassaabbateera. Suuraaleen kaafaman hangi murtaa'e tokko qorannoo keessatti dhiyaataniiru. Sagaleewwan waraabamanis gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru. Qorataan Fulbaana 17/2011 ayyaana Masqalaa irratti, Fulbaana 25 sirna shananii dubartii irratti, Bitootessa 25/2011 sirna kabaja cidhaarratti argamuudhaan dhangaalee sirnoota kanaaf qopheeffaman suur kaafachuun odeeffannoo funaannateera.

3.6. Namuusa Ogummaa

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu adeemsaafi namusa mataa isaa qaba. Namni qorannoo gaggeessus qorannicha gufuufi gufata malee, haala qajeelaafi seera qabeessa ta'een adeemsisuun itti jira. Kunis aadaafi safuu hawaasichaa eeggachuun, kan hawaasichi jaallatu jaallachuufi kan isaan jibban irraa of eeggachuun ragaa barbaadame sana funaannachuun qorataa irraa eegama. Qorataanis hawaasa wajjin ture kana, dursee waan gochuu qabuufi dhimma lagu qabu akka himaniif gaafate. Kana booda sirnicha irratti argamuun waan waraabbachuufi suura kaasuu qabu waraabbachuufi kaasachuun, waan dhorkaa ta'e immoo irraa of eeguun hawaasichaaf amanamaa ta'ee jira. Walumaa galatti, qorataan bakka irratti hirmaachuufi ilaaluun hin eyyamamneef irraa of eegee ragaa isaa funaannateera.

3.7. Mala Qaacceessa Ragaa

Mala funaansa odeeffannoo irratti hundaa'uun ragaaleen argaman akka armaan gadii kanatti qaacceeffamaniiru.

Dursa namoota hariiroo nyaanni aadaa sirnoota waliin qaban sirriitti beekaniif gaaffileen dhiyaatan. Deebii yeroo kennan, bakka hayyamametti sagaleen isaanii waraabamaafi kaaniif immoo yaadannoon qabatamaa kaa'ameera. Daawwannaa taasiseenis, kan hayyama argate suura kaasuun qorataan kaahee jira. Walumaa gala, qorataan waan waraabame, gaafatameefi daawwatame sana qindeessuudhaan qaaccesseera.

Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Uummanni Oromoo gosoota aadaa ittiin beekamu hedduu qaba. Isaan keessaas tokko nyaata aadaa qopheessuudha. Qophiin nyaata aadaa kunis gosoota lamatu jiru. Isaanis nyaatawwan (Soorata) guyyaa guyyaaf qopheeffamniifi nyaatawwan darbanii darbanii yeroo sirni tokko raawwatamu qopheeffamanidha. Nyaanni aadaa sirna tokkoof qopheefamu kun callisamee akka nyaata guyyaa guyyaan nyaatamuutti qopheeffama otoo hintaane, itti yaadamee, haala adda ta'een, qophii isaafis yeroon dheeraa kennameefiitu qophaa'a. Qorannoon kunis nyaata aadaa yeroo tokko tokko kabaja sirna tokkoof jecha haala adda ta'een qopheeffamu irratti xiyyeeffata. Uummanni Oromoos nyaata aadaa sirnoota garaa garaa gaggeessuuf qopheeffachuu kan eegale erga lafa kanarratti saba ta'ee jiraachuu eegaleeti. Nyaanni aadaa haala adda ta'een sirna adda addaaf qophaa'us, haalli qophii isaa garaagaradha. Gosti miidhaanii nyaanni aadaa sirnoota adda addaaf irraa qopheeffamu kun bakkatti gosa midhaanii tokko irraa ykn gosoota midhaanii garaa garaa irraa ta'u ni jira.

4.1. Qaaccessa Gosoota Nyaata Aadaa Oromoo Aanaa Horroo

4.1.1. Cumboon

Cumboon nyaata aadaa uummata Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa ta'uun beekama. Nyaanni aadaa kun sirnoota adda adda uummanni Oromoo godina kanaa gaggeessurratti qopheeffamee sirni sun ittiin kabajama. Akka Aadde Amanee Goobanaa gaafa guyyaa 20/01/2011 ragaa naaf kennaniitti, "Godina Horroo Guduruu Aanaa Horroo keessatti gosa nyaata aadaa kan ta'e cumboon gosa midhaanii inni irraa tolchamu xaafii diimaadha," jedhu. Akkkaataan hojii isaas, xaafiin diimaa kun gingilchamee, soramee, sirriitti qulleeffamee booda akka daakamu dubbatu. Akka urgaan isaafi mi'aan isaa hawwataa ta'uuf immoo, sunqoon akaahamee hanga gahaa ta'e xaaficha qulleeffametti dabalamee waliin akka daakamu dubbatu. Erga xaafiin kun daakamee boodas, daakichi deebi'eetu gingilchama. Kunis kan ta'u danda'e, midhaan kun wayita daakamuufi yommu daakuun isaa godaatti naqamu, akka tasaa waantoonni hinbarbaachifne yoo faana naqamaniiru ta'eef, ammos deebisanii gingilchuun caalaatti qulqullina isaa eeguuf akka ta'e ibsu. Isa booda, bishaan bulluqfameen daakuun sun bukkeeffama. Bukoonsaas furdatee bukkeeffamee booda, raacatiin itti dabalamee waliin makama. Raacatiin kunis, bukichi dafee wal nyaatinsa akka geggeessuufi sa'a barbaadame keessatti tolchamuu akka isa dandeesisuufidha gargaara.

Takka turee, erga bukichi wal nyaatinsa geggeesse booda, yookaan, erga kof jedhee booda, eeleen cumboo beeddee jedhamee waamamu abiddarra kaahamee o'ifama. Eeleen kun irra keessaan kan achii gadi itti gombifamu, eeleen inni biraammoo eelee isa jalaafi isa irraan gadi itti gombifamu gidduu taa'uun kan bukoon xaafii irratti naqamee tolfamudha. Walumaa gala, cumboo tolchuuf eelee gosa sadiitu barbaachisa. Isaanis, eelee isa sumsumarra taa'u, eelee isa gidduufi eelee isa akka gombisaatti tajaajiluun comboon tolfama. Eeleen cumboo kun erga sirritti o'a gahaa argatee booda, bukoon xaafii diimaa kun eelee sirriitti o'ee diimate sanarratti suuta suutaan itti naqamee diddiriifama. Kunis kan ta'u, gosoota eelee cumboo sadan keessaa eelee isa gidduu beeddee jedhamee waamamuu irrattidha. Bukoon kun erga eelee beeddeetti naqamee xumuramee booda, eeleen innii sadaffaa akka gombisaatti irraa gadi itti gombifamuun qadaadama. Isa booda, eeleen sun sirriitti waan o'ee jiruuf, abiddi isaa akka duraatti otoo itti hinbobeessamiin, xixiqqeessamee itti bobbeessamuun nyaanni kun akka bilchaatu ta'a. Abiddichi kan bobeeffamus karaa jalaafi karaa irraati. Nyaanni kun otoo hingubatiin, otoo hinbukatiin yommu yeroon bilchina isaa gahu eegamee irraa baasama. Nyaanni aadaa kun sirriitti bilchaachuun isaa kan beekamus, yommu inni foolii hawwataa ta'e dhageessisudha. Nyaanni kun erga eelee baasamee booda, qodaa dhiqamee qophaa'e irra kaahamee, baaduu furdaan mi'eessituu adda addaan mi'eessamee jiru gidduu cumboo sanaa irra naqamee asiifi achi diddiriirsama. Isarratti immoo, cororsaan maasharoodhaan itti cororsamuun nyaanni aadaa kun kabaja ayyaana barbaadameef, fknf, sirna gaa'elaaf, ayyaana Masqalaaf, Taaboreefaaf dhiyaata. Kana malees, nyaanni aadaa kun yeroo keessummoonni kabajamoo ta'an namatti dhufanis keessummoota sanaaf qopheessamee dhiyaata.

4.1.2. Cuukkoo

Akka Aadde Geexee Gurmeessaa gaafa guyyaa 25/01/2011 odeeffannoo naaf kennaniitti, "Cuukkoon nyaata aadaa Uummata Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa biratti kabaja sirnoota adda addaa irratti dhiyaachuutiin beekamtii guddaa qaba," jedhu. Nyaanni aadaa uummata Oromoo kun gosa midhaanii inni irraa hojjetamu garbuudha. Garbuu gosoota adda addaa keessaa ammoo, garbuu adii ija guutuu ta'etu filatamaadha. Garbuun filatame kun soramee erga qulleeffamee booda, qodaa keessatti hanga xuriin isaa irraa bahutti bishaaniin deeddeebbisamee miicama. Isa booda mooyyeetti naqamee otoo hincaccabiin hanga qolli isaa firii isaa gadhiisutti tumama. Isa tumame kanas qolli isaafi firiin isaa yommu

soramu sirriitti akka walgadhiisaniif qoodaarratti aduu keessatti afama. Itti aansuun, eele abiddarra kaa'uun garbuu kana xaxxaasu. Inni xaxxaaxeffame kunis erga qabbanaayee booda, mooyyeetti naqamee sheffama. Garbuun xaxxaaxeffamee sheffame kunis deebi'ee qulleeffamee booda, daakama. Daakuun isaas waantonni hin barbaachifne akka tasaa keessatti akka hinargamne gochuuf deebisamee gingilchama. Daakuun isaa erga sirriitti gingilchamee qophaa'ee booda, dhadhaan urgeessituufi mi'eessituu adda addaatiin baqfamee jiru maasharoo keessaa daakuu akaayii garbuu qodaa waciitii jedhamu keessatti naqame irratti gadi cororfamee, fal'aanaan waliin makama. Dhadhichis cuukkoon sun akka daabboo hanga walqabatutti itti naqamee waliin makama. Nyaanni aadaa kun erga hojjetamee booda, akka nyaata gosoota kaanii dafee otoo faayidaa ala hinta'iin yeroo dheeraaf turuu danda'a. Kana ta'uuf kan danda'e, yommu hojjetamu meeshaatiin malee harkaan waan hintuttuqamneef yommu ta'u, inni lammaaffaan ammoo, cuukkoon yommu hojjetamu bishaan malee waan hojjetamuufidha.

Cuukkoon akka namni nyaatuuf yommuu namaaf laatamu, harkaan otoo hintaane, fal'aanaan kutameetu qodaa qulqullina qabu irratti namaaf kennama. Kunis qulqullina cuukkoo eeguun akka nyaanni gaariifi hawwataa ta'e kun yeroo gabaabaa keessatti faayidaa ala hintaane, karaalee eeggitiin taasifaman keessaa isa tokkodha. Cuukkoon yommu nyaataaf namaaf laatamu, akka gosoota nyaataa kanneen biroo baay'inaan namaaf dhiyaata otoo hintaane, xixiqqaateetudha. Sababni isaas, dhadhaan mi'eessituufi urgeessituu adda addaatiin badhaadhe waan hedduminaan itti dabalamuuf, waan dhugamu kan akka bishaaniifi kanneen biroo hedduminaan waan nama obaasuufi beela yeroo dheeraaf waan namarraa ittisuuf, cuukkoon xixiqqaatee, baay'inni isaa gosoota nyaata aadaa kanneen biroo irraa gadi aanaa, garuu faayidaadhaan ol aanaa ta'e kun xixiqqaateetu namaaf kennama. Nyaanni aadaa uummata Oromoo kun erga hojjetamee booda, yeroo dheeraaf waan turuuf, namni karaa fagoo deemullee galaa isaa fudhatee deema. Walumaa gala, cuukkoon uummata Oromoo biratti beekamtii akkasiifi faayidaa guddaa qabu kun akkaataan hojii isaa walxaxaa otoo hin taane, namni hojjetachuu barbaade al tokko arginaan salphaatti hojjetatee itti fayyadamuu kan danda'uufi akka nyaata aadaa filtamaa tokkoottis sirnoota adda addaa kan akka fuudhaafi heerumaafaa irratti gosa nyaata aadaa dhiyaatudha.

4.1.3 Marqaa

Marqaan nyaata aadaa uummata Oromoo keessaa tokko ta'ee kabaja sirnoota adda addaa irratti nyaata dhiyaatudha. Marqaan gosoota midhaanii adda addaa irraa qopheeffamuu danda'a. Gosoota midhaanii marqaan irraa hojjetamu kunneenis garbuu, qamadii, matajaboo, boqqolloofi xaafiifaadha. Gosoonni midhaanii marqaan irraa hojjetamu kun, otoo sadarkaa marqaa irra hin gahiin dura, akka gosa midhaanii marqaan irraa hojjetamu sanaatti yoo dheedhii ta'e, soramee, miicamee, taffagamee, qulleeffameetu daakuuf dhiyaata. Gosti midhaanii marqaan irraa qopheessamu xaafii yoo ta'e immoo, xaafiin isaa sirriitti gingilchamee, soramee erga qulleessamee booda daakama. Gosti midhaani kamiyyuu erga daakamee booda, deebi'ee gingilchama. Marqaa kana marquufis meeshaan marqaan kun keessatti marqamu barbaachisa. Innis, distii guddaa sataattee jedhamu ykn distii sibiilaa guddaa isaa keessatti marqama. Namni marqaa kana marqus dubartiidha. Dubartiin marqaa kana marqitus akka hinbukanne, akka hingubanneefi akka hinguraangurxanne sirriitti marqicha marqitee kan qopheessitu dubartii ogummaa isaa qabdu malee, callisamee dubartii waan taateef waamamtee marqaa kabaja sirna tokkoof dhiyaatu kana hinmarqitu. Marqaan kun marqamuufis qodaan keessatti marqaan kun marqamu sirriitti dhiqamee booda, bishaan hangi barbaachisaa ta'e itti naqamee abidda irra kaa'amuun akka bulluqu taasifama. Bishaan bulluqe sanarraa walakkaa isaa qodaa kabiraatti irraa naqamee booda, daakuun marqaaf qopheessame sun bishaan distii keessatti hafe sanatti naqamuun meeshaa boojjitoo jedhamuun marqama. Daakuun marqaa kunis al tokkotti distii keessatti marqamutti naqamee kan marqamu otoo hintane, wal duraa boodaan itti naqamee boojjitootiin sirriitti waliin makamee marqama. Kana jechuunis, daakuun marqaa kun walduraa duubaanidha itti naqamaa, sochoosamaa marqama. Haata'u malee, daakuun marqaa kun al tokkotti distii sanatti yoo naqame, daakuun sun sirriitti bishaan waliin wal nyaatinsa waan hin gaggeessineef, marqaan sun marqaa gaarii ta'uu dhiisee ni guraangurxata. Kuni immoo nyaata aadaa kana hawwatamaa taasisuu irra tuffatamaa taasisa. Marqaan kun akka hinguranne, akka hinbukanneefi akka hingubanne gochuuf immoo, namni ogummaa isaa sirriitti qabu barbaachisaadha. Namni marqaa marqee dhiyeessu dubartii waan taateef, dubartiin ogummaa marqaa marquu qabdu kun ammoo, of eeggannoon nyaata aadaa kana hojjetee dhiyeessuutu irraa eegama. Marqaan kun erga bilchaatee boodammoo, irraa baafamee qoodaa dhiqamee qopheessamee irratti gadi baafama. Marqaa qodaarratti baasame

kanarraa hanga barbaachisaa ta'e irraa kutamee fuudhamuun gidduun isaa meeshaa dhiqamee qulqullina qabuun, fakkeenyaaf, fal'aanaan asiifi achi erga saaqamee booda, shaamenni qal'isamee jiru hanga walakkaa boolla marqaatti itti naqama. Isarratti ammoo, dhadhaan urgeessituufi mi'eessituu adda addaa quufe maasharootiin irratti cororfamee akka namoonni nyaatan taasifama. Kana malees, marqaan kabaja sirnoota adda addaa irratti qofaa kan dhiyaatu otoo hintaane, nama qufaan qabateefillee o'aan isaa yoo laatameef, qufaa gogaa sana namaaf laaffisa jedhamee amanama. Haa ta'u malee, marqaan erga marqamee booda yeroo gabaabaa keessatti nyaatamee faayidaa irra ooluu yoo baate, akka nyaatawwan aadaa kanneen biroo yeroo dheeraaf turuu hindanda'u. Nyaanni kun yeroo dheeraaf turuu kan hindandeenyeef sababa bishaaniin hojjetamuufi bishaan hedduu waan of keessaa qabuufidha (Aad/ Tarrafee Baay'isaa, 05/02/2011).

4.1.4 Caccabsaa

Akka odeeffannoo Aad/ Muluu Moosisaa irraa gaafa 09/02/2011 argameetti, caccabsaan nyaata aadaa uummata Oromoo ta'ee gosoota nyaanni aadaa jaallatamoofi bakka guddaa qaban keessatti ramadama. Nyaanni aadaa kun nyaatawwan aadaa kabaja Sirna Gadaa irratti dhiyaachuun miidhagina guddaa sinichaaf kanneen kennan kan akka cubboo, cororsaafi kanneen biroo keessaa isa tokkodha. Akkasumas, nyaanni aadaa kun nyaatawwan aadaa kanneen yeroon itti fayyadama isaanii otoo irra hindarbiin yeroo dheeraaf turuu danda'an keessatti ramadama. Gosti midhaanii caccabsaan irraa hojjetamus xaafiidha. Gosoota xaafii jiran keessaa immoo xaafii diimaa irraati hojjetama. Akkaataan hojii isaas, dura xaafii diimaan filatamee, gingilchamee, soramee erga sirritti qulleeffamee booda daakama. Daakuun isaas deebi'eetu gingilchama. Kun kan ta'eefis immoo, daakuun sun yommu daakamu, akka tasaa waantonni hinbarbaachisne itti dabalammu danda'u waan ta'eefidha dabalataan deebi'ee gingilchama. Daakuun gingilchame kun bishaan bulluqaan bukeeffameetu maxinoon isaa akka buddeenaatti tolfama. Inni tolfame kunis xixiqqaatee erga kukkutamee booda, gadi baafamee aduu keessatti akka akaayitti gogfama. Hanga nyaanni kun sirriitti gogfamee jiidhinsa isaa of keessaa fixutti, achuma aduu keessa turfama. Erga sirriitti goguunsaa mirkanaayee booda, qodaa sirriitti dhiqamee qulqullinni isaa eegame irra naqama. Isa booda, cororsaan maasaroodhaan hanga buddeenni maxinoo kun sirriitti dhadhaa hamma barbaadame of keessatti fudhatutti irratti cororsama. Akka buddeenni maxinoo kun

hundi isaa walqixa dhadhaa kana argatuuf jecha fal'aana qulqullina qabuun sirriitti deddeebisamee waliin makama. Isa booda, yeroo barbaadametti nyaataaf namaaf dhiyaata. Nyaanni kun yeroo namaaf dhiyaatu akka nyaata aadaa gosoota kaanii baay'inaan otoo hintaane, xixiqqeeffameetu namaaf laatama. Kun ta'uuf kan danda'eef immoo dhadhaa mi'eessituufi urgeessituu adda addaatiin baqfame waan baay'inaan itti naqamuufidha. Namni nyaata isa barbaachisu hanga fedha isaa erga nyaatee quufee boodallee, nyaata caccabsaa kana dhumarratti otoo dhiyeessaniifii, ni nyaata. Sababnisaas nyaatichi mi'aayina guddaa qaburraan kan ka'e, fedhii nyaata namaa waan banuufidha. Kanatti dabalees, caccabsaan nyaatawwan aadaa sirnoota adda addaa irratti dhiyaatan keessaallee isa tokkodha. Walumaa gala, nyaanni aadaa Oromoo kun sirnoota garaagaraa aadaa Oromoo ibsan keessaa tokko kan ta'e sirna irratti dhiyaachuun kabaja sirnichaa waan miidhagsuuf, nyaanni aadaa kun kabaja Gadaa waliin hariiroo guddaa qaba.

4.1.5 Akaayii

Akkaayiin gosoota midhaanii adda addaa irraa qopheeffamuun nyaata guyyaa guyyaatti sooratamuufi akka nyaata aadaattis immoo kabaja sirnootaa garaa garaa kanneen akka Jaarii Kosiifi sirna fuudhaafi heerumaa irratti tuhiif/ ilaalcha intala heerumteef gosa nyaata aadaa dhiyaatudha. Gosoonni midhaanii akaayiin irraa hojjetamee nyaataaf qophaa'us boqqolloo, garbuu, baaqelaa, atara, qamadii, bisingaafi kkf irraati. Haata'uuti, gosoonni akaayii sirnoota tokko tokkoratti dhiyaatan gosoota midhaanii armaan olitti eeraman hundaa irraa kan qophaa'an otoo hintaane, akka uummata Oromoo Aanaa Horrootti gosa midhaanii garbuu jedhamu irraati.

4.1.5.1 Akaayii Koshoo

Akaayiin koshoo nyaata aadaa uummata Oromoo ta'ee gosa midhaanii garbuu jedhamu irraa hojjetama. Akaayiin koshoo akkuma maqaa isaa irraa hubatamuu danda'utti waanta jiidhinsa hinqabne, waanta gogaa ta'e tokkodha. Kanaafuu, akaayiin koshoo akaayii dhadhaa malee hojjetamuufi sagalee kosh, kosh jedhu kan dhageessisu, gogaa ta'uu isaa mul'isuuf 'Akaayii Koshoo' jedhamuun waamama.

Akkaataan qophii akaayii kanaas, dura garbuun ijji isaa gurguddaa ta'e filatamee, soramee, keessaa funaanamee booda, hanga xuriin isaa gadhiisutti miicama. Inni miicame kunis

mooyyeetti naqamee taffagama. Erga taffagamee qolli garbuu firii isaa gadhiisee booda, mooyyee keessaa qodaatti naqameetu aduu keessatti afama. Isa booda, firiifi qola garbuu kanaa addaan baasuuf jecha deebi'ee qulleeffama. Erga qulleessuun isaa raawwatamee booda, abidda irratti eeleetti naqamee akaayama. Erga akaayamee boodas, yeroo murtaa'eef akka qabbanaahu ta'a. Qolli isaa inni irratti hafeeru isa dhumaaf akka irraa gadhiisuuf deebi'ee erga sheffamee booda, ammoos soramee qulleeffama. Dhumarrattis, nyaanni akaayii koshoo kun qofaasaas ta'e tumaa nuugii waliin nyaata guyyaa guyyaafis ta'e nyaata yeroo sirni tokko kabajamu qopheeffamee kabaja sirnichaaf dhiyaatudha. Nyaanni kun sirnoota jiran keessaa kan inni irratti dhiyaatu sirna kabaja Jaarii Kosii irrattidha. Nyaanni aadaa kun qofaa isaa kabaja sirna kanaarratti kan dhiyaatu otoo hintaane, gosoota nyaata aadaa kanneen biroo waliinidha. Ramaddiin nyaata kanaas, nyaatawwan aadaa kanneen yeroo muraasa keessatti faayidaa ala ta'an jala otoo hintaane, nyaatawwan aadaa yeroo dheeraaf faayidaa ala otoo hinta'iin turan keessatti ta'ee, inni kun yeroo dheeraa turuuf sadarkaa olaanaa irratti argama. Dabalataanis, nyaanni kun hanga nyaanni kanneen biroo qopheeffamanii dhiyaatanitti alanfatamaa ittiin nyaata qophaahaa jiru sana eeggachuuf kan tajaajiluufi akkasumas immoo, yeroo bunnii dhugamuuf jedhu buna dursee kanneen namatti qabaman keessa isa tokkodha (Aad/ Amanee Goobanaa, 23/02/2011).

4.1.5.2 Qorii

Akka odeeffannoo Aad/ Amanee irraa gaafa 23/02/2011 argameetti, akaayiin qorii nyaata aadaa Uummata Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaati. Akkaataan hojii isaas akkaatuma akaayiin koshoo hojjetamutti kan hojjetamu yommu ta'u, addaa addummaan isaas immoo, akaayiin qorii baqsaa dhadhaafi mi'eessitoota adda addaa of keessaa qabaachuu isaati. Akkaataan hojii akaayii qorii kun dura garbuun ija gurguddaa filatameetu sorama. Garbuun soramee, keessaa funaanamee qulqullaahes kun bishaan bulluqfameen hanga sirritti qulqullaahutti miicama. Isa booda, bishaan keessaa calalmuun hammaaramee moyyeetti erga naqamee booda, hanga firiin garbuu kun qola isaa irraa addaan bahutti tumama. Erga tumaan isaa raawwatamee boodas, mooyyee keessaa qodaatti baafamee walitti qabamuun akka bobbokokuuf ukkaamsameetu kaayama. Yeroo murtaaye booda, garbuun ukkaamsamee bobbokoke kun meeshaa mana keessaa gundoo jedhamuun soramee qulleeffama. Erga qulleeffamee boodas, abiddi qabsiisamee, eeleen sumsuma irra taa'ee erga o'ee booda,

garbuun qulleeffame sun dabaree dabareen hangi barbaadame eeleetti naqamuutiin akaayama. Akkaataan akaayii isaas, gartokkoon isaa gubatee gartokkoon isaammoo akka hindheedhanne, otoo harka irraa hin fudhatamiin sirriitti sochoosamee akaayama. Inni akaayames akka qabbanaahuuf yeroo murtaayeeff qodaa irratti diddirirfamee afama. Erga sirriitti qabbanaahuun isaa mirkanaahee booda, isa dhumaaf, qolli akaayii garbuu kanaa firiisaa otoo hingadhiisiin irratti hafee jiru akka gadhiisu gochuuf ammos akaayiin garbuu kun mooyyeetti naqamee sheffama. Tumaa salphaa ta'e kanaan firiin garbuu erga qola isaarraa addaan baasamee booda, gundootiin soramee qulleeffama. Dhumarrattis, akaayiin soramee qulleeffame kun gabateetti naqamee achi keessatti ashaboon, abasuudaafi kororimaan waliin daakaman, akkasumas immoo, mimmixni, walumaagala, mi'eessitootaafi urgeessitootni adda addaa hangi isaanii madaalamaa ta'ee fi dhadhaan urgaan isaa gama sanaa nama hawwatu baay'inaan itti dabalameetu akaayicha waliin walitti makamuun sukkuumamu. Dhumarrattis nyaata aadaa kanarraa fuudhamee erga dhamdhamamee booda, waantoonni hanqatan walduraa duubaan itti guutamaa nyaanni aadaa hawwatamaan kun qopheeffama. Nyaanni aadaa kun nyaatawwan aadaa kanneen dafanii faayidaa ala hintaaneefi yeroo dheeraaf arrii otoo hinbaasiin turan keessaa isa tokkodha. Kana malees, nyaanni kun nyaata sirna Gadaarratti dhiyatu, nyaata erga sirni gaa'elaa raawwatamee booda, misirroo ilaaluuf ykn tuhiif fudhatamee deemamu, nyaata yeroo dubartiin deessu ilaalcha isheef fudhatamee deememu, nyaata sirna kabaja Ayyaana Masqalaarratti intalli heerumte abbaa manaashee wajjiin ta'uun fudhatanii mana warra intalaa Giixxoof deemanifi nyaata yeroo kabaja ayyaana tokkoof ykn sirna tokkoof yeroo waamaman firri waliif qabatee mana walii demu keessaa isa tokkodha. Akaayiin Qorii yeroo baay'ee beela baasuuf akka nyaata isa kaaniitti afaan guutamee nyaatama otoo hintaane, erga nyaanni kan biroon nyaatamee booda, akaayiin qorii kun nyaata dabalataan suuta suuta nyaatamuun yeroon ittiin achi butamudha. Nyaanni kun erga nyaanni kan biroon nyaatamee quufamee booda kan inni namaaf dhiyaatu sababni isaa inni guddaan waan fedhii nyaataa fi dhugaatii nama nyaata nyaatee quufe sanaa deebisee akka gaariitti banuufidha. Kanaafuu, akaayiin qorii yommu nyaatamu waan suuta suuta nyaatamuuf, Oromoon yommu mammaaku, "Qorii gurra nyaatu," jedha mitiiree?

4.1.6 Daabboo

Daaboon gosootaa midhaanii adda addaa irraa kan hojjetamu yoo ta'ullee, irra caalaatti garuu gosa midhaanii qamadii jedhamu irraa hojjetama. Akkaataan hojiisaas dura qamadii gumaan isaa gurguddaa ta'eefi bifti isaa adii ta'etu filatamee waantonni barbaachisoo hintaane akka keessaa bahaniif erga soramee booda, kan darbee darbee keessatti hafees immoo midhaansaa asiifi achi haadhamee qubaan keessaa funaanama. Isa booda, hanga xuriin isaa keessaa bahutti irra deddeebisamee erga miicamee booda, mooyyeetti naqamee tumama. Kun kan akkas taasifamuf immoo, qamadii sanarraa qolli isaa akka addaan baasamuufi caalaatti midhaan qulqullinni isaa sirriitti eegame, yommu ilaalamus ija namaatti akka tolu gochuufi yommu nyaatamus fedhii nama nyaatu sanaa kakaasuun hawwataa akka ta'u taasisuuf gochi kun raawwatama. Qamadiin tumame kunis aduutti baafamee qodaarratti diddiriifamee afama. Erga gogee boodas qamadiifi qolli isaa akka addaan bahan gochuuf sirriitti soramuun qulleeffama. Ammos sirriitti akka goguuf deebi'ee aduu keessatti afamee erga sirriitti goguun isaa mirkanaayee booda, ni daakama. Daakuun isaas yommu daakamu akka tasaa waantonni hin barbaachisne adda addaa yoo keessatti argamaniif qulqulleessuuf jecha deebi'ee gingilchama. Dhumarrattis, daakuun kun furdatee bukeeffamee gosoota daaboo adda addaaf ooluu danda'a.

4.1.6.1 Daabboo Ukkaamsaa

Daaboon ukkaamsaa akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti gosa midhaanii qamadii irraa kan hojjetamu ta'ee, akkaataan hojii isaas qamadiin filatamaan isaa qulleeffamee, keessaa funaanamee booda, miicamee mooyyeetti naqamee hanga qolli isaa gadhiisutti taffagama. Inni taffagame kunis aduu keessatti afamee erga gogfamee booda ni sorama. Inni sorame kunis deebi'ee kan caalu akka goguuf aduu keessatti afama. Isa booda, kan caalu qulqullina midhaanichaa eeguuf jecha daakuun isaas ni gingilchama. Daakuun gingilchame kunis furdatee erga bukeeffamee booda, akka dafee kof jedhuuf raacatiin itti dabalamee waliin makama. Yeroo muraasa booda akka bukichi kof jedhetti eeleen sumsuma irra kaahamee, daaraan hammaaramee eelicharra naqamuun asiifi achi diddiriifama. Sababni akkas godhamuufiis, yeroo abiddi karaa jalaa itti bobbeeffamu daaboon tolfamu sun akka hin gubanneef, gubata jedhamees gar tokkoon isaa akka hinbukanneef, walumaa gala, otoo hin bukatiin, otoo hingubatiin sirriitti tolfamuu akka danda'uuf daaraan kun gargaara. Daaraa

eelee irratti diriirfame irrattis baalli warqee erga afamee booda, bukoon qamadii irra naqamee diddiriifama. Isa booda, karaa irraas baalli warqee bukichatti haguugamee eeleen kabiraammoo irraa gadi itti gombifama. Yommu abiddi itti bobeeffamu akka afuura hinbaafne, bakka hidhiin eelee gararraafi gadjallaa wal unatutti naanneeffamee dhoqqeedhaan maragama. Itti aansees, abiddi karaa jalaa erga itti bobeeffamee booda, takka turree jalaa haadhamee karaa irraas itti bobeeffama. Dhumarrattis sirriitti bilchaachuun isaa kan ittiin mirkaneeffamu, yommuu urgaan hawwataa ta'e eelicha daaboon irratti tolfamu irraa funyaan namaatti dhagahamudha. Bilchaachuun daabboo kanaa erga mirkaanaa'ee booda, qodaatti irra baafamee, baalli warqee irraafi jalaan itti qabatee jiru irraa gadhiisisee booda, yeroo muraasaaf akka afuura baafatu taasifama. Isa booda, daaboon kun nyaata mana keessaaf, kabaja ayyaana adda addaaf, fakkeenyaaf, kabaja Ayyana Masqalaaf, Faasikaaf, bara haaraaf, Ayyaana Cuuphaaf, ayyaanota Isilaamotaa adda addaaf, Ayyaana Qilleefi kabaja sirna gindii hiikaafaaf dhiyaachuu danda'a. Haalli dhiyeessii isaas, daaboon ukkaamsaa kun murmurameetu tokkoon tokkoon namootaa mura daabboo tokko tokko akka fudhatan qodaa irra naqameetu namatti qabama. Nyaanni kun yeroo baay'ee cuuphata malee kan nyaatamu yoo ta'ellee, namni barbaade, gosa cuuphataa kamiittuu cuuphatee yoo nyaate kan dhorku hinjiru (Aad/ Dinqinash Toleeraa, 17/03/2011).

4.1.6.2 Daabboo Mulmuli

Daabboo mulmuliin qamadiin ijatti tolu filatamee, soramee, keessaa funanamee booda qodaatti naqamee hanga xuriin isaa akka gaariitti gadhiisutti miicama. Erga sirriitti miicamee booda, bishaan keessaa calalamee fuudhamuun akka tumamuuf mooyyeetti naqama. Sirriitti tumamee qolli isaa erga irraa gadhiisee booda, qamadiin tumame kun qoodaa itti naqamee aduu keessatti afama. Erga aduun gogsee boodammoo, qola isaafi qamadii isaa addaan baasuuf gundootti naqamee sorama. Inni soramee calleeffame kunis ammos kan caalu akka goguuf aduu keessatti afamee erga gogee booda ni daakama. Midhaan daakame kunis kan caalu qulqullinni isaa akka eegamu gochuuf gingilchaatiin sirriitti gingilchama. Kunis, yommu qamadichi daakamu akka tasaa waantonni hinbarbaachisne daakuu sanatti galaniiru yoo ta'eef ittiin addaan baasuuf gocha raawwatamudha. Erga kun raawwatamee booda, daakuun meeshaa keessatti bukeeffamu keessatti naqameetu furdatee bishaaniin bukeeffama. Bukichi sa'a barbaadame keessatti akka dafee kof jedhu taasisuuf raacatiin itti dabalamee

waliin makama. Bukoon kun walnyaatinsa gaggeessee kof akka jedhetti, eeleen sumsumarra kaahamee, abiddi itti bobeesamuun bukoon sun ciccitee, mulumulamee baala warqeetiin haguugamee booda, hanga garaan eelee sanaa guututti keessa naqama. Isa booda, akkuma karaa jalaan abiddi itti bobeeffame sana karaa irraas eelee asii gadi itti gombifame sanarrattis dabalataan abiddi itti bobeeffama. Erga daaboon kun bilchaatee boodas, eeleen gadi itti qadaadame sun irraa fuudhamee booda tokkoon tokkoo daabboo mulmulli sun eeleeerra fuudhamee qodaarratti baafama. Isa booda, baalli warqee daaboon ittiin tolfame kun tokkoon tokkoo daabbichaa irraa gadhiisamee booda, nyaanni aadaa kun dhimmoota barbaadame adda addaaf oola. Nyaanni kun nyaatawwan aadaa kanneen biroo waliin ta'uun tuhiif gara mana intala heerumteetti maatii intalaa, firootan intalaafi olloottan warra intalaatiin geeffama. Akkasumas, yeroo isheen deessus haaluma wal fakkaatuun бага deessee intalaaf firri intalaa nyaata aadaa kana nyaatawwan aadaa kanneen biroo waliin geessu. Yeroo Masqalaas, intalli heerumtee mana dhaabde kun nyaatawwan aadaa kanneen biroofi dhugaatii aadaa waliin qabattee nyaata Giixxoof abbaa manaasheefi ijoollee yoo qabaattes ijoollee ishee waliin mana warrashee deemti. Kana malees, nyaanni kun nyaatawwan aadaafi dhugaatiwwan aadaa kanneen biroo waliin qabatamee kabaja ayyaana tokkoof nama waamicha nama waameef geeffama. Walumaagala, kabaja sirnoota adda addaa irratti bakkatti nyaanni aadaa kun biraa hafu hinjiru (Aad/ Dinqinash, 25/03/2011).

4.1.6.3 Daabboo Cuuphaa

Nyaanni aadaa Daabboo cuuphaa jedhamu kun nyaatawwan aadaa uummata Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessaa tokko ta'ee, yeroo baay'ee gosa midhaanii qamadii jedhamurraa hojjetama. Akkaataan hojii isaas akkuma daabboo gosoota biroo, qamadiin filatamaan isaa soramee, waantonni hinbarbaachisne keessaa funaanamanii, miicamee booda mooyyeetti naqamee taffagama. Inni tumame kunis aduutti baafamee erga gogfamee booda, soramee qolli isaafi firiin isaa akka addaan bahan ta'a. Ammos sirriitti akka goguuf qamadiin kulleeffame sun deebi'ee aduutti baafamee sirriitti erga gogfamee booda, ni daakama. Isa boodas, daakuun sun gingilchamee, furdatee bukeeffama. Yeroo barbaadame keessatti akka kof jedhuufis raacatiin itti dabalamee waliin makama. Akka bukichi kof jedhettis, abiddi qabsiisamee, eeleen irra kaahamee, bukkoon kof jedhe kun xixiqqeeffamee kukkutamuun barruu harkaa irratti duqunqulamee booda, asiifi achi diddiriisamee akka haphatu ta'a. Isa

booda, bukoon diddiriifame kun eelee buddeenaa o'erra naqamee bilcheessama. Erga bilchaatee boodas, daaboon kun eeleeerraa qodaatti erga irraa baafamee booda, dhadhaa baqfamee qodaa keessa jiru keessa cuuphamee itti gangalchamuun akka dhadhaa sirriitti of itti fudhatu taasifama. Isa booda, nyaanni aadaa kun dhimma barbae adameef oola. Maqaan daaboo kanaas 'Daaboo Cuuphaa' jedhamee kan waamamuuf, daaboon kun dhadhaa baqsamee jiru keessa cuucuuphamee qodaatti waan naqamuufidha maqaan akkanaa kun kennamef. Nyaanni aadaa kun sirna fuudhaafi heerumaa keessatti tuhii misirroo heerumte tokkoof gaafa bulti shanaffaa gosoota nyaata aadaa geessaman keessaa tokkodha. Haaluma walfakkatuun, yeroo dubartiin deessu, ilaalcha isheef nyaata aadaa qopheeffamee nyaatawwan aadaa kanneen biroo waliin qabatamee gara mana dubartii deesse sanaa geeffaman keessaa inni kun tokkodha. Akkasumas, kabaja ayyaanota adda addaarratti, fakkeenyaaf, ayyaanota kanneen akka Masqalaa, Faasikaafi, jijjiirama waggaafaarratti intalli heerumte tokko nyaata aadaa kana nyaataafi dhugaatii aadaa kanneen biroo waliin qabattee abba manaa waliin ta'uun gara mana warra ishee dhaqxi. Kanamalees, yommu firri waamicha fira waammatu, firoonni waamicha waamaman sun harka qullaa walitti hindeeman. Nyaata aadaa kanaafi kanneen biroo qabachuun kabajaan mana walii, dabaree, dabareetiin deemuun jaalala, gammachuufi tokkummaa isaanii kan ittiin hawaasni Oromoo ibsatu keessa tokkodha. Walumaa gala, nyaanni kun nyaatawwan aadaa jaallatamoo ta'an adda addaa keessaa isa tokko ta'ee, yeroo hedduu kan inni hojjetamu nyaata mana keessaaf otoo hintaane, nyaata yeroo sirni adda addaa raawwatamaniif qophaa'uudha (Aad/ Dinqinash Toleeraa, 17/03/2011).

4.1.6.4 Daaboo Daaraa Masqalaa

Nyaatawwan aadaa uummata Oromoo G/H/G/Wallaggaa ta'uun Gubaa Masqalaa irratti kanneen dhiyaatan keessaa tokko Daaboo Daaraa Masqalaati. Nyaanni aadaa kun yeroo hedduu kan inni irraa hojjetamu daakuu qamadii irraati. Bakka qamadiin hinjirre timmoo, daakuu xaafii irraa yerootti hojjetamu ni jira. Nyaanni kun yommu daakuu qamadii irraa hojjetamu, akkaatuma daakuufi bukoon daaboo gosoota biroo armaan olitti eeramanii qopheeffamaniittidha inni kunis qopheeffama. Bukoon Daaboo Daaraa Masqalaa kun gaafa guyyaa Masqalaa erga ibsaan Masqalaa baay'inaan bakka tokkotti gubatee barbadaan isaa bu'ee booda, bukoon kun ciccitee akkatuma daaboon Mulmulii bocameetti bukoon kun

barruu harkaa irratti dudunqulamee booda harkumarratti asiifi achi diddiriifamee, baalli warqee itti marmaramuun barbadaan daaraa Masqalaa sun asiifi achi haadhamee keessa naqama. Isa booda, barbadaan abiddichaa sun deebi'ee irratti galagalchamuun achi keessatti Daaboon Daraa Masqalaa kun akka bilchaatu ta'a. Erga bilchaatee boodas, abidda keessaa godaarratti baasamee baalli warqee daabbichatti maramee itti qabate sun irraa gadhiisamee booda, daaboon daaraa Masqalaa kun caccabsamee godaarra naqama. Isa booda, gosa biqiltuu kan ta'e tuufoon gurraachi ykn qurquffoon buqqifamee, biyyoon isaa irraa dhadhahamee, fixeensa ganamaatti rurrukutamee irraa miicaamuun, garri hidda isaa ramacii abidda Masqalaa keessa ruuqamee hidda biqiltuu kanarraa waantoonni fayyaa namaaf nagaan hin laanne akka irraa guggubatanii du'an taasifama. Isa booda, namoonni Gubaa Masqalaarratti argaman hangafootarraa eegalee hanga ijoollee xixiqqootti hidda biqiltuu kanaa ilkaaniin irraa kukkutachuun erga alanfatani booda, harka isaaniitti tutufuun namoonni hundumtuu qaama isaanii mataatii hanga miillaatti akka bofti isaan hinhiddineef akka armaan gadiitti sagadachaa qaama isaaniitti dibatu.

Bofti miila koo hinnyaatiin!

Bofti jilba koo hinnyaatiin!

Bofti garaa koo hinnyaatin!

Bofti laphee koo hinnyaatiin!

Bofti morma koo hinnyaatiin!

Bofti fuula koo hinnyaatiin!

Bofti mataa koo hinnyaatiin!

Bofti harka koo hinyaatiin! jechuun hundumtuu akka bofaan hinnyaatamneef ykn hin hiddamneef nageenya isaanii gara fuula duraaf hawwii isaaniifi kadhaa isaanii waaqa isaaniitti ibsatu. Kana booda, jaarsoliin akka hangafaafi eegootti walduraa duubaan biyyi biyya nagaan akka ta'u, barri bara nagaan, bara gaarii, bara quufaafi badhaadhinaa akka ta'u, namni akka nagaan ta'u, horiin akka nagaan ta'an sagadachuuf coqorosafi daraaraa keelloo kutanii daraa Masqalaa sana bukkee buusuun, isa irrattimmoo yoo jiraate booka, hinjiru yoo ta'e immoo farsoo buqqurii irratti dhibaafachuun, akkasumas, daddarbaa daaboo daaraa Masqalaa jiidha sana irratti daddarbachuun waaqa isaaniif sagadu. Yommu sagadanis akka armaan gadiitti jechuun sagadatu.

Baga nagaan bacaqii ganna irra gara booqaa birraatti nu ceesiste!

Barri bara nagaa haa ta'u!

Arfaasaan akkaan roobe, akkaan nuuf haa caamu!

Barri bara quufaa haa ta'u!

Namaaf nagaa haa buusu!

Horiif nagaa haa buusu!

Biyyaaf nagaa haa buuusuu!

Qilleensa hamaa nu bira haa dabarsu!

Kan nyaatamu sifa haa ta'u!

Kan nyaatamu quufa haa ta'u!

Quufti gabbina haa ta'u

Afaan namaafi garaa namaa tokko haa godhu!

Kan waliitti yaadnu otoo hintaane kan waliif yaadnu nu haa taasisu! jechuun erga sagada isaanii raawwatanii booda, tokkoon tokkoo namaa daabboo daaraa Masqalaa sana dhamdhamuun, gosoota nyaataafi dhugaatii ayyaana sanaaf qophaa'anii dhiyaatan hundaa wal duraa duubaan nyaachuufi dhuguu eegalu. Akka aadaa uummata Oromoo naannoo kanaatti, nyaanni aadaa kun erga nyaatamee booda, inni irraa hafu hingatamu. Gatamuu isaa miti, qorichummaaf baay'ee barbaadamaadha jedhamee amanama. Horiis ta'e namni garaa ciniinnaa qabu yoo jiraate, akkuma garaa ciniinnaan sun itti ka'een daabboon daaraa Masqalaa kun yoo kennameef ni fayya jedhamee amanama. (Ob/ Tashoomaa Rumichaa, 17/03/2011).

4.1.7 Tumaa Nuugii

Tumaan nuugii nyaata aadaa uummata Oromoo Godina Ho/Gu/Wallaggaa ta'ee, nyaata yeroo namni hojii oolee galu ykn karaa deemee galu hanga nyaanni kabiroo qopheeffamee dhiyaatutti nyaata kabiroo kan akka akaayii garbuu waliin namaaf dhiyaatee otoo alanfatamuu nyaanni kabiroo ittin eeggatamudha. Dabalataanis, nyaanni kun nyaata yeroo namni karaa dheeraa deemu akka galaatti fudhatee deemu keessaa inni kun tokkodha. Nyaanni aadaa kun nyaatawwan aadaa kabaja sirna Jaarii Koosii irratti dhiyaatan keessas tokkodha.

4.1.7.1 Akkaataa Hojii Tumaa Nuugii

Akkaataan hojii tumaa nuugii kun, dura nuugiin isaa sirriitti soramee erga qulqullaa'ee booda, eelee abiddarra kaa'amee o'isame irratti naqamee akaayama. Isa booda, abiddarraa baasamee mooyyee dhiqamee gogsame keessatti naqamee tumama. Kan inni tumamus al tokkotti namoota lamaanidha. Tumaan nuugii waan akka laayyootti hinraawwatamneef, rakkinni humna namaa yoo jiraate irraan ala, nama tokkoon tumamee iddoo hinga'u. Yommu tumaan nuugii kun raawwatamus, kaayyon isaa nuugii tumuu haata'uyyu malee, keessa keessa, namoota walfaana nuugicha tuman gidduu waldorgommii humna cimaa qabaachuufi dhabuutu jira. Innis, eenyu humna caalaatti akka qabuufi hinqabne bakkeewwan itti walqoran keessaa isa tokkodha. Inni dafee dadhabe dadhabina isaa baree bakkatti harka laatuufi inni dadhabsiise ammoo, bakkatti mo'ataa ta'uu isaa mirkaneeffatudha. Kana jechuun, kaayyoon dorgommii kanaa nuugicha tumanii bakkaan gahuuf haa ta'u malee, keessa keessas immoo hojii adda addaa hojjechuuf ciminniifi gahumsi namoota tumaa tuman kanaa hammam akka ta'e bakkatti walmadaalanidha. Yommu dadhabbiin jara lachuu hubatamu ammoo, namoonni ka biroo lama jarreen sana lamaan furanii, nuugicha itti fufinsaan akka tuman taasifama. Kunis, tumaan nuugi sanaa dadhabsiisaa waan ta'eef, gidduutti addaan otoo hincitiin, itti fufinsaan tumamee sadarkaa barbaadamu irra akka gahuuf gargaara. Kanarraan kan ka'e mitiree Oromoon yommu mammaaku, "Nuugiin tumanii nyaatan, humna baatterra hinjirtu," kan jedhu? Daawwattoonni bakka tumaa nuugii kanaatti argaman gama isaaniitiin tumaa nuugii sanaaf tumsa taasisan qabu. Innis, namoonni tumaa nuugiitiin wal dorgoman lamaan akka dafanii hindadhabneefi akka dafanii nuugicha tumanii bakkaan gahan gochuuf ciroowwaniifi himoota gaggabaabboo bifa weedduutiin ykn faaruutiin dhiyaatanii xiiqqii keessa nama galchan, nama kakaasaniifi nama onnachiisan itti fayyadamuun harka isaanii walitti rukutaa, sagalee isaanii sagalee tumaa nuugii sana waliin qindeessanii baasuun nuugichi akka dafee tumamee bahu sochii qaamaafi weedduu sagalee dhageessisan kanaan tumsu. Isaan keessaas, muraasni isaanii warreen armaan gaditti jedhamanidha.

4.1.7.2 Weedduu Tumaa Nuugii

Kaloon gamaa fura qaba

Kan dadhabe ulfa qaba

Ulfa maalii?

Ulfa raachaa, si maraacha
Ulfa hantuutaa, ittiin duuta
Ulfa booyyee, kaasi mooyyee
Ulfa xaddee, har'a badde
Ulfa fatte, ingatatte
Ulee ceekaa
Dadhabbii kee, anuu beeka
Citaan cabe
Sin taajjabe
Waciitiin- sarara
Duuti kee- barana
Simbirroo karaa gubbaa
Dadhabdeettam yaa gurbaa
Tumaan isaa hoo takka tura
As kenni kaa sin furaa,

jechuun jarreen tumaa tumaniin xiiqii keessa galjchaafi jajjabeessaa tumaan nuugichaa otoo addaan hincitiin akka tumamu taasifama. Yeroo tumaan nuugii kun raawwatamu kanatti, afwalaloon armaan olitti daawwatootaan walaleeffamu kun, yommu daawwattoonni sagalee tumaa nuugii sana faana jedhan, haamilee jarreen tumaa sana tumanii kan cabsu fakkaatee haa dhiyaatuyyuu malee, ergaan isaa inni guddaan garuu, jarreen tumaa tuman sana xiiqii keessa galchuufi onnachiisuun tumaa nuugii humna guddaafi yeroo dheeraa fudhatu kana hanga danda'ame saffisaan tumanii baasuuf toftaa kalaqamedha. Erga nuugichi sirriitti tumamee dibata mataa isaatiin cululuqee booda, akka walqabatee taa'u gochuuf mooyyee sana hidhii isaa qabuun asiifi achi raasu ykn naannessu. Erga nuugichi sirriitti walqabatee boca kubbaa qabatee boodammoo, qodaa isaaf qopheeffametti baafama. Yeroo nyaataaf barbaadamu, hangi barbaadamu fal'aanaan kutamee gosa nyaata biroo waliin namaaf dhiyaata. Gosti nyaata aadaa kun erga qopheeffamee booda, akka nyaatawwan aadaa gosoota biroo yeroo gabaabaa keessatti faayidaa ala ta'uun yeroon tajaajila isaa kan irra darbu otoo hintaane, yeroo dheeraaf otoo hindhalaayiin turee, nyaataaf nama tajaajila. Kanaafuu, namoonni karaa dheeraa deeman nyaata aadaa kana akaayii garbuu waliin galaa isaa naqatanii deemuun bakka deeman sanatti yeroo dheeraaf itti tajaajilamu. (Aad/ Baatuu Hirphaa, 26/03/2011).

4.1.7.3 Tumaa Nuugii Kabaja Sirna Jaarii Kosiif

Tumaan nuugii kabaja sirna Jaarii Kosiif iddoo guddaa qaba. Nyaanni aadaa kun akaayii garbuu koshoo jedhamu waliin walitti makamee nyaatawwan aadaa kanneen biroo waliin kabaja sirna Jaarii Kosiif dhiyaata. Kabaja Jaarii Kosii kanarratti tumaan nuugii akaayii koshoo waliin, akkasumas immoo, nyaatawwan aadaa garaagaraafi dhugaatii aadaa garaagaraa kanneen akka daddarbaafi akka dhibaayyuutti nama tajaajilanitti fayyadamuun yommu sagadatan, waaqxi uumaa isaanii ta'e sun utaalloo hamaa, qufaa hamaa, qakkee hamaa, dhukkuboota daddarboo ta'aniifi kaneen biroo akka isaan bira dabarsuufidha nyaata aadaa kanatti fayyadamu. Kana malees, tumaan nuugii kun kabaja sirna jaarii kosiif fayyaduorra darbee, akka qoricha aadaattis yeroo tajaajilu ni jira. Fakkeenyaaf, nama dhullaan ykn dhiitoo qabate, yoo tumaa nuugii nyaachisan, ilkeen dhullaa sanaa ykn dhiitoo sanaa salphaatti waan bahuuf, namni dhukkubichaan qabamee tumaa nuugii kanaa nyaatee fayyu, lammata dhukkubichaan hinqabamu waan jedhamuuf, uummatichi akka qoricha aadaatti itti tajaajilamaa tureera (Aad/ Baatuu Hirphaa, 26/03/2011).



Suur (2) Akaayii Koshoofi Tumaa Nuugii argisiisu

4.2 Qaaccessa Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirnoota Waliin Qabu

Uummanni Oromoo yeroodhaa yerootti sirnoota adda addaa kabajatu kan mataa isaa kan ta'e qaba. Sirna yommuu jedhamu aakkaataa raawwii aadaalee nama gammachiisan ykn kanneen nama gaddisiisan ta'ee, adeemsota jiran agarsiisuun kan itti ibsamanidha. Hawaasa tokko keessatti sirnoonni gochoota aadaa hawaasichaa calaqisiisan kunneenis hawaasicha abbaa aadaa ta'e sana biratti irra deddeebiidhaan raawwatamuun kanneen beekamanidha.

Filee Jaallataa (2016:120). Peck fi Yankah (2004:70) wabeeffachuun yommuu ibsu, "people in particular African societies recognize and practice a number of different ritual performance. This might be concerned with religion, healing, political family relations, individual and social transformations and other matters as well."

Akka barreeffama armaan oliirraa hubatamuu danda'utti, raawwiin sirnoota adda addaa biyyoota Afriikaa adda addaa keessa jiraachuu isaaniifi isaanis ammoo kanneen akka sirnoota, siyaasa, sirna gaa'eelaa, sirna awwaalchaa, waldiddaa ykn waldhabdee hiikuu, jijjiirama amala dhuunfaafi hawaasaa warren gurguddoo ta'uu isaniiti. Uummanni Afriikaa keessa jiran aadaafi duudhaa isaanii dhaloota irraa dhalootatti dabarsaa yeroo ammaa Kanaan gahaniiru.

Dabalataanis, Filee jaallataa. (2016:122). Stephens. (2005:2) wabeeffachuun yommuu kaa'u, "Rituals are frequently highly organized and controlled often meant to indicate or announce membership in a group. Most rituals bring together many types of folklore: verbal's such as chants, recitations, poems, or song customary such as gestures, dance or movements, materials: such as food books awards, clothing and customs," jedha.

Akka barreeffamni kun ibsutti, sirnoonni adda addaa bifa irraa deddeebiifi qindoomina qabaniin aadaa garee uummata tokkoo ibsuuf gargaaru. Sirnoonni kunneenis beekumsa uummataa afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darban kanneen akka sirbaa, booyichaa, weedduu, walaloo ykn farfannaafaa yommu ta'an, waliigaltee sochii qaamaan raawwatamu, sirbaafi waantota aadaa kanneen akka nyaataa, uffannaafi duudhaa hawaasichii qabufaati.

Haaluma walfakkaatuun, uummanni Oromoos yeroodhaa yerootti sinoota adda addaa kan kabajatu kan mataa isaa kan ta'e qaba. Akkuma sirnoonni kabajaman kunneen adda

addummaa qaban, akkaataan kabaja isaanii, yeroon kabaja isaaniifi bakki kabaja isaaniis garaagarummaa qabu. Kana malees, gosoonni nyaataafi dhugaatii aadaa sirnoota kunneeniif qophaahanis adda addummaa qabu. Haata'utii, qophiin nyaataafi dhugaatii akkuma adda addummaa qaban, bakkatti haala walfakkaatuun hojjetamanis ni jira.

4.2.1. Hariiroo Nyaanni Aadaa Oromoo Sirna Fuudhaafi Heerumaa Waaliin Qabu

Sirni fuudhaafi heerumaa uumamaan dhirriifi dhalaan walcinaatti argamuun adeemsa gaa'ela isaanii kan itti raawwatanidha. Fuutiifi heerumni kun ammoo, namoonni saalaan faallaa ta'an lamaan waliin jiraachuufis ta'e dhala walirraa horuuf gocha raawwatanidha. Gochi fuudhaafi heerumaa kun ammoo sirna uummaticha biratti kabajamaa ta'eefi iddoo guddaa qabudha. Uummatichis haala miidhagaafi hawwataa ta'een sirna kana kabajata. Sirni fuudhaafi heerumaa kun haala walfakkaatuun manneen misirroota lachuutti ni kabajama. Akkaataa uummata Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horrootti, sirni fuudhaafi heerumaa kun karaa adda addaa raawwatama. Isaanis kaadhimmatanii fuudhuu, aseennaa, cabsaafi butiifaati. Feedhii fi waliigaltee, akkasumas, jaalala namoota walfuudhuuf yaadan irratti hundaa'ee, gosoota fuudhaafi heerumaa kanneen keessaa tokkoon walfuudhuu danda'u. Kunis, qabeenyaafi waliigaltee jarreen lachuu qaban irratti hundaa'a. Haata'u malee, sirni fuudhaafi heerumaa butiifi cabsaatiin gaggeeffamaa jiru humnaan akka durii dirqisiisanii fuudhuu haa fakkaatuyyuu malee, yeroo ammaa kana fedhii mucayyoo durbaan ala dirqamaan kan raawwatamu miti. Kun raawwatame jennaanis, qaamni gocha kana raawwatee argame seeraan adabsiifama. Akka kana hintaanee ammoo, yeroo ammaa yeroo teekinooloojiin babal'atee jiru waan ta'eef, namoonni waliin haasahuu barbaadan otoo namni kabiraa hindhagahiin, icciitii isaanii eeggachuun waa'ee dhimma fuudhaafi heerumaa isaanii irratti haasahanii haala isaaniif mijataa ta'e irratti waliigaluun raawwii isaatti galu. Kanarraan kan ka'e, butiitiin fuudhuun ammallee darbee darbee badiyyaa keessatti yoo mul'atellee, akka durii mucayyoo durbaa fedhii isheetiin ala dirqiidhaan butanii fuudhuun hafeera jechuun nama dandeessisa. Gochi kun darbee darbee jiraatus, waliigaltee isheerratti hundaa'ee yoo taasifame malee, dirqiidhaan taanaan, gurbaan gocha kana raawwatu gara mana misirrooti otoo hintaane, faallaa isaa kan ta'e gara mana sirreessaatti akka geeffamu innis ta'e hawaasni naannootti argamu hubannoo waan qabaniif gochi akkanaa hafee jira jechuun nama dandeessisa. Karaa kamiinuu haata'u, sirni fuudhaafi heerumaa jarreen saalaan

faallaa ta'an gidduutti yommuu raawwatamu, haaxiqqaatus, haa guddatus, haala jiruufi jireenya jarreen lachuuratti hundaa'ee, manneen namoota walfuudhan lachuuttuu haala walfakkaatuun kabajni sirni fuudhaafi heerumaa kun ni gaggeeffama. Yommuu kabajni fuudhaafi heerumaa kun gaggeeffamu kana, gosoonni nyaata aadaa, dhugaatii aadaafi sirboonni ykn faaruwwan aadaa bakka firri, jaalalleewwan, ollootniifi hiriyyoonni waamamanii argamanitti nyaata aadaa qopheffamee dhiyaate nyaachaafi dhugaatii aadaa dhugaa, akkaataa amantii misirroota lamaanii otoo shubbisamuu, otoo farfatamuu, otoo eebbi eebbifamuu, otoo galateeffatamuu, sirni fuudhaafi heerumaa kun haala nama gammachiisuun kabajama.

Karaa biraammoo, sirna kadhatanii fuudhuu keessatti dhimmamtoonni lamaan, ykn, intallii fi gurbaan dursanii marii gaggeessuun waliigalteerra gahu. Erga waliigalteen kun raawwatamee booda, gurbaan akka fuudha barbaade kallattiinis ta'e al-kallattiin warra isaatti hima. Maatiin gurbaas fedhii mucaa isaanii erga hubatanii booda, intalli inni fuudhuuf barbaade kun intala warra eenyuu akka taate qoratu. Kan itti gammadan yoo ta'e, mucaa isaaniitiin, "Kan ati jaallatte, siif jaallanneerra," jechuun gaaffii isaaf deebii kennu. Isa booda, warri gurbaa kanaa jaarsolii filatanii gara warra intalaatti ergu. Jaarsoliinis akkaataa aadaa fuudhaafi heerumaa naannoo isaaniitti mana warra intalaa dhaquun warra intalaatti dubbatu. Warri intalaas dhimmicharratti mariyatani deebii jaarsoliif kennuuf beellamu. Hanga gaafa beellamni gahuutti, seenduubee gurbaafi kan maatii isaa qorachuun kan itti gammadan yoo ta'e, akka intalli isaanii gurbaa kanatti heerumuu barbaaduufi hinbarbaanne fedhiishee gaafatu. Yoo isheen eyyemamtuu taate, warri intalaa kun biqila biqilchani ilaaluun hiika itti kennu. Biqilli biqilchame kun mudaa malee sirriitti kan biqile yoo ta'e, maatiifi firri intalaa wal ilaalchisanii itti gammaduun intala isaanii heerumaaf akka laatan irratti waliigalu. Wanti biqilu ykn margu tokko akkuma walhoree dabaluu, jiruufi jireenyi intala isaanis yoo kaadhimaashee waliin taate, qabeenyas ta'e dhala horanii akka guddina gaarii argisiisan fakkoommii biqila kanaan hiika itti kennu. Akkas ta'uu baatee, biqilli otoo hin biqiliin hafnaan, milkiin akka intala gurbaaf hin laannetti waan hiikamuuf, intala isaanii akka hin kennine murtiirra gahuun murtee isaanii gaafa guyyaa beellamaa jaarsolii deebi'anii dhufan itti himuuf waliigalu.

Gaafa guyyaa beellamaa kanaas akka milkiin isaaniif hinlaanneefi aadaa uummatichaa cabsanii kennuu akka hindandeenye jaarsoliitti himuun jaarsoliin dhufan kabajaan akka deebi’anii galan taasifamu. Haata’u malee, biqilli sirriitti biqilee warrii intalaas intala isaanii kennuuf eyyemamoo yoo ta’an, jaarsolii kabajaan dhufan kana simatanii erga nagaa walgaafatanii booda, otoo haasoon fuudhaafi heerumaa hinsaaqamiin dura, jaarsoliin hangafoota ta’an akka sagadanii waaqa kadhatan afeeramu. Erga sagadni raawwatamee booda, gama jaarsolii warra gurbaa keessaa beellama isaanii kabajanii akka dhufaniifi dhimmichi beellamamaniifis maalirra akka gahe kabajaan jaarsolii gama warra intalaatiin gaafatu. Jaarsoliin gama warra intalaa ta’anis, “Seera aadaa Oromoo kabajjaniin intala keenya akka ilma keessanitti heerumsisnu nu gaafattaniittu. Milkiinis kennee, nutis jaallannee intala keenya isiniif kennuuf eyyamamoo taaneerra. Isinis, akka seera Aadaa Oromoo naannoo keenyaatti waan aadaa ayyoofi abboof jiru guuttanii akka fudhattaniif isin gaafanna,” jechuun warra gurbaa deebii eeggachaa jiraniif deebisu. Jaarsoliin gama gurbaan dhufanis waan gaafataman kana waan durumaan beekaniif, dursanii itti qophaahanii dhufu. Haata’uuti, akka nama dubbiin hingalleefiitti, maaltu godhamuu akka qabu deebisanii jaarsolii warraa abbaa durbaatiin gaafatu. Isaanis immoo, “Aadaan Oromoo qooda qaba; danbii qaba; nuti intala isiniif laanneerra; qoodaafi danbii ittiin bulmaata keenyaa nuuf guutaa isiniin jenna,” jechuun qarshii ol guddisanii gaafatu. Jaarsoliin warri karaa gurbaas karaa hangafa isaanii, “Eeyyee, haason keessan nuuf gala, garuu mammaaksi Oromoo, ‘Jira gatiin durbaa, hindagatiin gurbaa,’ jedha mitiiree?” jechuun isa isaan kaffalti jiru ol kaasaniif komii isaanii ibsatu. Dhumarrattis waliigalteen taasifamee yeroof qarshii 1000.00 (kuma tokko) kaffalanii beellama itti aanutti waan guutamuu qabu hundaa guutuuf, akkasumas immoo, akka tasa namni waliigaltee taasifame kana diigee argame maal akka adabamu irratti waliigalanii ka’u. Warri intalaas keessummoonni gara mana isaanii dhaqanii akka buna dhuganii galan karaa jaarsolii isaanii gara manaatti waamu. Jaarsoliinis kabajaan dhaqanii dhangaa qophaa’e nyaatanii dhuganii kabajaan gara mana warra gurbaatti deebi’uun waliigaltee raawwatame warra gurbaatti himu. Beellama dhufuttis waan guutamuu qabu hundaa guuttachuun guyyaa gaa’elli raawwatamu murteeffatu. Hanga gaafa guyyaa gaa’ela sanaatti gama misirroota lachuutiin qophiin adda addaa erga taasifamee booda, gaafa guyyaan isaa gahu sirni fuudhaafi heerumaa kun raawwtama (Ob/ Margaa Dheeressaa, 12/08/2011).

Nyaanniifi dhugaatiin aadaa garaagaraa gaafa sirni fuudhaa fi heerumaa gaggeeffamu qophaahan kan yeroo biroo qopheessaman irraa addatti, ykn, nyaata guyya guyyaaf dhiyaatan irraa addatti qophaahu. Qophiin nyaataafi dhugaatii aadaa kanaa kan adda isa taasisu sababa mataasaa qaba. Innis, dhangaan qopheeffamu kun maatii mana sanaa qofaan manuma keessatti nyaatamee kan hafu otoo hintaane, dhanga keessummoonni hedduumina qaban adda addaa afeeramanidha. Keessummoonni kunneenis hamaamota, firootan fagootiifi dhiyootii dhufaniifi namoota naannootti argamanfaati. Kanarraa kan ka'e, dhangaan qophaahu hedduumina keessummoota gama misirroota lachuunuu irraan kan ka'e, akka wal hinhanqanneefi keessummoonnis namarratti akka komii hinkaafneef, akkasumas, nyaanniifi dhugaatiin gahaa ta'aniifi qulqullinni isaanii olaanaa ta'eefi keessummoota birattis fudhatama guddaa qabaachuun kan nama boonsan ta'anii hojjetamuu waan qabaniifidha yeroon dheeraa itti kennamee humni namaa baay'ina qabu itti ramadamee kan dhangaan kun addatti hojjetamu. Nyaanniifi dhugaatiin maaliif barbaachise? yoo jedhame, gammadani bashannanuufis ta'e ittiin misirroota lamaan eebbisuuf nyaanniifi dhugaatiin aadaa jiraatan malee, kabajni sinichaa hiika qabeessa hinta'u. Kanarraan kan ka'e, nyaanniifi dhugaatiin aadaa sirna kana dabalatee sirnoota kabiroo waliinille hariiroo cimaa qabu.

Gosoonni nyaata aadaa sirna fuudhaa fi heerumaa irratti argaman buddeena xaafii adii ittoo foon diimaafi alliccaa waliin, buddeena ittoo lukkuu waliin, murata foonii, akaayii qoriifi cumboofaati. Gosoonni dhugaatii aadaa kabaja sirna kanaarratti dhiyaatan ammoo farsoo buqqurii, farsoo geeshoo, aannan, bulbula dammaa, daadhii ykn booka, haraqeefi yeroo dhiyoo kan eegalame dhugaatii amantoota piroteestantii 'juusii' jedhamufaati. Kanneen nyaatamaniifi dhugaman keessaa abbaan kan jaallate keessaa filatee nyaachuufis ta'e dhuguuf carraa filannoo qaba. Gosoota nyaata aadaa jiran keessaa eebba misirrootaaf kan dhiyaatu cumboo yommu ta'u gosoota dhugaatii keessaammoo eebba misirroota lamaaniif kan dhiyaatu aannani. Bulbulaan dammaa, booktiifi buqquriinis ni ta'u. Cumboos ta'e aannan waan sa'aa irraa (milk and milk product) qopheeffamu. Gosoonni dhangaan waan sa'arraa qopheeffaman ammoo, yommu nyaatamanis ta'e yommu dhugaman waan nama qabbaneessaniif, misirroonni lachuu jiruufi jireenya isaanii keessatti aarii tokko malee wal qabbaneessaa akka jiraatan fakkoomii kanaan yaadaafi hawwii isaanii misirroota lachuuf eebban ibsu. Nyaanniifi dhugaatiin kanneen hafan nyaatamanii dhugamanii keessummoota

akka gammachisaniifi bashannansiisan, akkasumas, sirna fuudhaafi heerumaa kana miidhagsuuf gahee guddaa taphatu (Aad/ Amanee Goobanaa, 19/08/2011).

Akka aadaa Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horrootti yommuu sirni fuudhaafi heerumaa gaggeeffamu, misiroota lamaanii karaa maatiiwwan isaanii eebba eebbisamu. Eebbi kun misirroonni lamaan jiruufi jireenya isaanii keessatti guufuu fi guufaatni akka isaan hinarganne, nagaan akka walfaana jiraatan, akka horanii dabalani eebbisamu. Eebbi ebbifamu kun bakka adda addaafi yeroo adda addaatti taasifama. Innis, mana warra misirroo gurbaatti - yommuu gurbaan mana warra isaatii bahuuf jedhu, mana warra misirroo intalaatti- yommuu gurbaan intala mana warra isheetii fudhatee bahuuf jedhuufi ammos, mana warra gurbaatti- yommuu gurbaan intala fudhatee galu maatiiwwaniifi firoottan aantee gurbaa ta'aniin eebbi kun akka armaan gadiitti raawwatama. Eebba yommu gurbaa:

Waleensuu kormaa ta'i
Yaabbii fi bu'aatii dhowwadhu
Handoodee kormaa ta'i
Bonaaf ganna lalisi
Abidda tulluu ta'i
Duubaafi fuunduratti ifi
Coqorsa ta'i
Hidda sagaliin dagaagi
Alaltuu laga irraa ta'i
Bonaafi ganna lalisi
Addaafi addunnaa godhu
Hamtuun sinargatiin
Dabaaf jallataa sirraa haaqabu
Qajeeltoo sitti haaqabu
Nuti si eebbisnee

Waaqni si haa eebbisu, jechuun warriifi firoottan aantee gurbaa ta'an eebbisani gaggeessu. Yommuu tokkoon tokkoo eebba kana jedhamu misirroon eebifamu kun "Amen, Amen..." jechuun eebba kana fudhata (Ob/ Gobooshoo Lamuu, 30/08/2011).

Eebbi misirroota lamaanii mana warra isaanii lamaanitti haala wal fakkaatuun raawwatama. Innis nyaanni aadaafi dhugaatiin aadaa garaagaraa keessummootaaf dhiyaatanii erga nyaatamanii dhugamanii bood, maaddiin kabiroo jara misirrootaaf dhiyaata. Innis, cumboodha. Dhugaatiin immoo eebbaaf aannaan ykn bulbula dammaa ykn booka ykn

ammoo buqquriitu dhiyaata. Kana booda hundumtuu warrii naannoo cumboo sanaa jiran maaddii sana qabatu; dhugaatiin isaanis itti gugguutamee qabatama. Kunis, yommuu eebbi eebbifamu, jiruufi jireenyi misirroota sanaa akka guutuuf maatiin misirrootaa hawwii isaanii ibsatu. Maatiin misirrootaa bakkeewwan lamaanuu akka armaan gadiitti jechuun misirroota lamaan eebbisu.

Coqorsa ta'aa
Hidda sagaliin dagaagaa
Handoodee kormaa ta'a
Yaabbiifi bu'aatii dhowwadhaa
Alaltuu laga irraa ta'aa
Bonaaf ganna lalisaa
Abidda tulluurraa ta'aa
Duubaafi fuulduratti ifaa
Cirracha abbayyaa ta'aa
Lakkaahamtanii hindhumiinaa
Booka ta'aa
Walitti urgaahaa
Damma ta'aa
Walitti mi'ayaa
Aannaaniifi garaa ta'aa
walqabaneessaa
Jaldeessa gaaraa ta'aa
Garaafi dugdatti baadhaa
Waliif dhagahaa
Waliif beekaa
Hamaafi hamtuu sinirraa haaqabu

Walitti isin haajaallatu, jechuun maatiin misirrootaa erga eebbisanii booda, dhugaatii eebbaaf dhiyaaterraa gurbaan misirroon irraa akka habbuuqqatee liqimsu ta'a. Isa booda, misirroo intalaattis qabuun akka irraa habbuuqqattee liqimsitu taasifamti. Eebbisamtoonni lamaan eebba eebbisame sana ofitti fudhachuu isaaniifi gargaarsa waaqaan hojiirraa akka oolu amanuu isaanii agarsiisa. Mana warra intalaatti dhangaan dhiyaatee erga nyaatamee, dhugamee booda, miinjoliin kennaa ykn gumaata intalaaf kenname lakkaahanii fuudhu. Isa booda, hunduu akka amantaa misirroota lamaanitti shubbisa ykn farfannaafi ililleetiin misirroota gar mana warra gurbaatti gaggeessu. Mana warra gurbaattis, simannaan o'aan erga misirrootaaf taasifamee booda haaluma walfakkaatuun, akkuma gosoanni nyaata aadaafi dhugaatiin aadaa garaagaraa mana warra intalaatti dhiyaataniifi akkuma eebbi mana warra

intalaatti raawwatameetti waanti hunduu mana warra gurbaattis raawwatama. Isa booda cumboo, buddeena ittoo diimaafi halliccaa, kan ittoo lukkuu, akaayii qorii, murata foonii nyaachuu, akka amantaa abbaatti, farsoo gosa adda addaafi haraqee dhuguu, cooma kutachuu, booka unachuu, sirbuufi gammaduun itti fufaa. Walumaagala, sirna fuudhaafi heerumaa kanarratti eebbisanii haawwiifi gammachuu isaanii kan ittiin ibsatan nyaanniifi dhugaatiin aadaa yoo jiraate qofaadha. Kanaafuu nyaanni aadaafi sirni fuudhaafi heerumaa hariiroo cimaa qabu waan ta'eef, wal irraa adda bahuu hindanda'an (Ob/ Gobooshoo Lamuu, 30/08/2011).

4.2.2. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Masqalaa Waliin Qabu

“Ayyaanni Masqalaa Ayyaanoota waggaa waggaan kabajaman keessa tokko ta'ee, kan inni kabajamus birraa yommuu bacaqiin gannaa darbu gaafa fuulbaana 17ti. Ayyaanni kun bakka garaagaraatti maqaa garaagaraan beekama. Innis, Masqala, Ibsaa Saddeetaa, Ifaannoo, Gubaa jedhamuun waamama.” (Gumii Waaqeffannaa Addunyaa 2018:118)

Ayyaanni kun uummata Oromoo biratti haala o'aa ta'een kabajamaa tureera. Ummanni Oromoo immoo amantii adda adda akka hordofan beekamaadha. Kanneen keessaa, uummanni Oromoo Ayyaana Masqalaa kabajan warra amantaa Waaqeffannaafi Ortoodooksii amananiidha. Ayyaana kana kabajuufis dursanii waantoonni raawwatamuu qaban ni jiru. Isaan kunis warrii dhiiraa muka ibsaa funaananii ibsaa Masqalaa hidhu; horii qalma qopheessuu; damaraa mana keessaafi alaa gaafa fulbaana 16 muranii damaru. Damaraan gosoota sadii qaba. Isaanis: damaraa balbalaa, damaraa mana keessaafi damaraa bakkeeti. Damaraan balbalaa mukoota jiidhaafi dheedheeroo ta'an kanneen akka makkanniisa, laaftoo, ejersa, abbayyiifi anfaarefaati. Isaanis mudhiitii gadi quncisamanii manatti hirkifamuun damaramu. Baayinni mukoota damaraa kunis gartokkoon muka 3, gartokkoon muka 4, walitti qabaatti mukoota 7, yookaan immoo gartokkoon muka 2, gartokkoon muka 3, walitti qabaatti mukoota 5tu damaramu. Damaraan gosti lammaffaa immoo gudeeshi laaftoofii makkannisaa falaxamanii mana keessatti abiddatti naqamuun damaramu. Damaraan inni sadaffaa immoo damaraa bakkeeti. Inni kunimmoo mukti laaftoo dheeraa ta'e gosa damaraa manatti hirkifamuu ta'ee, bakka ibsaan masqalaa gubamutti hordamee dhaabbata. Mukti jiidhaa kabiros falaxamee mukicha hordamee dhaabbatetti

naanneeffamee hirkisamuun damarama. Erga kun xumuramee galgala keessaa naannoo sa'a tokkotti, jiidhi ykn coqorsaafi caffen haamamanii qophaahan damaraa mana keessaarra afamu. Isa booda, cumboo ykn buddeena baaduufi cororsaan irratti ta'erraa kutamee cuuphatichatti cuuphamee booda, damaraa balbalaa karaa harka mirgaafi karaa harka bitaatti argaman jalatti daddarbatamee waaqaaf sagadama. Farsoonis itti dhibaafatamee waaqxi kadhatama. Yommuu waaqni kadhatamus nyaata daddarbatamu darddarbachaafi dhibaayyuu dhibaafatamu dhibaafachaadha waaqni kadhatama. Yommu daddarbatamuufi yommu dhibaafaatamu himoota kadhannaa ykn sagadaa gochoota raawwataman faana adeemsisuunidha dubbachaa sagadatu. Innis akka armaan gadiitti dhiyaata.

Toli! Toil!

Waggaa waggaan nu gahi

Waggaa waggaan nutti naannahi

Manaafi alaan nuuf toli

Namaafi sa'aaf nuuf toli

Toshituu, mortuu balleessi

Goomattuu nurraa qabi

Nama nagaa nutti qabi

Akkaan nuuf roobde

Akkaan nuuf caami

Birraan birraa nagaa nuuf ta'i

Biyya biyya nagaa nuuf godhi

Nuti kan namaa hinbarbaannu

Kan keenya kan barbaadu nurraa qabi, jechuun sagadatu.

Namni damaraa muru dhiira kamiyyuu yommuu ta'u, namni damaraa damaruu, namni daddarbaa daddarbatuufi namni dhibaayyuu dhibaafatu garuu abbaa manaadha. Yoo abbaan manaa hinjiraanne, ilma hangafa ta'etu damara.

Gaafa Fuulbaana kudhatoorbaa, namoonni hunduu barii naannoo sa'a kudha tokkoofi walakkaatti ka'anii ibsaa Masqalaa qabsiifatu. Abbaan warraa ibsa Masqalaa lama harka lamaanitti qabatee abiddatti qabsiifachuun qodaa bukoofi qodaa aannaniitti qabee sagadata. Yommu sagadatus akka armaan gadiitti jechuunidha. (Madda: Ob/Tashoomaa Rumichaa: 17/01/2011

Cimdii nu dhaabi

Nu hinbaaqqessiin

Toshituu balleessi
Mortuu balleessi
Fuutuu balleessi
Toli! Toli!
Maatii keenyaaf toli!
Horii keenyaaf toli!
Biyya keenyaaf toli! Jechuun sagadatu.

Yommu abbaan warraa ibsaa isaa harka lamaanitti qabatee gadi bahu, maatiin hundinuu balbalarratti isa eeganii Ibsaa Masqalaa isaanii isa irraa qabsiifatu. Ibsaan kan namoota hundaa bakka damaraan inni bakkee jirutti gubama. Yommuu ibsaan kun gubamus, Waaqa isaanii nagaan booqaa birraatiin isaan ga'e kana, ammos gara fuulduraatti akka nagaan isaan jiraachisuuf akka armaan gadiitti jechuun kadhatu (Ob/ Tashoomaa Rumichaa, 17/01/2011).

Toli! Toli!
Waggaa waggaa nu gahi!
Wagga waggan nutti naannahi!
Baga booqaa birraan nu geesse!
Namaafi sa'aan nuuf toli!
Keessaafi alaan nuuf toli!
Fayyaafi nagaa nuuf kenni!
Birraan- Birraa gammachuu!
Birraan- Birraa jaalalaa!

Birraa badhaadhinaa nuuf ta'i! jechuun waaqaaf sagadaa tokkoon tokkoon namaa ibsaa isaa guba. Gubaa ibsaa kanarratti dhiirris dubartiinis ni hirmaatu.

Karaa biraammoo, dubartoonni nyaata aadaafi dhugaatii aadaa adda addaa akkuma qabeenya abbaa isaatti xiqqaatii eegalee hanga guddaatti qopheessanii kabaja ayyaanichaaf dhiyeessuun gahee isaanii bahu. Ibsaan gubatee yommu ramaciin abiddaa bu'u, bukoon daakuu qamadiifi garbuurraa furdatee bukeeffame baala warqeetti marmaramee, ramaciin sun asiifi achi haadhamee keessa kaahamee booda, akka bilchaatuuf ramacichi deebi'ee itti haguugamee akka irratti bobahu ta'a. Daaboon kun yommu bilchaatu, ramacicha keessaa baasama. Maqaan daabboo kanaas Daabboo Daaraa Masqalaa jedhama. Hanga daaboon qophaa'ee soorataaf dhiyaatutti qorichi bofaa kan aadaa maqaan isaa 'Qurquffoo' jedhamu lafa keessaa qotamee baheetu abidda keessatti guggubata. Yommu inni bilchaatu, achi keessaa baafameetu ilkaaniin irraa kukkutamee erga alanfatamee booda, harkarratti tuttufameetu qaama ofii miilaa kaasee hanga mataatti jirutti dibatama. Yommu qorichi kun

dibatamus akka armaan gadiitti jedhamaa raawwatama (Ob/ Tashoomaa Rumichaa, 17/01/2011).



Suura (3) yommuu ibsaan Masqalaa gubamu agarsiis

Bofti miila koo na hinnyaatiin

Bofti garaa koo hinnyaatiin

Bofti dugda koo hinnyaatiin

Bofti harka koo hinnyaatiin

Bofti fuula koo hinnyaatiin

Bofti mataa koo hinnyaatiin, jedhameetu sagadatama. Sababni kana jedhamuufis, yeroo

gannaa bofti jaamee waan turuuf argee nama hinhiddu jedhamee amanama. Birraa garuu, ijji bofaa inni jaamee ture waan banamuufiif nama hidduu danda'a jedhamee waan amanamuufidha. Kanaafuu, akka bofti isaan hinhiddineef qoricha bofaa dibachuutiin waaqa kadhatu. Erga dibannaan qoricha bofaa raawwatamee booda, coqorsiifi daraaraan keelloo ciramaniidha. Masqalaa sana cinaa ka'amu. Achirratti daaboon Masqalaa caccabsamee daddarbatama; farsoon ykn bookti itti dhibaafatama. Kunis waaqa uumaa hundaa kan ta'e fayyaa fi nagaan eegee ayyaana kanaan isaan gahuu isaa galateeffachaa daddarbaa daabboo kanaafi dhibaayyuu dhugaatii kanaa raawwatu. Namoonni hunduu daabboo daaraa kana erga dhamdhamanii booda, gosoonni nyaata aadaa fi dhugaatii aadaa ta'an sadarkaa gadi aanaatii hanga sadarkaa olaanatti kan jiran dabaree dabareen dhiyaatanii nyaatamu, dhugamu.

Gosoonni nyaata aadaafi dhugaatii aadaa ayyaana kanarratti dhiyaatan daabboo daaraa, daabboo mulmulii, daabboo ukkaamsaa, akaayii qorii, cuukkoo, cumboo, buddeena ittoo foon diimaafi alliccaa, waaddii fooniifi murata foonii yommuu ta'an, gosoonni dhugaatii aadaammoo buqqurii, farsoo geeshoo, booka, bulbulaa dammaa, haraqee fi juusii guggubaa garbuurraa geeshoo malee hojjetamufaati. Kabaja ayyaana kanaarratti hunduu wayyaa miiccatanii addeeffachuun, kaanimmoo huccuu haaraa bitachuun, inni kaanimmoo kittii gadi baasee uffachuun, kan nyaatamuufi kan dhugamu akka fedha abbaatti filatanii nyaachaafi dhugaa, sirbaa gammadaa ayyaanicha kabajaa oolanii bulu. Masqalli quufa. Kanaaf mitiiree mammaaksi Oromoo," Masqalliifi galgalli waakki hinbeeku" kan jedhamu? Quufti Masqalaa kun namaaf qofaa otoo hintaane, horiis dabalateeti. Ayyaanni kun birraa yeroo bacaqiin gannaa darbee, lafti qooree, margi horiif sirriitti biqilee, asheetni adda addaa namaaf gahee, saawwan marga isaanii sirriitti dheedanii mirgisan waan ta'eef, aannan hamma barbaadame namaaf kennuu danda'u. Namoonnis aannaniifi bu'aa aannanii kanneen ta'an kan akka baaduu, itittuufi dhadhaatti fayyadamuun nyaata garaagaraa kanneen akka cumboo, cuukkoo, cororsaafi akaayi qoriifaa baay'inaan hojjetanii kabaja ayyana kanaaf dhiyeessu. Foon bifa adda addaan hojjetamee dhiyaatu dabalatee, nyaanni aadaa aannaniifi bu'aa aannaniitiin hojjetaman hunduu hariiroo cimaa ayyaana Masqalaa waliin qabu. Ayyaanni Masqalaa kun nyaata aadaafi dhugaatii aadaa garaagaraan deeggaramee yoo kabajame malee, ayyaanichi ayyaana fakkaachuu dhiisee kabiraa fakkaachuu danda'a (Ob/Tashoomaa Rumichaa, 17/01/2011).

4.2.3. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Shananii Dubartootaa Waliin Qabu

Dubartiin deessuun tokko yommu dahuumsi ishee dhiyaatu, kabaja sirna shananii isheef qophii adda addaa taasisti. Kanneen keessaa, waanta nyaatamu nyaata aadaafi waanta itti nyaatamu cuuphata isaa eeruun ni danda'ama. Dubartiin deessee gaafa guyyaa 5^{ffaa} sirni dhaqna dhiqannaasheetu kabajama. Kabaja kana irratti kanneen argaman dubartoota malee warri dhiroota kallattiidhaan itti hinhirmaatan. Gaafa kabaja sirna shanan dubartii deessee kana ganama isaa, dubartoota naannootti argamaniif sa'a laaqanaarratti sirnicha akka waliin kabajaniif waamichi taasisamaaf. Guyyuma kabaja sirna kanaa, hanga marqaan marqamee bahutti, dubartootni waarsolii deessuu ta'an lama okolee aannanii, maakkee ittiin jidhaa kutaaniifi dhadhaabbata falfalaa qabatanii laga bu'u. Hanga laga gahanitti, baala jiidhaa ta'e

ulumaayii, naffuroo, abbayyii, harbuufi laaftoo muka mukaisaarraa kukkutachaa yommu laga gahan, okolee sanaan bishaan laga sanaa budduuqfatanii galu. Dubartoonni kun lamaan yommu laga bu'anis haa ta'uu yommu lagaa galan, nama biroottis haa ta'u walitti hin dubbatan. Garuu, naannoo mana deessuu gahanii yommu ol galuuf jedhan, ililchaa deemu. Dubartoonni mana keessa jiranis ililchaa isaan simatu.

Bishaan okoleetti waraabamee dhufe kun bishaan bulqfamee dhaqna dhiqaaf qophaa'etti dabalameetu jiidha bosonaa kukkutamee dhufe sanaan dhaqni dubartii deessuu kanaa ittiin dhiqama. Dubartoonni dhaqna dhiqanis warruma laga dhaqee jiidhaa muree fidedha. Guyyaan dhaqna dhiqaa kun guyyaa guutuu ta'uu qaba. Guyyoonni guutuu jedhamanii Horrootti beekaman immoo Facaasaa (Kibxata), Sambata duraa, Roobiifi Kamisa. Guyyoonni hafan guyyoota hir'uu waan jedhamaniif, dubartii deesse tokkoof gaafa guyyoota hir'uu jedhaman kanaa kabaja sirna dhaqna dhiqaatiishee hinraawwatan. Jiidhi muramee dhufee dhaqna dhiiqaarraa hafe immoo, siree deessuurra afameetu deessuun irra rafti (Aad/ Tarrafee Baay'isaa, 01/04/2011).

Nyaanni aadaa uummata Oromoo Horroo kabaja sirna shananii dubartii deesseef dhiyaatu marqaadha. Qophii marqaa kunis, jalqabaa eegalee hanga dhumaatti kan raawwatan dubartootadha. Marqaa marqames cuuphata dhadhaan baay'ina qabu itti dabalameen itti cuuphatamee nyaatama. Marqaan kun kabaja sirna dubartii deessee irratti dhiyaatee kan nyaatamus dubartootani. Warri dhiiraa garuu, kabaja sirna shanan dubartii deessee irratti kallattiidhaan hinhirmaatan. Warrii dhiiraa marqaa kana akka nyaatan yoo barbaadame, dubartoonni nyaatanii quufanii erga kabajni sirna kana raawwatamee booda, jarri kun galgala keessa waamamanii akka marqaa kana nyaatan taasifama malee, kabajni sirna kanaa kallattiidhaan warra dhiiraa kana hinilaallatu. Deessuunis mucaashee qabattee dubartoota sirna kana kabajan qixxalamaan taa'uun nyaata marqaa kanatti hirmaatti. Dhumaratti, dubartoonni warri dhaqna deessuu dhiqan marqaa kutanii dhadhaatti cuuphuun dubartii deesse kana si'a shan afaan ishee kaahuun akka maaddiin ol guddatu keessumsiiistuu waamu. Yommu keessumsiiistuun dhuftee maaddii ol guddisuuf jettu, dubartoonni hunduu maaddii sana harkaan qabachuun takkaa ol fuudhu, takkaa immoo gadi deebisu. Kanas, ililchaa si'a shaniif erga raawwatanii booda, keessumsiiistuun akka maaddii guddistu taasifama (Aad/ Tarrafee Baay'isaa: 01/04/2011).

Shaamenni cuuphata aadaa yommu dubartiin deessu sirna kabaja shanan isheef gosa cuuphataa marqaa waliin dhiyaatee nyaatamudha. Namni marqaa hinnyaanne yoo jiraates shaameta kanatti buddeena cuuphatee nyaachuu danda'a. Sirni kabajamu kun sirna dubartii deessee waan ta'eef, kabajaa sirna kanaarratti kan argamu dubartoota malee, warra dhiiraa kallattiin hinilaallatu.

Shanan dubartii kanarratti dubartoonni yommu marqaa nyaatan, cuuphanni isaa shaameta qofaa osoo hintaane, baqasaa dhadhaa hanga boolli marqaa carbab jedhee itti guututti itti naqama malee, callisee maqaaf itti hincororsamu. Yommu cororsaan shaametatti cororsamu, namoonni nyaachuuf maaddiitti naanna'anii taa'an hanga cororsaan sun shaametatti guututti ni ililchu. Isa booda, akka fedha abbaatti duqqusiin dhiyaatee hangi barbaadamu itti dabalamee waliin makamee nyaatama. Shaamenni kun akkasitti mi'eessamee yommuu qophaa'u, hanga nyaatamutti urgaan isaa gorora nama coccobsiisa.

Shaamenni nama cabee dhiigni isaa baay'inaan dhangala'eef kennamee dhiigni nama sanaa akka bakka bu'u waan godhamuuf, dubartii dahumsaan dhiigni ishee dhangala'eefis shaamenni naqamee dhadhaan sirriitti itti naqamee marqaa waliin nyaattee dhiigashee akka bakka buufattu taasisama. Nyaanni aadaa kun dubartiin yommu deessu, amantii kamittuu haa amantu, kabajni dhaqna dhiqaashee biraa hinhafu (Aad/Tarrafee Baay'isaa, 01/04/2011).

Akka aadaa uummata Oromootti, kabajni sirna shanan dubartii deessee iddoo guddaa qaba. Akka dubartoota Oromoo Aanaa Horrootti, sirni shanan dubartii deessee faaruu garaagaraatiin deeggaramee kabajama. Kabajni sirna shanan dubartii deessee kun kallattiin warra dubartootaa malee warra dhiiraa hinhirmachisu. Dubartoonni naannoo kabaja sirna shananiirratti argaman erga marqaa isaanii nyaatanii quufanii booda, faaruu sirnichaa itti fufu. Dubartoota hunda keessaa faaruu sana kan baaftu dubartii tokko qofaadha. Waarri kaan kan isheen jettu jedhanii haala o'aa ta'een jalaa qabu. Dubartiin faaruu kana baaftu yommu dadhabdu ammoo, dubartiin kan biroo harkaa fuutee aara galfachiisti. Isheenis yoo dadhabde, dubartiin kan biroo ishees aara galfachiisti. Yommuu faarfatanis akka armaan gaditti jechuunidha.

Keelloo bunaa, kallayyoo bunaa
Sunqoo sunqoo jette Maaramoo,
Sunqoo barruu shan hammaarratte,
Guyyaa rakkoo shan na waammatte,
Nafa baanaan na irraanfatte, jette Maareenoo.
Sunqoo sunqoo jette Maaramoo,
Sunqoo barruu shan hammaarratte,
Lafaa kaanaan na irraanfatte, jette Maareenoo.
Sunqoo sunqoo jette Maaramoo,
Sunqoo barruu shan hammaarratte,
Yonna rakkoo shan na waammatte,
Shan jilbeeffatte,
Rakkoo baanaan na irraanfatte, jette Maareenoo.
Karaa horaa ya karaa horaa,
Karaa horaarra hinmarmariinaa,
Arraba dabaa, barruu shaqqabaatti na hinwaamiinaa, jette Maareenoo.
Qabee qabee jette mucaanhoo,
Hawwee hawween dhabe, jette maseenoo

Maaluu dhabda? Naanuu qabda, jette Maareenoo, jechuun dubartoonni kabaja sirna dubartii deessee irratti waaqaafi gargaartuu deessuu kan taate Maaramiin faarsatu, Deessuunis yommu rakkoo ishee waaqa deddeebistee waammatee, yommuu rakkoo ishee keessaa baatu garuu waaqashee gaafa cinqiif waammachaa turte irraanfachuu akka hinqabneefi Maaram akka isheetti hinqabamneef ishee akeekkachiisu. Dabalataanis, otoo Maaram jirtuufii, dubartiin maseenni dhalan dhabe jettee abdiin kutachuu akka hinqabne dhaamsa Maaram dhaamte dubartii maseena kanatti himuun jajjabeessu. Isa booda, gammachuufi abdiin guddaa Maaramirraa qabaniin hunduu gara mana mana isaaniitti galu (Aad/ Tarrafee Baay'isaa, 01/04/2011).

4.2.4. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Taaboree Waliin Qabu

Ayyaanni Taaboree ayyaana ijoollee umuriin isaanii waggaa kudhanii gadiiti. Ayyaanni kun kan kabajamu baatii Waxabajjii keessa. Daa'imman kun ollaa ollaatii walitti dhufanii dirree

irratti godoo galgala tokko qofaaf tajaajilu ijaarratu. Galgala erga horiin dallaatti galee booda, daa'imaan kun godoo isaanii keessatti walgahu. Achi keessatti haadhooliin daa'immanii kun nyaata baqsaa dhadhaafi baaduutiin guutameefi aannan qabataniijoollee kanaaf dhiyeessu. Aannanichas dabaree dabareetiin miila ijoollee kanarratti xixiqqeessaanii dhangalaasuun akka qajeeltootiin guddatan, akka hamaafi hamtuun isaan hinaraganne isaan eebbisu. Yommu eebbisaniis akka armaan gadiitti jechuunidha (Aad/ Muluu Moosisaa:02/08/2011).

Guddadhaa!

Mul'adhaa!

Hamaafi hamtuun isin hinargatiin!

Nama guddaa ta'aa!

Waggaa waggaan gahaa!

Bara hamaa baha!

Addaafi addunnaa godhaa!

Gaa'ela keessan gahaa! jechuun eebbisu.

Akkuma eebbi haadhoolii daa'immanii kun raawwatameen, daa'imman kun nyaata aadaa kabaja ayyaana kanaaf dhiyaate akka nyaatan haadhooliin ijoolleetti himu. Daa'immanis hanga quufaniitti nyaata kana nyaatu. Isa booda, godoo muka jiidhaa baala qabu kanneen akka Ulumaayii, Anfaareefi Ceekaarraa ijaarame keessa naannahanii sirba Taaboree sirbu. Sirbi kunis sirba horii adda addaa faarsudha. Innis akka armaan gadiitti jedhamee faarsama. (Madda: Aad/ Muluu Moosisaa:02/08/2011)

Taaboree, Taaboree sa'aa!

Taaboree, Taaboree jabbii!

Taaboree, Taaboree loonii!

Taaboree, Taaboree hoolaa!

Taaboree, Taaboree re'ee! jechuun beelladoota adda addaa hafanis waliin geessisanii faarsu. Dabalataanis akkas jechuun sirbu.

Taaboree, Taaboree bara Kaanii!

Handaaqoon dhudhuuftuu!

Kan miilli dagaanii!

Taaboree, Taaboree bara quufaa

Kan beelahu hin jiru!

Hunduu nyaatee quufaa!

Taaboree, Taaboree Jabbii!

Waaqarra darbii

Taaboree, Taaboree hoolaa.

Waaqarra oolaa! --- jechaa otuma sirbaa jiraanii, ijoolleen umuriin isaanii waggaa 15 fixee 16^{ffaa} keessa jiru yeroo kabaja sirna Taaboree isaanii waan fixaaniif, ijoollee sirbaa jiraan sirbaan dagachiisani saffisaan sirbicha keessaa ba'uudhaan fiigani gindii qonnaa naannoo sanatti argamu harkaan qabatu. Ijoolleen dagachiisaman ammoo, hanga danda'an fiigani otoo ijoolleen isaaniin dagachiisani bahan sun gindii sana harkaan hinqabatiin, isaaniin qabatani hambisuuf yaalu. Ijoolleen warri miliqan kun ijoollee warra umuriitiin isaaniin gadi ta'aniin yoo qabaman, luba bahuu hindandeenye jedhameetu, luba bahuuf carraa kabiroo kan waggaa lammaffaa eeggatu. Otoo hinqabamiin gindicha yoo qabatan ammoo, lammaffaa kabajaa sirna Taaboree irratti hinhirmaatan jechuudha. Kunis kan ta'uu danda'eef, ijoolleen kun umurii daa'imummaa isaanii waan fixaniif, lammata kabaja sirna Taaboree akkanaa irratti hinargaman jechuudha. Dabalataanis, ijoolleen otoo ijoollee ka biroon hinqabamiin gindicha tuqan kun akka cimoofti goota ta'aniitti fudhatamu. Kanaafuu, cimoofti goota jedhamuuf ammoo hunduu xiiqii keessa galanii waldorgomu jechuudha (Aad/ Muluu Moosisa, 02/08/2011).

Nyaannii aadaa adda addaa kabaja Aayyaana Taaboreef qophaahani dhiyaatan ni jiru. Isaanis Cumboo, buddeena baaduufi cororsaa qabu, akaayii qorii, ittittuufi aannanfaati. Nyaanni kun hunduu dhadhaa hedduminaan qaba. Daabboo irra dhadhaa baqsametu dibama. Maqaan daabboo kanaas Daabboo Irra Dibaa jedhamee waamama. Cumboon nyaata baaduu furdaa mi'eessameefi cororsaa dhadhaa hedduminaan of irratti qabate nyaata aadaati. Maatiin daa'immanii bakkee godoo ijoolleetti argamanii nyaataafi dhugaatii kana ijoollee isaanii waliin hinqooddatiin malee, nyaanni aadaa kun haaluma walfakkaatuun qophaa'ee isaaniifis ni dhiyaata. Gosti farsoo buqqurii jedhamus ayyana kanaaf dhiyaatee dhugama.

Ijoolleen kun godoo waliin ijaarrachuun isaaniifi nyaata aadaa adda addaa sirna kanaaf dhiyaatan kana waliin qooddatanii nyaachuun daa'imman kanaa, guddinaafi waliin jireenya isaanii keessatti, tokkummaa, waliin jireenyaafi waljaallachuun baa'ee barbaachisaa akka ta'e barsiisa. Tokkummaa, waliin jireenyaafi jaalalli jiraatee jennaan, misoomni salphaatti akka guddatu daa'imman kun ijaarsa godoo isaanii waliin raawwatan irraa hubannoo argachaa, hojiin nama tokkoon hojjetamuurra gamtaan yoo hojjetame, salphaatti akka hojjetamu irraa barachaa adeemu. Kunimmoo, jiruufi jireenya daa'immanii keesaatti isa bu'uuraafi murteessaa akka ta'e hubachuun danda'ama.

Kana malees, jaalalliifi tokkummaan jiraatee jennaan, waliin nyaachuu ni jira. Waliin nyaachuun jiraatee jennaan immoo, hiyyeessi kan nyaatu hinqabanne kan nyaatu hindhabu. Kunis, waliin jireenyi gaariin yoo jiraate, warri qaban warra hinqabne nyaachisanii, obaasanii akka hiyyeessi sun gammadee oolee bulu taasisu jechuudha. Hiyyeessi sunis yeroof dhabe malee, yeroo biraa hojjetee argachuu waan danda'uuf innis argatee jennaan dabaree isaa warra dhabe nyaachisee obaasee deeggarsa irraa barbaadamu akka taasisu sirni kabaja Taaboree ijoollee kun ni barsiisa. Kun immoo barnoota hawaasichi karaa al kallattiifi alidilee ta'een daa'imman isaa barsiisee ittiin qarudha. Ayyaanni Taaboree kun baatii Waxabajjii gara dhumaa irratti kabajama. Kan yeroo kana keessa ta'eefisimmoo, arfaasaan roobee margi akka garaatti waan marguuf, horiin marga gahaa dheedanii mirgisuun aannan hedduu waan kennaniifidha. Aanaan hammi barbaadame argamee jennaan immoo, bu'aan aannanii kanneen akka baaduu, dhadhaafi itittuunfaas akka garaatti argamu jechuudha. kanaafuu, nyaanni aadaa ayyaana Taaboreef qophaa'u waan sa'aan (milk and milk product) kan badhaadhe ta'a. Saawwaan gaafa Taaboree kanaa elmaman aannan isaanii qodaatti kan naqamu otoo hintaane, elmameetu ijoolleef kennama. Ijoolleenis hanga quufanii lafatti dhiisanitti dhugu.

Kanarraa kan ka'e, sammuu daa'immanii keessatti bocamee kan hafu tokkummaa, jaalala, waliin jiraachuu, waliif yaaduu, horiif yaaduu, nyaachisanii obaasanii quubsuu, ofiis irraa fayyadamanii quufuufi quufatti hafuufati. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana keessa sababoota amantiilee adda addaa biyya keenyaa keessa tamsa'anii aadaafi duudhaa hawaasichaa cabsuun namoota gara isaanitti hawwataa jiran irraan kan ka'e, kabajni ayyaana kanaa akkaataa kana dura kabajamu waliin walbira qabamee yoo ilaalame, baay'ee hir'isaa akka dhufe jiraattonni aanichaa ragaa bahu. Dabalataanis, aadaa uumamanni kun dhalootarraa dhalootatti dabarsuun rarraasee asiin gahe kun gonkumaa badee akka hinhafne, qaamni ilaallatu hunduu irratti hojjechuun kan caalu beekamee akka jiraatu gochuun irraa eegama jechuun jiraattonni kun yaada furmaataa kaa'u (Aad/ Muluu Moosisaa, 02/08/2011).



Suura (4) Cororsaa guyyaa ayyaana Taaboree

4.2.5. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Ateetee Waliin Qabu

Kabajni Ayyana Ateetee uummata Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa biratti iddoo guddaa qaba. Ayyaanni kun uummata Oromoo godina kana keessa jiraatan biratti haala walfakkaatuun haa kabajamuyyuu malee, akkaataan kabaja isaa bakkaatii bakkatti adda addummaa qabaachuu mala. Kanarraan kan ka'e, qorannoon kun kabaja ayyaana Ateetee uummata Oromoo Aanaa Horrootti argamanirratti kan xiyyeeffate ta'ee, ayyaanni dubartootaa kun duudhaa uummata Oromoo barreeffama malee dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufedha. Ayyaanni kun amantii waaqeffannaa keessaa tokko ta'ee, ayyaana dubartoonni sanyiin, hormaanni, fayyaan, nageenyi, walumaagala, jiruufi jireenya dhala namaa gufuufi gufaata malee, haala qajeelaa ta'een akka adeemsifamuuf kan ittiin waaqa kadhatanidha. Sirna Ateetee kana kan bulfattu dubartii malee, dhiira hinilaallatu. Waan kana ta'eefidha Ateetee ayyaana dubartiiti jedhamee kan beekamu. Ayyaanni kun ayyaana dhiiraa ta'uu baatuyyuu, dhiiri kabaja ayyaana ateetee kanaaf waan isarraa eegamu hingummachu jechuu miti. Deeggarsa isa irraa barbaachisu hundaa ni gumaacha. Fakkeenyaaf, hoolaa qalma ni dhiyyeessa, ni qala; bakka taa'umsaa ni qopheessa. Ateetee kana kan facaaffattu dubartii malee ijoollee durbaa akka hin taane jiraattonni aanaa kanaa

ragaa bahu. Haa ta'uu malee, ijoolleen durbaa qophii haadhooliin kabaja sirna Ateetee kanaaf tasisan keessatti hirmaachuun gargaarsa taasisu. Ijoolleen dubaraa kun yommu haadha isaanii gargaaran, adeemsa keessa muuxannoo gahaafi barumsaa gaarii argachuun gaafa heerumaniif dogoggora malee akkuma haadhoolii isaanii sirna kabaja ayyaanichaa otoo irraa hinjalisiin facaafachuu akka danda'aniif isaan gargaara. Kanarraan kan ka'edha aadaafi duudhaan Oromoo barreeffamaan otoo hintaane, afoolaan dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan dhufe. Faccafannaa Ateetee kana dubartoonni naannootti argaman walwaamanii waliin facaafatu, Kabaja ayyaana Ateetee kanaaf marqaan ni marqama; farsoon ni naqama; hoolaan ni qalama; nyaanni aadaa kanbiroofi dhugaatiin aadaa kanbiroos ni qopheeffamu; faarfannaan ayyaana kanaa ni faarfatama. Warri beerranii garee uummatanii, siqqee qabatani ayyaanicha kabajatu. Dubartiin facaafattu kun ayyaanni haadha ishee isheef tolee dhala isheetti akka darbuuf waaqa ishee kadhatti. Dubartiin kun kan isheen waaqa kadhattuufiis Ateetee kana eebbistee kan naqxu ishuma dubartii heerumte waan taateefidha. Gaafa kabaja ayyaana kanaa ameessi hinelmamu; hojiin hinhajjetamu, ni boqotama. Guyyaa kabajaa ayyaana kanaa dubartoonni uffannaa aadaa kan ayyaana Ateeteef addatti hojjetame uffatanii miidhaguun ayyaana isaanii haala o'aa ta'een kabajatu. Dubartoonni kun kabaja ayyaana isaaniirratti maatii isaaniif, namootaaf, horiif, omisha adda addaaf, biyyaaf nagaafi nageenya akka laatuuf ayyaana isaanii waliin ta'uun akka armaan gadiitti jechuun kadhata (Aad/ Amanee Goobanaa, 20/07/2011).

Ummanni Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti argaman nyaataafi dhugaatii aadaa garaagaraa kabaja ayyaana Ateeteef oolan qopheessanii dhiyeessuun ittiin ayyaanicha haala o'aa ta'een kabajatu. Gosoonni nyaata aadaa kabaja ayyaana Ateeteef qopheessamanii dhiyaatan keessaa tokko marqaa yommu ta'u, inni lammataammoo cumboodha. Marqaan mataan isaa gosoota lama qaba. Inni tokko, marqaa daakuu xaafii dimaarraa qopheessamu yommu ta'u, inni kun ittiin Ateetee facaafachuuf oola. Faccafannaan Ateetee kun marqaa xaafii dimaa asiifi achi saaqame keessatti baqsaan dhadhaa mimmixa hinqabne naqameetu, achi keessatti, coqorsaafi baala ulumaayii cuccuuphuun dubartiin facaafattu. Ateetee kana laphee ishee gara gararraafi mormasheetti erga facaafattee booda, ijoollee isheefis mormaafi addatti facaasuun, "Adda jabeessi! Lubbuu dheeressi!" jechuun eebbisti. Marqaan inni lammataa ammoo mi'eessituu adda addaafi mimmixni itti dabalamee nyaataaf dhiyaata. Marqaan nyaataf qophaa'u kun daakuu garbuu ykn qamadii ykn matajaboo irraa hojjetamuu

ni danda'a. Marqaan marqame qodaa nyaanni irratti dhiyaaturratti gidduun isaa asiifi achi saaqamee booda, cororsaan maasaroo keessaa itti cororsama. Yommu cororsaan kun itti cororsamu kana, namoonni maaddiitti naanna'anii nyaachuuf dhiyaatan "Ililili....!" jechuun hanga cororsaan sun boolla marqaa sana guutuutti ililchu. Isa booda, mi'eessituun kan akka duqqusii dhiyaatee namoonni akka fedha isaaniitti itti dabalatanii waliin makachuun warri hangafaa nyaachuu akka eegalan eegamu. Isaanis, "Jedhaa, nyaadhaa," jechuun nyaachuu eeglu. Isa booda, hunduu nyaachuu eegalu. Hamma namoonni nyaatanii quufaniitti marqaafi cororsaan kun walduraa boodaan itti dabalamaa nyaanni aadaa kun nyaatama.

Nyaanni aadaa kanbiroo kabaja ayyaana Ateetee kanarratti dhiyaatu ammoo cumboodha. Cumboon nyaata aadaa uummata Oromoo Godina Ho/Gu/Wallaggaa ta'ee bukoo xaafii diimaa furdatee bukeeffamerraa tolfama. Innis kan irratti tolchamu eelee kan mataa isaa danda'e qaba. Eeleen kunis gosoota sadii qaba. Eeleen kun sadanuu abiddarra kaa'amanii erga o'ifamanii booda, akka harka namaa hingubneef carqii qulqullina qabuun qabamanii dabaree dabareetiin abiddicharraa baasamu. Isa booda, eelee haadhoo deebisanii gomjiirra kaa'uun erga beeddee itti qadaadanii booda, bukoo qophaa'e hamma eelen haadhoo guututti gadi itti naqu. Gombisaan isaa erga itti qadaadamee booda, abidda jalaa haadhuun irraan immoo itti bobessu. Nyaanni kun erga sirriitti bilchaatee booda, eelicha irraa qodaatti baasamee, irra isaarratti ammoo baaduu furdaan naqamee, cororsaan maasaroodhaan baay'inaan itti cororsamee nyaataaf dhiyaata.

Karaa biraammoo, dhugaatiin aadaa Oromoo kabaja ayyaana Ateeterratti dhiyaatu buqquriidha. Buqquriin gosoota farsoo jiran keessaa tokko ta'ee, dhugaatii geeshoo malee naqamudha. Geeshoo haadhabuyyuu malee dhugaatiin kun erga dhugamee booda, humna nama macheessu guddaa qaba. Haa ta'u malee, nyaata cororsaadhaan badhaadhetu nyaatamee dhugama waan ta'eef, nyaanni aadaa dhadhaa hedduminaan qabu kun nyaatamee dhugaatiin kun yoo dhugame, qaamarratti miidhaa kan geessisu otoo hin taane, qaama hojii qonnaan miidhame deebisee ijaaruuf gahee guddaa qaba. Kanarraa kan ka'e, namni nyaata gaarii kan akka cumboo, akaayii qorii, cuukkoo, cororsaa ykn foon nyaatee buqqurii dhugee bule, ganama isaa harki nama sanaa walitti haboottachu hindanda'u; fuulli nama kanaa nama kaannisni hiddite fakkaata jedhama. Nyaataafi dhugaatii kana qopheessee kan dhiyeessu

dubartootadha. Ayyaana kanarrattis waaqa isaanii kadhatanii isa irraa argataniif kan waaqa isaanii galateeffatan, isa dhufuufis kan hawwii isaanii waaqa isaanii kadhatanii irraa argachuuf ayyaanicha kan kabajatan dubartootumadha. Kana irraan kan ka'edha Ateeteen ayyaana dubartiiti kan jedhamu.

Haata'u malee, dhiibbaa amantiilee adda addaa biyya alaarraa gara biyya keessaatti galan irraan kan ka'een baay'inni uummata Oromoo aadaa isaa otoo hingadhiisiin hanga ammaatti qabatee jiru isa duraan ture waliin walbira qabamee yommu ilaalamu, baay'ee hir'isaa dhufeeera. Kanaafuu, aadaan uummatichaa erga uummatichi uummamee itti jiraatamaa ture kun hir'isaa deemuurraa darbee achiin isaayyuu akka hinbanne karaa qaama ilaallatu hunda irratti hojjetamuu qaba jechuun jiraattuu aanichaa kan ta'an Aad/ Amanee Goobanaa yaada isaanii ibssu (Aad/ Amanee Goobanaa, 20/04/2011).

Ateeteen ayyaana dubartii taatee, haadha hormaataa, haadhaa nagaafi nageenyaa, haadha badhaadhinaafi eegduu maatii hundaati. Haati waan gaarii yommu namaaf ooltu ammoo, galata isheef galchuuf jecha faaruun faarfataama. Faaruun kunis yommu faarfataamu, akka armaan gadiitti jedhamuun faarfataama.

Waamanii waamanii

Aayyoo guduree waamanii

Shuree moo turee waamanii

Aayyoo Guduree waamanii

Jooree moo dhufee waamanii

Aayyoo Guduree waamanii

Toltuu karaarraa waamanii

Aayyoo Guduree waamanii

Waamanii waamanii

Qaallicha boroo waamanii, jechuun faarfatu.

Faaruun kun kan argisisisu, Aayyoon Guduree haadha hormaataa haadha nagaafi nageenyaa, haadha badhaadhinaa, haadha eegduu maatii hunda akka taate irraa hubachuun danda'ama. Maqaan shuree ykn Turee jedhu maqaa dubartii yoo ta'u, Ateeteen-ayyaana dubartii, kan qe'ee namaa eegdu, kan nagaafi nageenya namaa eegduufi, walumaagalatti, kan jiruufi jireenya namaa eegdu ta'uu nama hubachiisa. Akkasumas, Qaallichi baha biiftuu jirus yoo waammataamee, rakkoon ofii furmaata akka argatu yoo taasisamee, rakkoo nama mudate keessaa namaa baasuu akka danda'u faaruun kanarraa hubatama. Ayyaanni kun akka

amantiilee adda addaa biyyaa alaatii gara biyya keenyaatti yeroo dhiyoo galanii kan jiran otoo hintaane, erga uummanni Oromoo uumamee eegalee kan dhalootarraa dhalootatti barreeffama malee afaaniin darbaa kan dhufe ta'uu nama hubachiisa. Faaruun kan biroo ammoo, akka armaan gadiitti dhiyaata.

Otoo aayyoo waamanii

Aayyoo Guduree waamanii

Waan isheen himtu laalanii

Yonnaa gingilchaa murtu waamanii

Aayyoo Guduree waamanii

Waan isheen himattu ilaalanii

Aayyoo Guduree waamanii

Waan himattu ishee ilaalanii, kan jedhamutu faarfata. Gingilchaan meeshoolee mana keessaa warra hodhaa irraa hojjetaman keessaa tokko ta'ee, meeshaa Ayyaana Ateeteef qophaa'udha. Meeshaan kun midhaaniifi kosiisaa addaan baasuufis ni tajaajila. Faaruu kanarraa kan hubatamu, ayyaanni dubartii Aayyoo Guduree jedhamtu yommu gingilchaan sun hodhamu otoo qaamaan dhuftee bakkichatti argamtee argite, akkuma gingilchichaan midhaaniifi kosii isaa adda baasu, isheenis namoota nagaa ta'an, toshituu, mortufi, goomattuu irraa adda baasuun, namoota qulqulluu ta'aniif kan hojii isaanii waan gaarii akka ooltuuf yommu ishee kadhatan, namoota qulqullina hinqabaanne toshituu, mortuufi goomattuuf immoo kan gatii isaanii akka kennituuf isheetti himatu.

Faaruuun kan biroommoo faaruu saawwan faarsu waan ta'eef, innis akka armaan gadiitti dhiyaata.

Harroon dhalee,

Burreen jalaa dorroba, mana hinooliin yaa Aayyoo

Birraa mana hinoolanii

Daraare yaa marartuu koo, mana hinoolan yaa Aayyoo

Birraa mana hinoolani

Yaa warawartuu koo, mana hinoolan yaa Aayyoo

Birraa mana hinoolani.

Asirratti Harroofi Burren moggaasa maqaa Oromoon saawwan isaaf moggaasudha. Faaruun kun kan nama hubachiisu, Ateeteen ayyaana hormaataa waan taateef, namni ayyaana kana bulfate, bu'aan isaa saawwan gar-tokko dhalanii jabboota kan of jalaa qaban yommu ta'u, kaan immoo dhaluuf dorrobani kan jiran ta'uu nutti mul'isa. Dabalataanis, bacaqii gannaarraa gara birraatti cehamee margi gahaan horiif yommu argamu saawwan gara margaatti oofamu malee, mana hinoolfaman. Gaaleen," yaa warwartuu koo," jedhu ayyaana dubartii kana bakka waammatanitti kan namaaf owwaattu ta'uu nama hubachiisa. Kanaafuu, Ateeteen rakkatanii yoo ishee waammatan, bakkaafi yeroo waammatanitti daftee kan nama qaqqabdu ta'uu mul'isa.

Yaada faaru kana irraa waantii hubatamuu danda'u, nyaanni aadaa kabaja sirna tokkoof qophaa'u waan sa'aa (milk and milk product) kanneen jedhaman kanneen akka aannanii, baaduu, itittuufi dhadhaan badhaadhanii hojjetamu waan ta'eef, saawwan warra dhalanis haata'u, warra dorroban faarsuun, akkasumas, haadha hormaata hundaa, haadha jiruufi jireenya dhala namaa kan taate Maaramiinis faarsuun barbaachisaa waan ta'eefidha faaruun kun gaggeeffama. Walumaagala, nyaata aadaa kabaja sirna Ateeteefis haa ta'u sirnoota biroof hojjechuuf waan sa'aa jiraachuun isaaf mala; saawwan jiraatanii horuuf ammoo, kan hormaata qajeelchitu, fayyaafi nageenya saawwaniis ta'e kan namaa kan eegdu ayyaanni dubartii Ateeteen jiraachuun isheef mala. Kanaafuu, nyaanni aadaa jiraatee kabaja sirna barbaadame kan akka Ateeteefaa kabajachuuf maddi nyaanni aadaa irraa hojjetamu akka hinbadneef kabaja sirnichaa irratti Waaqti faarfataamee kadhatama.

Ammos kanatti aansee faaru kanbiraan immoo yommu faarfatamu haa ilaallu.

Eleel, eleel yaa Maram, elellee
Yaa soorettii Maccaa baatee, noorimee
Fardatu magaalaa yaa shittoo, elellee
Dallaa maalii waamanii? yaa Maaram, elellee
Yaa soorettii Gibee baatee, noorimee
Ittachi daraaraadha, yaa Maaram, elellee
Yaa soorettii Maccaa baate, noorimee
Yaa baala dabaqulaa, yaa Maaram, elellee
Maaramtu kan yaadanii, aayyoo koo, elellee
Ayyaantittii barii baate, noorimee, jedhamee faarfatama.

Namoonni waanta hawwan tokko kadhatanii yoo argatan, ayyaana sanaaf galata galchuufi gammachuu isaanii ibsachuuf jecha "Elellee! Elellee!" jedhu. Maaram-ayyaanni dubartii

waantota adda addaa dubartootaaf oolti waan ta'eef, oolmaa ishee gaarii kanaafimmoo ililchuun galata isheef galchu. Maccaan bakka dhalli Oromoo irra jiraatuufi bakka dhufaatii Maaramidha. Ittachi gosa mukaa bosona keessatti argamu yoo ta'u, kan saawwan baala isaa irraa dheedanii mirgisuun aannaniifi bu'aa aannanii gahaa ta'e kennuun qophii nyaata aadaa sirna kabajamu tokkoof kan ittiin gumaachanidha. Kanarraan kan ka'e, Maaram-ayyaanni dubartootaa hormaata, nagaafi nageenyaa, jiuufi jireenya gaarii kan namaaf kennitu ta'uu agarsiisa. Dabalataanis, akka guddina baala dabaaqulaatti nyaachuun barbaachisaa akk ta'e nama hubachiisa. Maarama haadha dubatriifi dhiiraa waan taateef, waan hundaa nuuf kenniti. Kana waan ta'eef, ayyaantittiif galata galchuun akka manatti ol seentu hawwu agarsiisa. Haala odeeffannoon argameetti, haatii ayyaana Ateetee kana kennitu fuuldura deemuun, keessummoota achitti argaman waliin yeroo toorba faaruu faarfachaa naanna'u. Dubartiin tokko gaawwaarra naanna'uun ayyaana kana godhattee kan ulmaa (alatti) bahuu dandeessu yeroo toorba xumurtee boodadha. Walumaa gala, ayyaana Ateetee kana kan bulfattu, nyaataafi dhugaatii aadaa kabaja ayyaana Ateetee kanaaf ta'u qopheessitee kan dhiyeessitu, kallattiitiin kan ilaallatu dubartii malee dhiira miti (Aad/ Amanee Goobanaa, 20/04/2011).

4.2.6. Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirna Faasikaa Waliin Qabu

Faasikaan akka hiikni guuboo jechootaa Afaan Igilizii "Oxford Dictionary of English" jedhamu hiikutti, amantii kiristaanotaa keessatti, ayyaana guyyaa Dilbatarra kabajamudha. Ayyaani kunis guyyoota Dilbataa baatii Bitootteessaa ykn Eblaa keessatti argaman keessaa guyyaa Dilbataa tokko irra kabajama. Guyyaan ayyaanaa kunis kan kabajamu du'aa ka'uu Yesuus ittiin yaadachuufidha. "Easter (Easter Day, Easter Sunday) (in the christian religion) a Sunday in March or April when Christians remember the death of Christ and his return to life", jedha guuboon jechootaa Afaan Ingilizii kun. Kanarraa waanti hubatamuu danda'u, guyyaan kabaja ayyaana kanaa guyyoottan Dilbataa baatilee eeraman keessaa guyyaa Dilbataa tokkorra haa kabajamuyyuu malee, guyyichi lakkoofsaan dhaabataa ta'ee gaafa guyyaa meeqaafi baatii meeqaaffaa keessa akka kabajamu dhaabbataan murtaa'ee kan beekamu otoo hintaane, waggaa waggaa jijjiiramaa, baatii Bitootteessaa yk Eblaa keessa akka kabajamudha irraa hubachuun danda'ama. Haa ta'u malee, "Kabajni ayyaana Faasikaa kun akkuma ayyaanota Oromoo kanneen biroo uumamuu Oromootaati eegalee kabajamaa dhufemoo yeroo booda ofitti fudhatamee kabajamuu eegale?" gaaffii jedhu deebisuuf, yeroo

booda ofitti fudhachuun Oromoonni ayyaana kana ayyaana isaanii taasisuun kabajachuu eegalan malee, durumaan akkuma ayyaanota Oromoo kanneen biroo uumamuu Oromootaatii eegalee kabajamaa kan dhufe miti. Kanas kan dhugaa bahan jiraattota aanicha keessatti argaman kanneen akka ob/ Tashoomaa Rumichaafaati. Sababni kana jedhameefiis, ayyaanni Faasikaa kun akka addunyaatti babal'aachuu kiristaanummaarraan kan ka'e, akkuma uummattootni biyyoota addunyaa irratti argaman amantii kiristaanumaa kana ofitti fudhatanii ayyaanicha kabajachaa jiran kanaa, Uummanni Oromoos amanticha ofitti fudhachuun amantii isaa godhatee du'aa ka'uu kiristoos ittiin yaadachuuf jecha ayyaana Faasikaa kana kabajata malee, achii dhufteen isaa kan isaa akka hintaane jiraattonni aanichaa ragaa bahu.

Uummanni Oromoos kiristaanota addunyaarratti argamanii ayyaanicha kabajatan keessaa tokko waan ta'aniif, isaanis ayyaana Faasikaa kana nyaataafi dhugaatii aadaa ayyaanicha kabajuuf oolan qopheessanii dhiyeessuun haala gaariidhaan kabajatu. Akka aadaa uummata Oromootti, akka wajjin nyaatanii, dhuganii ayyaanicha gammachuutiin dabarsan gochuuf, ollaas ta'e firri wal lolee jiru lafa jala walitti araarsamanii akka ayyaanicha walfaana kabajachaa oolaniif jaarsoliin haala mijeessu. Kan miidhe akka kiisu, kan miidhame akka kiisamu taasifamee erga walitti araarsamanii booda, quuqqaafi dallansuu malee maatii isaanii waliin dabaree dabareetiin mana walii dhaqanii nyaata aadaafi dhugaatii aadaa nyaachaafi dhugaa ayyaanicha waliin akka kabajatan taasifamu.

Kabaja Ayyaana Faasikaaf uummanni Oromoo qophii adda addaa taasisa. Kanneen keessaa nyaata aadaafi dhugaatii aadaa garaagaraa qopheeffachuun kabaja ayyaanichaaf oolchuun isa tokkodha. Guyyaa sooma hiikaan dura gaafa kamisaa mulluun caraddadaa affeelamee, daabboon tolchamee, bunnii danfisamee nyaatamee dhugama. Qophiin nyaata aadaa kanaafi buna kanaas sababa du'a Yesuus irraan kan ka'edha. Waan kana ta'eefidha. 1) Yeroo namoonni du'an kan mulluun affeelamee buna waliin ykn daabboon tolchamee buna waliin kan dhiyaatu. 2) Sababa mulluun affeelamee, daabboon tolchamee bunnii danfee nyaatamee dhugamuuf immoo, garaan baatii lamaaf soomaa ture mulluu nyaatee diddiriiruun nyaata aadaa adda addaa gaafa guyyaa sooma hiikaa sanaaf akka of qopheessuufidha. Mulluun mar'immaan goge akka laaffisu ammoo, karaa saayinsiis kan deeggaramu waan ta'eef, nyaata aadaa dhadhaafi foon irraa hojjetamee gaafa sooma hikkaaf dhiyaatuun garaan namaa akka hinrakkaneerf haala mijeessa jedhameetu amanama. Dilbata gaafa soma hiikkaa gara

barii naannoo sa'a 9:00 irraa eegalee namoonni sooma soomaa turan kun hirribaa ka'anii sooma hiiku. Akka aadaatti, gosa nyaataa uummanni kun itti sooma hiikkatus ittoo handaanqoodha. Buddeena xaafii adiirratti itoo handaanqoo sana cinaatti baaduun furdaa kaayamee waliin nyaatama. Yommuu bari'ummoo, bunni danfisamee, maxinoon tolfamee, dhadhaan irra dibamee nyaatamee dhugama. Kunis kan ta'u olloonna bitaafi mirgaa, duubaafi fuulduraa waamamaniitu waliin nyaachaa, dhugaa gammachuu isaanii ibsachaa oolu. Uummanni Oromoo horii horsiisuun jiruufi jireenyaa isaa akka gaggeessu beekamaadha. Horiin uummata Oromoo Godina Ho/Gu/Wallaggaammoo horii aannanii ta'uun isaanii akka biyyaatti mirkanaa'ee jira. Kana irraan kan ka'e, gaafa guyyaa ayyaana kanaa, bunni buna dhadhaatu dhugama. Maxinoon tolfamee, dhadhaan irra dibamee namaaf dhiyaata. Hoolaan qalamee, yoo barbaadame jaji'amee abiddarratti waadamee booda, qodaatti baafamee, dhadhaa waliin walmakamee nyaataaf dhiyaata. kana malees, hammacaasaan ykn ammoo ittoon isaa hojjetamee nyaatama. Akka walitti dhufeenyaatti, olloonna wal waamanii dabaree dabareedhaan nyaata aadaafi dhugaatii aadaa adda addaa wal afeeruun jaalalaafi gammachuu isaanii ibsatu. Qabeenya abbaa irratti hundaa'ee muranni fooniis ni dhiyaata. Cumboonis tolfamee, baaduu furdaafi cororsaan gadi itti gadhiifamee kabaja Ayyaana Faasikaaf dhiyaata. Gosoota nyaata aadaa garaagaraa dhiyaatan keessa nyaanni dhadhaa malee hojjetamu hinjiru. Kabaja ayyaana kanaarratti, nyaata aadaa kana malees, dhugaatiin aadaa gosa gosaan akka qabeenyaafi fedhii abbaatti qopheeffamanii dhiyaatu. Isaanis, buna, farsoo, booka, bulbulaa dammaa, haraqee, arraabsisaafi yeroo dhiyoo kan eegalame juusiidha. Kun hunduu qabeenya abbaarratti hundaa'ee hammi barbaadaman qopheessamanii afeerraaf dhiyaatu.

Haa ta'u malee, kabaja ayyaana kanaarratti, akkuma durii nyaachuun, dhuguun gammaduun otuma jiraatuu, yeroo ammaa kana keessa, namoonni miidiyaalee adda addaatiin waan gorsamaniifi barnootaanis waan jijjiiramanii jiraniif, nyaanniifi dhugaatiin qopheessaman akka yeroo durii irra darbaa ta'anii kan lafatti badan otoo hintaane, qophii madaalawaa ta'een ayyaanichi kabajamee oola. Ayyaanni Faasikaa kun achii dhufteen isaa ayyaana Oromoo otoo hintaane, babal'ifannaa amantii, aadaafi afaan warra biyya alaa irraan kan ka'e, amantoota kiristaana ta'aniin baatii Eblaa gara dhumaa ykn baatii Caamsaa gara jalqabaa guyyaa Dilbataa tokkorra addunyaa mara irratti kabajamee oola. Hawaasni Oromoo Aanaa Horroo kirisaanota ta'anis uummata kiristaanaa addunyaa maraarratti argaman keessaa tokko

waan ta'aniif, amantii kiristaanummaa kanas ta'e ayyaana Faasikaa kana ofitti fudhatanii hansaanii godhatanii itti jiraachaa waan jiraniif, nyaata aadaa, dhugaatii aadaafi farfannaa isaaniitiin ayyaanicha haala o'aa ta'een kabajatanii oolu. (madda: Ob/ Tashoomaa Rumichaa:2o/08/2011)

Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo (Yaada Furmaataa)

5.1. Cuunfaa

Qorannoo kana keessatti waantonni garaagaraa gadi fageenyaan ibsamani jiru. Qorataanis adeemsa qorannoo isaa keessatti maloota qorannoo garaagaraa fayyadamuun qorannoo isaa gaggeesseera. Qorannoon kun kan adeemsifame Go/Ho/Gu/Wallaggaa Aanaa Horroo keessatti yommuu ta’u, mataduree, “Qaaccessa Hariiroo Nyaanni Aadaa Sirnoota Waliin Qaban,” jedhu irratti qoranichi gaggeeffameera. Qorannoon kun boqonnaawwan shan kan of keessatti ammate yoo ta’u, boqonnaan tokko seen-duubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, daangaa qorannichaafi barbaachisummaa qorannichaa kan of keessatti hammatedha. Boqonnaa lama keessatti immoo, sakatta’a barruu qorannoo kana waliin wal-fakkooma kanneen qabantu keessatti ilaalameera. Boqonnaan sadii immoo, mala qorannoo, mala iddatteessuufi mala adeemsa xiinxala ragaalee kan ibsu of keessatti qabateera. Boqonnaa afur keessatti, xiinxala ragaawwan daawwannaafi af-gaaffiin kan ittiin xiinxalamanidha ammateera. Boqonnaa shan keessatti bakka yaadni guduunfaa, argannoofi yaadni furmaataa(yaaboon) keessatti ilaalamanidha.

Qorannoo kana keessatti akkaataa itti gosoonni nyaataaadaa adda addaa qopheeffamanii kabaja sirnoota garaagaraaf oolan walduraa boodaan ibsamaniiru. Kabajni sirna tokkoo yommu gaggeeffamu, kabaja sirna sanaa waliin walqabatee nyaanni aadaa ni qopheeffama. Sirni tokko kan kabajamu guyyaa guyyaan ykn torbee torbeen otoo hintaane, waggaa waggaaan yookiin yeroo isaa oliin naanna’ee dhufee kan kabajamu waan taa’eef, nyaanni aadaa sirna sanaaf ta’us itti yaadamee, seera isaa eegee kan qopheessamudha malee, akkuma nyaata guyyaatti nyaatamuu yeroo gabaabaa keessatti kan qophiin isaa raawwatamu miti. Dabalataanis, hariiroo nyaanni aadaa sirna tokko waliin qabus akkamiin akka ta’e qorannicha keessatti ibsameera. Innis, nyaanni aadaa sirna tokkoof qopheessamu sirna isa biroofta yerootti hinbaraachisne ni mul’ata. Nyaanni aadaa sunis maaliif sirna sana waliin walitti dhufeenya akka qabus qorannicha keessatti ibsamuuf yaalameera.

Dabalataanis, ayyaanni ykn sirni tokko nyaataafi dhugaatii aadaa isa waliin deemu waliin dhiyaatani wayita ayyaanichi ykn sirnichi kabajamutti ykn waayita nyaanni aadaa qopheeffamaa jirutti faaruun faarfatumu ykn eebbi eebbifamu ni jira. Faaruun kunis gaafa

shanan dubartii deessee, eebba sirna fuudhaafi heerumaa, eebba gaafa Masqalaa, eebba Taaboree, faaruu Taaboree, faaruu Ateeteefi faarfannaa yeroo ayyaana Faasikaafaati. Kana malees, wayita nyaani aadaa qopheessamu, fakkeenyaaf, yommu nuugiin tumamu akka nuugichi dafee tumamee bahuuf faaruun faarfamu qorannicha keessatti barreeffameera.

5.2. Argannoo

Nyaanni aadaa sirna tokko keessatti barbaadamu sirna biroo keessatti yeroo hinbarbaadamne ni jira. Karaa biraa ammoo, nyaanni sirna tokko keessatti barbaadamu sirna kanbiraa keessatti yeroo barbaadamus nijira. Fakkeenyaaf, marqaan sirna ateeteefi sirna shanan dubartii deessee irratti dhiyaachuun kabajni sirnoota kanaa kan ittiin gaggeeffaman yommu ta’u, nyaanni aadaa kun garuu, kabaja ayyaana Masqalaafi ayyaana Faasikaa irratti hindhiyaatu. Nyaanni waaddii fooni, hammacoo foonii, ittoo diimaa, cumboofi kkf kabaja ayyaana Masqalaafi ayyaana Faasikaa irratti dhiyaachuun kabaja ayyaanota lamaaniif oolu.

Nyaanniifi dhugaatiin aadaa garaagaraa sirnoota adda addaa waliin addaan bahuu kan hindandeenye, waan hariiroo cimaan walitti hidhamanii jiraniifi. Kabaja sirna tokkoo gaggeessuuf, nyaanni aadaafi dhugaatiin aadaa bira hinjiran taanaan, sirnichi sirna hiika qabeessadha jechuun nama hindandeesisu. Kanas kan mirkaneessu af-gaaffii qorataan gaafa Fulbaana 17/2011 Ob/ Tashoomaa Rumichaaf taasissee odeeffannoo irraa argate, lak/ 4.2.2 irratti “Hariiroo nyaanni aadaa sirna Masqalaa wajjin qabu” jedhu dhuma isaarratti argama. Akkas jedhamuuf kan danda’eefis, waanti guutamu qabu waan biraa hafeefidha. Sirnichi nyaata aadaafi dhugaatii aadaa isaaf barbaachisaa ta’een yoo guutame garuu, haala nama gammachiisuun miidhagee, waanti barbaadamu raawwatamee, otoo nyaatamuu, otoo dhugamuu jaalalliifi wal kabajuun gidduu namootatti otoo mul’atuu waaqni isa darbeef galateeffamaa, isa dhufuuf kadhatamaa ayyaanichi kabajama.

- Nyaanni aadaa yeroo qopheeffamu sadarkaa adda addaa keessa darbee kabaja sirna barbaadamuuf dhiyaata.

Sadarkaa duraa- midhaan nyaata aadaa sanaaf barbaachisu filanii dhiyeessuu, qulqulleessuufi daaksisuu

Sadarkaa lammaffaa- sadarkaa bilchinaa- gingilchuun bukeessuu, bilcheessuu, mi’eessuu, dhiyeessuu

Sadarkaa sadaffaa- sadarkaa eebbaa- yerootti nyaatanii quufanii waaqa nagaan kabaja sirnichaan nama ga'e galateeffataniifi nama nyaata aadaa kana qopheesse ammoo, maatii isaa waliin kabaja sirna dhufuuf akka nagaan gahan eebbisanidha. Yommu eebbi kun raawwatamus, "Quufaa! Sooromaa! Badhaadhaa! Kan laattaniifi kan nyaattan hindhabiinaa! Fayyaafi nagaa argadha! Hamaafi hamtuu isin irraa haa qabu!" jedhameetu eebbifama.

- Nyaanniifi dhugaatiin aadaa haala turtii isaaniitiin bakka lamatti qoodamu. Isaanis, nyaatawwan aadaa turtii yeroo gabaabaaf tajaajila laataniifi nyaatawwan aadaa turtii yeroo dheeraaf tajaajila laatanidha. Nyaatawwan aadaa yeroo gabaabaaf tajaajila laatan keessaa kanneen akka waaddii foonii, hammacoo foonii, ittoo foonii adda addaa, daabboo, maxinoofi k.k.f yommu ta'an, dhugaatiin aadaa yeroo gabaabaaf tajaajila kennaan keessaammoo faarsoo, daadhii, bulbulaa dammaa, juusii, arraabsisaafi aannaanfaati. Karaa biraa ammoo, nyaanni aadaa yeroo dheeraaf tajaajila laatan kanneen akka nuugii, akaayii koshoof, cuukkoofi, gidduu galeessaan, akaayii qoriifaati. Kanas kanneen raga naaf bahan: Nuugiif Ad/ Baatuu Hirphaa gaafa guyyaa 26/03/2011, akaayii koshoofi akaayii qoriif Ad/ Amanee Goobanaa gaafa guyyaa 23/03/2011, cuukkoof Ad/ Geexee Gurmeessaa gaafa guyyaa 25/01/2011ti. Haaluma walfakkaatuun, dhugaatii aadaa kan yeroo dheeraaf turan keessaa tokko haraqeedha. Haraqeen otoo tajaajilaa ala hinta'iin, yeroo dheeraaf taa'uun dhugaatii tajaajila laatudha.
- Nyaanni aadaa martuu akkaataa itti qopheessaman kan mataa mataa isaanii qabu. Akkaataan qophii nyaata aadaa tokkoo kan isa biroo waliin wal hinfakkatu. Yommu kana jedhamu, inni tokko yommu affeelamu, inni biraammoo ni akaayama; inni tokko yommu marqamu, inni tokkommoo ni tolchama. Kanaafuu, akkaataan qophii nyaata aadaa sirna tokkoof qopheeffamu nyaata aadaa sirna biroo isa qopheessamurraa addadha. Dabalataanis, gosoonni midhaanii nyaanni aadaa tokko irraa qopheessamu gosa midhaani nyaan`ni aadaa biroo irraa hojjetamu irraa yerootti adda ta'us ni mul'ata.
- Babal'ina amantii, aadaa fi afaanii kan biyyoottan qoroomanii irraan kan ka'e, uummannii Oromoo yeroo ammaa kana keessaa amantiileefi kabaja ayyaanota ykn sirnoota adda addaa isaanii ofitti fudhaachuudhaan kan mataa isaanii godhatanii kabajachaa jiru. Dabalataanis, yeroo ammaa kana keessa haalli nyaata aadaa kan ofii

dagatamaa akka jiruufi kan biyyoottan alaammoo bakka bu'aa akka jiru bira ga'ameera. Fakkeenyaaf, yeroo cidhaa, haalli nyaanni aadaa duraan itti dhiyaatu dagatamaa, kan biyyoottan qoraamanii “biiffee” jedhamee beekamuun bakka buufatamaa akka dhufe ni mul'ata.

- Faayidaa nyaanni aadaa dhala namaaf qabu yoo ilaalame, beelaaf nyaachuun alatti eenyummaa sabaa sanaafi aadaa saba sanaa ibsuuf tajaajila. Dabalataanis, nyaanni aadaa kun dhala namaatiif gammachuu, jaalala, tokkummaafi waliin jireenya waan uumuuf, faayidaa guddaa qaba.
- Hawaasichi ogumaa qabutti fayyadamee nyaata aadaa isaa haala addaatiin qopheessee yeroo itti gargaaramu, ogummaa hawaasichi qabu hangam akka ta'e ibsa.

5.3. Yaada furmaataa (Yaboo)

- ✓ Hariiroo nyaanni aadaafi sirnoonni qaban hariiroo walirraa adda bahuu hin dandeenyee fi inni tokko isa tokko malee miidhagu kan hindandeenye waan ta'eef isaan lachuufuu xiyyeeffannoon itti kennamee Oromiyaa keessatti irratti hojjetamu qaba.
- ✓ Nyaanni aadaa uummata Oromoo beekamoo ta'an hedduutu jiru. Kanaafuu, dhangoonni kun mana nyaataa garaa garaa (hoteelota) keessatti qopheeffamanii gabaaf dhiyaachuun gurguramanii fayidaa adda addaa argamsiisu danda'u. Innis, tokkoffaarratti, namoonni kabaja sirna tokkoo, fakkeenyaaf, kabaja sirna fuudhaafi heerumaa isaanii gaggeessan nyaata aadaa qopheeffachuuf yoo hinqaqqaban ta'e, mana nyaataa sanaatii bitachuun sirna gaa'ela isaanii kabajachuu danda'u. Lammata irratti ammoo, nyaanni aadaa kun mana nyaataa (hoteela)itti gabaaf dhiyaate jechuun nyaata aadaa sana uummata addunyaatti beeksisuu ta'a. Nyaanni aadaa uummata Oromoo sadarkaa biyyaarra darbee hanga sadarkaa addunyaatti beekamtii godhate jechuun immoo, uummanni Oromoofi aadaan uummata Oromoo beekamtii guddaa argatan jechuudha. Lammata irratti ammoo, nyaanni aadaa kun mana nyaataa (hoteelatti) baasamee gurguramnaa, Oromoota hojii dhabeeyyii ta'aniif carraa hojiifi galii hawaasichaaf uumuu ta'a. Kanaafuu, nyaatawwan aadaa

uummatichaa kabaja sirnoota adda addaaf qofaaf ooluurra darbee, akka gabaafis dhiyaatu qaama ilaallatu hundaan jajjabeeffamuu qaba.

- ✓ Nyaanni aadaa uummata Oromoo dhiibbaa aadaa biyyoota alaatiin miidhamaa waan jiruuf Waajjirri Aadaafi Turiizimii Oromiyaa xiyyeeffannoon irratti hojjechuu qaba.
- ✓ Aadaa, duudhaafi afaan uummata Oromoo sirnoota darban keessa karaa qaamolee adda addaa dhiibbaafi hakuuca garaagaraatiin gidirsamanii baduuf fiixeetti bahanii akka turan qorannicha keessatti ibsamuuf yaalameera. Haata'u malee, qabsoo hadhawaa yeroo dheeraaf ummanni Oromoo gaggeessaa tureen, aadaa, duudhaafi afaan uummatichaa baduuf ka'an kun yeroo ammaa kana keessa qoratamaa akka jiran beekamaadha. Qorannoon isaafi hojiirra oolmaan isaa haa eegalamaniyyuu malee, qaamoleen kanaan dura aadaa uummatichaa irra hakuuccaa cimaa geessisaa turan, yeroo ammaan kanas balleessuuf ifaafi ifatti kallattii garaagaraan socho'aa waan jiraaniif Aadaafi Turisimii naannoo isaa dabalatee, qaamoleen isaan ilaallatu hundi ciminaan irratti hojjechuun aadaan uummatichaa ukkaamsamaa turee ifatti bahuu jalqabe kun caalatti akka ifatti bahu gochuun isaaniif mala.
- ✓ Maanguddoonni nyaata aadaa hojjechuuf muuxannoowwan gaggaarii waggootii hedduuf kuufatanii jiran otoo dulloomanii du'aan lafarraa hindhibamiin dura, qaamni ilaallatu hundi xiyyeeffannoo itti kennee karaa itti dhaloonni haaraan jara kana irraa barachuu danda'an haalli mijatee itti deemamuu qaba.

Wabilee

- Abebe Kefyalew. (2003). —The construction of Ethiopian National food cuisine to fulfil degree of Bachelor Art, Jimma Yuniversity unpublished
- African (center www.africa.upena.edu>Articles-Gen)
- Barilla. (2009). Center for Food and Nutrition —Cambiamento Climatico, agricoltura alimentazine. Pama Italy
- Berg, B. L. (2001) Qualitative research methods for the social Science. (4th ed.) London: Aperson Education Company.
- Counihan, Carole M, and Steven L. Kaplan(ed). (1998). Food and Gender: Identity and power. Hard wood Academic publisher.
- Dan Amos, Ben. (1979). Towards a definition of folklore in context (Reading American Folklore). South Asian Publishers Ltd. New Dechi.
- Dastaa Dassaalany. (2002:30). Bu’uura Qorannoo Max. 2^{ffaa}
- Deesaa Abdiisaa. (2010). Xiinxala Sirna kabaja Ayyaana Taaboree Godina Horroo Guduruu Wallagga Aanaa J/Gannatiitti Qorannoo Bachilarii Artii guuttachuuf qophaa’e
- Dirribii Damusee (2016). Ilaalcha Oromoo Baroo Amantaa, Sirna Bulchiinsafi Seenaa Oromoo Ilsaba Publishing Finfinne
- Dorson, Richard M. (1972). Folklore and Folklife, An introduction. Chicago University Press.
- Dundes, Alan. (2007). The meaning of Folklor. Edited by Simon J. Bronner Utah state University press Logan, Utah
- Encyclopedia American. (1983). Vol. 2 USA: University Chicago.
- Ethnic/Cultural Food Pyramids www.fnrc.nal.usda.gov/dietary guidance and images used with permission from oldways: Health Throuth Heritage, retrieved ([www.old ways spt.org](http://www.oldways.org) 2013).

Filee Jaallataa (2016). Beekumtaa Oromoo: Mana maxxansaa Raajii, Finffinnee.

Food and Agriculture organization of the United Nations center for Indigenous peoples' Nutrition and Division. Rome Italy. (W <https://en.m.w.wikipedia.org/wiki>.

Food: An important part of most culture (The Jewish Passover <https://en.wikipedia.org/wiki/Passover-seder>)

Food Care Program. Fourth Edition. Reproduced by the National Food Service Management Institute. (The original source for cultural foods in this manual was Foods Around the World, Dairy Council of Wisconsin. (<https://ed.se.gov/documents>).

Gassie.Henry (1999). Material Culture. Indian University: Indian University press.

Global food security assessment guide line 2007.5

Gumii Waaqeffannaa Addunyaa. (2018).—Waaqeffannaa Dhugeeffata Ummata Kuush Ganamaall Norway

<https://centerfordiscovery.com/blog>

<https://en.wikipedia.org>

<https://freelymagazine.com/about.-culture>

<https://freelymagazine.com/2017/01/07/what-food-tells-us-about-culture>

<https://wikipedia.org/index/w/index>

<https://www.huppost.com/entry/how-food-brings-cultures-together-b-5>

International federation Global Agenda. (2007). Global Food Security Assessment Guide lines. CH-1211 Geneva 19 Switzer Land.

Jemal Mohamed et.al. (2016). Journal of Ethnic Food College of Agriculture and environmental science Arsi University, Asella Ethiopia

Kuhnlein, HarrietV. (2013). Center for Indigenous People Nutrition and Environment (clne) McGill University AnnedeBellvue. Quebec Canada

Lijaalem Fiqaaduu. (2009). —Nyaata Adaafi Meeshaalee Nyaataa Aadaa Oromoo Godina wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa Qorqonoo D igirii Baachilar Artii guuttachuuf qophaa'e, Yunveersiitii Finfinnee: Kan hin maxxanfamiin.

Marga Tamasgeen. (2007). — Nyaata Aadaa Wallaggaa Boqqoolloorraa hojjetamu: Waraqaa qorannoo Digrii baachilarii Aartii guuttaachuuf qophaa'e yuunveersiitii Wallaggaa kan hin maxxanfamiin.

Meaza Asefa. (2014). -- The glycemic index of some traditional Ethiopian food in mice Thesis to be submitted in partial fulfillment of requirements for the degree of Masters of science in medical Biochemistry in faculty of medicine, college of healthy science Addis Abeba University, unpublished.

Ministeera Eegumsa Fayyaa Itoophyaa. (2010). Qajeelfama Fayyaa Maatii printed by: <http://www.masterprintingpressplc.com> Nutritious Meals in the Child and Adult

Oring, Elliot. (1986). FolkGroups and Folk Geners: An Inroductoin.Uth: Uth. University press

PK Onian'O JM Mutuku Malaba 2003:331

Positive Deviance /Hearthy Manul 2002:129

PositiveDevinance/Hearthy. (2002). AResourceGuide for sustainably Rehabilitating Malnourished children Washington DC (USA).

RK Onian' O, J M Mutuku and SJ Malaba. (2003). Contemporary African food habits and their nutritional and healthy implications Marrakech, Morocco Jornal of Ethinic food. (2016).

Wikipedia the free encyclopedia

Woodward, I. (2007). Understanding material culture. Great Britain: SAGE publicatios Asia pacific Pt Ltd. Xahaa Mahaammed. (2014). Qaaccessa adeemsa raawwii sirna mudaa faraaqasaafi firiiwwan fookloorii waraqaa qorannoo ulaagaa digirii 2ffaa (MA) guuttachuuf. Kan hin maxxanfamiin.

Dabaleewwan

Yuuniversiitii Addis Ababaa

Kolleejjii Namoomaa, qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimii fi sabqunnamtii, Muummee

Afaan Oromoo Hogbarruu fi Fookiloorii

Dabalee A

Af-gaaffii

Af-gaaffii odeeffannoo kennitootaaf dhiyaatu

Kabajamtoota Hirmaattota Af-gaaffii kanaa!

Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatan, qaaccessa hariiroo nyaanni aadaa sirnoota waliin qaban

keessatti qorannoo hojjechuuf odeeffannoo funaannachuuf jecha kanan dhiyeessedha.

Kanaafuu, isinis otoo of hinqusatiin, gaaffilee isiniif dhiyaatan dhaggeeffachuufi

afaaniin ibsuun yaada keessan akka naaf laattan kabajaan isin gaafadha.

Gargaarsa keessaniif Galatoomaa!

1. Gosoonni nyaata aadaa Aanaa Horrootti qopheeffaman maal maalfaati?
2. Nyaanni aadaa kun yeroo akkamii qopheeffama?
3. Sirnoonni naannoo keessanitti argaman maal-maalfaati?
4. Sirnoonni adda addaa naannoo keessan jiran kun faaruu kan mata-mataa isaanii qabu?
Yoo qabaatan maal maal jedhamuun faarfamu?
5. Hariiroo nyaanni aadaa sirnoota waliin qaban maalinni?
6. Gosoota nyaata aadaa keessaa isa kamtu haala salphaatiin hojjetama? Isa kamtu hojii guddaa barbaada?
7. Gosoota nyaata aadaa keessa isa kamtu yeroo dheeraaf otoo faayidaa ala hin ta'iin turuuf danda'a?

Dabalee B

Yuunivarsitii Addis Ababaa

Kolleejjii Namoomaa, qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimii fi sabqunnamtii, Muummee
Afaan Oromoo Hogbarruufi Fookiloorii

Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatan kunneen yeroo daawwannaa gaaffilee dhihaatanidha.

1. a) Gosti nyaata aadaa sirna shanan dubartoota dahaniif qopheeffamu akka Aanaa Horrootti maalidha?
b) Faarfannaa sirni shananii jiramoo hinjiru? Yoo jiraate, maal maal jedhamee faarfatama?
2. a) Nyaanni aadaa sirna fuudhaafi heerumaaf(gaa'elaaf) dhiyaatan akka Aanaa Horrootti maal-maalfaati? Gosootni dhugaatii sirna gaa'elaa kanarratti dhiyaatan maal maalfaati?
b) Sirni gaa'elaa kun faaruu/eebba qaba moo hin qabu? Yoo qabaate, maal maal jedhama?
3. a) Gosti nyaataafi dhugaatii aadaa adda addaa kabaja sirna ayyaana Masqalaa irratti dhiyaatan akka Aanaa Horrootti maal-maalfaati?
b) Kabajni ayyaana Masqalaa kun yommu gaggeeffamu faaruu ykn eebba qaba? Yoo qabaate, maal maalfaa jedhama?
4. a) Gosoonni nyaata aadaafi dhugaatii aadaa kabaja sirna Taaboree irratti dhiyaatan akka naannoo keessaniitti maal maalfaati?
b) Yommu kabajni sirna taaboree raawwatamu, faaruun ykn eebbi jiraa? Yoo jiraate maal maalfaa jedhama?
5. a) Gosoonni nyaataafi dhugaatii aadaa adda addaa naannoo keessanii kabaja sirna ateetee irratti dhiyaatan maal maalidha?
b) Yommu kabajni sirna ateetee kun raawwatamu faaruu ykn eebba qba? Yoo qabaate maal maal jedhama?
6. a) Gosoonni nyaataafi dhugaatii aadaa garaa garaa kabaja ayyaana Faasikaaf dhiyaatan keessaa akka naannoo keessaniitti maal maalfaati?
b) Yommu kabajni ayyaana kanaa raawwatamu faaruun faarfatamu jiraa? Yoo jiraate maal maal jedhama?
7. Hariiroo gosoonni nyaata aadaa kun sirnoota kana waliin qaban maalidha?
Galatooma

Dabalee C

Jiraattoonni Aanaa Horroo odeeffannoo kennan gabatee armaan gadii keessatti tareeffamaniiru

Lakk	Maqaa Guutuu	Saala	Umurii	Gahee hojii	Ganda	Aanaa
1	Ob/ Gobooshoo Lamuu	Dhi	63	Q/ Bulaa	G/ Dalee	Horroo
2	Ob/ Margaa Dheeressaa	Dhi	67	Q/ Bulaa	G/ Dalee	Horroo
3	Ob/ Tashoomaa Rumichaa	Dhi	75	Q/ Bulaa	G/ Dalee	Horroo
4	Aad / Amanee Goobanaa	Dha	58	Q/ Bultuu	G/ Dalee	Horroo
5	Aad/ Geexee Gurmeessaa	Dha	67	Q/ Bultuu	G/ Dalee	Horroo
6	Aad/ Muluu Moosisaa	Dha	66	Q/ Bultuu	G/ Dalee	Horroo
7	Aad/ Tarrafee Baay'isaa	Dha	65	Q/ Bultuu	G/ Dalee	Horroo
8	Aad/ Baatuu Hirphaa	Dha	62	Q/ Bultuu	G/ Dalee	Horroo
9	Aad/ Dinqinesh Toleeraa	Dha	50	Q/ Bultuu	G/ Dalee	Horroo
10	Aad/ Mulu Chokkol	Dha	72	Q/ Bultuu	G/ Dalee	Horroo

Dabalee D: Suuralee Garaagaraa



Kaartaa Aanaa Horroo



Akaayii Koshoosfi Tumaa Nuugii



Cororsaa guyyaa ayyaana Taaboree



Gubaa Masqalaa

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsaa, kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessaatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhihaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____